

# Nuti Maaliif Garee Amantaa Ta'uu Dhabnee?

JEEFARSANVIILEE, IN, USA  
Fulbaana 27,1958 A.L.A

1 ....Yeroo dheraan booda,akka tilmaama kiyyaatti, turtii ji'oota sadihiin booda gara waltajjiitti deebi'uu kootiif gammaachuutu natti dhagahama. Akkuma osoleen bu'aa ba'ii hamaa keessa dabartutti, anis rakkina keessa ture. Ooh amma jajjabaadhee jira,gara tajaajilaatti deebi'ee seenuuf fedhii qaba. Torbee dhufu keessa tajaajila nan eegala jedhee yaada, Roobii dhufaa jiru kana galgala ,iddoodhuma walgahii kanatti isin tajaajila jedhee yaada. Akkasumas fedhii waaqayyoo yoo ta'e, waan yaade tokko qaba... waaqayyoo tajaajila haarawaa fi adda ta'ee waada naaf galee jira. Akkasumas kana gochuun koo kan Isa gammachiisuu yoo ta'e, torbee dhufu kana tajaajila haarawa ta'e kana manootuma waldaa kanatti miseensa ta'aniif eegaluuf nan yaada.

Kanaafuu, sagantaa walgahii biraa hin qabu, Awustiraaliyaa fi Niwuzilaandiitti ji'a Ammajji dhufu kana yoo ta'e malee. Obboleessoon Osboornis walgahiif naaf bilbilaa jira kanaan dura waada waan Isaaf seene jiruuf, akkasumas, turtii muraasaan booda Tulsatti ni gaggeeffama jennee yaadna, waayee sana hanga ammaa beekuu baannus.

FAKK22:6

2 Kun dhugumatti gaarii ture, Obboleessoo Jeefriis,harka kee garana deebisuun kee, akkasumas ilmi kee faaruu sana faarfachuu Isaatii fi atis wajjiin taphachuu keetiif. Abbaa fi ilma akkasii nan jaaladha. Isin hin jaalattanii? " Ijoollee keessan haala sanaa guddisuu qabdu." Sirriidha. Obboo Guyantar, kuni sirrii ta'uu isaa beektaa, isin lachuu, " ijoollee keessan haala guddachuu qabaniin guddisaa: yeroo ol guddatanitti amala adda ta'e baafachuu hin danda'an." kun immoo dhugaa dha. Yeroo muraasaaf amala adda ta'e baafachuu ni danda'u t'a, ta'uus garuu amalli gaariin sun irraa fagaachuu hin danda'u. Ilaalaa, amalli gaariin isaan wajiin yeroo hundaa ni tura. Ijoolleen wanti yeroo daa'imummaatti baratanii fi wanta gochaa guddatan hundinuu isaan wajjin ni jiraatu. Kuni immoo....

3 Diida kanatti Obboleesso Jeefriisiin wal arginee, akkana jedheen, "Obboleessoo Jeefris..." Yaada koo kan ture, "beektaa, yeroo hundaa obboleewwan na daawwachuuf dhufan arguu kootiif gammachuu guddaatu natti dhagahama; garuu waareen akkasii obboleewwan nu daawwachuuf dhufan ni dhufa jedhee yaada!" Walgahiin galgala kanaa namoota naannoo tokko keessaa gara mana waaqeffannaa kanatti walitti qabamaniif kan qophaa 'ee dha, akkuma kanaan dura godhaa turretti. Amma galgala, galgala kana, boru ganamaa fi galgala boruu itti fayyadamuu ni barbaanna, waanuma mana waaqeffannaa kanatti itti amannu irratti, keessa deebinee ilaaluuf, amantaa sukkaneessaa adda ta'e ni qabna,baayee adda kan ta'e, garuu hanga tokkoo macaafa qulqulluu kana keessatti ni argama. Akka jiraatus beekkamaa dha.

4 Akkasumas, obboleewwan yookaan immoo obboleettiwwan keessummaan as keessa yoo jiraattan, miseensa garee amantaa biraa kan taatan, yookaan waldaa keenyaan kan wal hin simane, walgahii kanaaf as keessaa taa'aa kan jirtan, gammachuudhaan бага nagaan dhufan Isiniin jechuu akka barbaannu akka beektan fedhii keenya. Akkuma jirtanitti ofitti isin fudhanne jirra. Garuu amma ani... quqquuqqaa hawata qabu kana isinitti himee jirra. Kanaafuu, isa kana irratti kan walii galuu dandeeny yoo isinitti hin fakkaannae, haa ta'u, amma garuu, gubiinsuma isaa wajjiin ofitti fudhadhaa. Ani yommu firii nama gubu nyaadhu ( fedhii koo kan ta'e), yeroo hundaa, yommuu... firicha nyaadhu, sanyii isaakeessatti yommuu argu, firicha hin gatu---sanyii isaa keessa baasee gatee firicha nyaachuu koo itti fufa, Yookaan akkuma foon lukkuunyaattanitti. Amma, hundi keessanuu foon lukkuu ni jaalattu, ilaalaa, yeroo foon lukkuu soorattan lafee yommu argitan cadhifanii lafee wajjiin hin soorattan; laficha gara tokko dhiisaa nyaachuu keessan itti fuftu. Gaariidha, galgala kanas haaluma kanaan itti fuufna. Wanti ani asitti jechaa jiru, wanta isinitti hin tolle yoo argitan, "Isa kana amanuu hin danda'u... tajaajila guyyoota sadeen itti aanan kana keessatti kennaman irratti kan hirmaadhu,sirna waldaa xinnoo isaani kana irratti hirmaachuu fi waayee amantaa isaanii yaalii fi walbarsiisaa jiran kana irratti hirmaachuuf." Jedhaa ofii keessaniif himaa.

5 Karaan inni tokko isin namni baayinaan akka amanu gochuu dandeessan keessaa, mana isaanitti deemuudhaan hanga dhugaan dhugummaan isaa ibsameefi itti amananitti ta'uu qaba. Karaa kana qofaan nama qaqqabuu dandeessan. Akkuma hiriya koo, Obboo.Woods wajjiin gochaa turetti, yommuu mismaara walakkaa mukaatti gadi rukkuttan fi gadi fageessitani seensiftan, bubbeen haala gaariidhaan gadi ni fageessa, garuu karaa kan qabsiistani fi akka sirritti qabatu kan godhuu qabdan isin. Kanaafuu amma, wanta dhugaa fokkisiisaa fakkaatu kana gara keessumoota galgala kana nuu daawwachuuf dhufanitti kan fidee, isaan ari'uuf barbaadeeti miti. Gara waldaa kanaa deddeebitanii akka dhufan isin kakaasuu barbaadeeti malee. Wanti lallabamu hundi kan isiiniif fudhatamu yoo ta'e "ameen" jedhaa, Baayee gaarii dha.

Akkasumas , isa kana harka koo keessaa nan baasa, kana booda.... Isaan immoo waraabaa jiran, yeroo muraasaan booda maal irratti amanne akka dhaabbanne beekuu yoo barbaadan, hundeen amantaa keenyaa maal akka ta'e, waraabbiin kun isaanii ibsuu ni danda'a. kun immoo gocha keenya kan yeroo hundaati, namoonni haarroofnis haaluma baratameen ni dhufu, nutis haala saniin deemna. Ammaaf, kaayyolee manneen amantaa hundaa arguu hin dandeenyu, isaan keessa kan muraasaa dubbachuu barbaanna. Garuu, galgala Roobii dhufu irraa eegallee itti fuufna...

6 Amma, Wiixataa fi kibxata dhufan kana waaqeffannaaf imala nan deema, tajaajila fayyaatiif of qopheessuuf. Kanaafuu bilbilaanis wal arguu ni dandeenya, yeroo isinitti toletti nama kamiyyuu gara adeemsa jijjirama gudda keena kana fiduu yoo barbaaddan jechuu kooti. Ammaaf hatattamaan akka hin dhufne itti himaa. Hin dhufinaa, jedhaa, " gaariidha,amma daddafee gara waaqeffannaatti seenuuf ta'a, tajaajila galgala kanaati fi kan boruutifis akkasuma ...." Isin garuu akkana gochuu hin qabdan yeroo hundaa waaqeffachuu qabdan malee, dhufaa dhufaa hirmaadha, sababni isaas yeroo keenya hundumaa fudhanne, gara hafuura waaqayyootti sirritti kaloofnee, sheexanni bakka dhiphoos akka hin arganne gochuu waan dandeenyuuf.

Kana booda amantaa keessan isa duraa hanga dhumaatti keessa bahuu yoo feetan, amanuu hanga eegaltanitti, dhugaa kana qalbiin keessoo keessan gara gochaatti akka deebisu godhaa, kana booda hafuurri qulqulluun waaqayyoo isin guuta, karaa sirra irrattis ni tarkaanfattu, ilaalaa. Sababni isaas, amantaan keessan waan baayee gochuu hin danda'u. qalbiin keessan inni keessaa garuu karaa amantaan keessan adeemaa jirutti deema, kana booda hafuurri waaqayyoo isin hordofuun sirri ta'uu keessan isiniif ni mirkaneessa. Argitanii? Garuu amantaa keessan yoo ta'e, "Ooh, eeyyee, amma hubadhee jira," kana malees, keessoon qalbii keessani gara duubatti isin deebisuun, " Inni kun ana irratti kan hojjatu hin se'u"; fayyidaas hin qabu isiniin jedha, kana booda, argitani. Kanaafuu inni kun tajaajila fayyisaa isa dhugaa akka ta'u barbaanna. Gara daree tajaajilaa fayyaatiif nama olseensisuu kootiin dura, yookaan tajaajila haarawa argachuu isaaniitiin dura , maaliif akka as dhufan sirritti akka baran nan barbaada. Kanaafuu, waan kana yaadachaa dhufaa nu daawwadhaa,nu wajjiin ta'uu keessaniifis gammachuu guddaatu nutti dhagahama.

7 Amma yaadadhaa, ganama kana waayee kaayyoo mannen amantaa irratti itti fufuu barbaanna, boru galgalas haaluma wal fakkaatun itti fuufna. Kanaafuu namni dhufuu barbaadu hundinuu affeeramee jira. Yeroo hundaa keessummaa qabaachuun nu gammachiisa. Ammaaf garuu, tajaajilli har'aa kun namootuma mana amantaa kanaaf, isaan kaayyoo keessatti kaafamaniif kan qophaa'ee dha. Waayee imalaa, kaayyoo wangeela lallabuuf deemuu irratti, macaafa qulqulluu isa waayee lallabiinsa wangeelaa imalaa irratti hundoofna. Mana waaqeffannaa kanatti garuu yaadaa fi amantaa keenya irratti hundoofna, hamma dandeenyetti, haala kanaan galgala kana itti fuufna.

Sagalee eebbifamaa waaqayyoo banuu keenyaan dura, yeroo muraasaaf kadhannaaf mataa keenya gadi haa qabnu.

8 Isa humna cimeessaa fi abbaa aangoo, waaqaa lafti uumamuun dura akka abomboleetti atoomii irra kan turte gooftaa waaqayyo. Yeroo kamuu kan hin jijjiramne. Yeroo atoomiin hin jirree fi waaqaa lafti hin uumamin dura kan turte, Atii yeroo hundaa waaqayyo guddaa dha. Ati yeroo hundaa kan hin jijjiramnee fi kan yeroo hundaa kan hin jijjiramne irraa kan argamtee dha. Ati jalqaba guyyaa fi dhuma jireenyaa kan hin qabnee dha. Yeroo hundaamaas tokko akka taatetti ni jiraatta. Akkasumas , Abbaa koo, Ati dhuma kan hin qabnee fi nuti dhuma kan qabnu,fayyisummaa waaqeffamaa keetiin Si kadhanna,Waaqayyoo, hafuurri qulqulluun ati nuuf kennite, gara jireenya dhuma hin qabneetti akka nu maku amanuun— baraa dhuma kana irraa gara baraa dhuma hin

qabnetti nu maki yaa gooftaa. Kanaafuu, waaqayyo, nageenya keenya mirkaneeffachuuf asitti argamne, sagalee keetiin dhaabbachuu keenya mirkaneeffachuu fi akkasuumas, jireenya keenya isa darbe irraa baruumsa argachuu fi dhabuu keenyaafis Si galateeffachuuf, waan hundaafuu Siif sagaduuf asitti argamne. Jireenya waaqayyoon gammachiisu jiraachaa jirraa? Hafuurrii nu keessa jiru hafuura qulqulluu keetiin wal simataa? Lallabni wangeelaa nuti lallabnu macaafa qulqulluu keetiin wal simataa? Waaqayyoo, talaajila guyyoota sadeen dhufan hundaa harka keetitti dhiifnee jirra, Gooftaa keenya Ati nu dandeessisi.

9 Tajaajilaa wangeelaa kee kanas Ati nuu eebbisi, eegdotaa fi amanamtoota waldaa waaqeffanaa kanaas Ati nuu eegi. Namoota gara waldaa waaqeffanna kana dhufan, iddoo kanatti tajaajiluu erga jalqabee, Waaqayyo, namoota maqaa isaaniitu waamee fixuu hin dandeenyee fi eessaa akka dhufaniyyuu kan hin beekne kanneen, garuu dhugumatti Ati waayee isaanii sirritti kan beektu, akkasumas kaayyoo tokkoof galgala kana kan asitti argamne hundi keenya, yaa Gooftaa, sagalee qulqulluu barreeffamaa kee waaqeffachuudhaaf akka ta'e nuu katabi. Jireenya keenya hafuura qulqulluun nuuf guuti, karaa qajeelaa fi nageenyaan sagalee qulqulluu kee akka dhageeffannu nu taasisi, jireenya keenya sagalee qulqulluu keetiin nuu tasgabbeessi. Yaa Gooftaa, hunda Siif dhiifnee jirra.

Akkasumas , waaree kana gamoo kana keessatti, Waaqayyo, obboleewwan waldaalee amantaa ilaalchaa gara garaa qaban irraa dhufaniif, Gooftaa, waaqeffannaaf asitti argamuu isaaniitiif gammachuu guddaatu natti dhagahama. Akka tasaa adeemsa irratti walii galuu dhabuu ni dandeenya, garuu seera Isa guddaa sana irratti akka obboleewwan tokkootti ni dhaabbanna; fuuldura sanatti, O waaqayyo, gamtaa keenya inni nuu haa jabeessu, akkasumas...faanchoo waaqayyootiin, akkasumas, hafuurri wal jaalalachuu waaqayyoo baayinaan nurratti haata'u. Ilma namaatiif gochoonni humnaa ol ta'an akka jiran beeknus, Gooftaa, galgala kana garuu lubbuun dhala namaa jireenya bara baraa maqaa keetiin argachuu akka danda'u ni abdanna. Kanaafuu, hafuurri qulqulluun Ati nuuf laatte, sagalee qulqulluu Keetiin akka wal argatu, karaa Ati nuu eeyyamteen of keessaa baafnee ni ibsina, akkasumas , wanta faayidaa keenyaaf Ati nuuf qopheessite hunda akka nuuf ibsiti Si kadhanna. Galata waaqayyoo, guyyoonni jataajilaa sadeen ....yeroo sagantaan dhumutti, akka waldaa amantaa cimaa deemnu nu jabeessi, lubbuun keenya akka walitti dhufuu fi obboleewwan keenya kan hafan wajjiin ilaalchi keenya akka wal simatu fi mootummaa Keetiif namoota dhaabbatan akka taanuu fi harka walqabannee yeroo maraaf deemuu akka dandeenyu Ati nu gargaari.

10 Yaa waaqayyoo, Sin galateeffadha, bakka waldaa Waaqeffannaatti fi namoonni baayeen jirannitti, torbeewwan boqonnaa gaarii baayee naaf kennuu Keetiif baayiseen Si galateeffadha. Galgala kana gammachuu guddaatu natti dhagahama, waan nu eebbiftee fi Ati jidduu keenya waan jirtuuf. O Waaqayyoo, obboleessa nu bira jiru kanaaf Si kadhanna, obboleessa galaana gama ce'uuf ta'u kanaaf, karaa dukkanaa'aa deemu kanaaf, biyya dukkanaa'aa fi xuraa'aa bakka jireenyi isaa itti qajeelfame kanaaf si kadhanna. O Gooftaa, obboleessa keenya Jeefris akkuma deemuuf jirutti eebbisi, ilmaa fi haadha manaa isaas akkasuma, guddinni olaanaan isaa haa ta'u Gooftaa. Boollaa fi dukkanni akka citan haa ta'u, hanga ifti wangeelaa fageenyaa fi baldhinaan ifutti. Abbaa keenya , nu dhagayi, maqaa Gooftaa Yesuusiitiin Si gaafanna. Ameen.

11 Amma, waaree kana, macaafa qulqulluu ishee xinnoo kana keessaa nan dubbisa. Dhiyeenyuma kana umrii digdamii shanaffaan koo darbe. Garuu hanga ammaatti isheedhuma dubbisa, garuu yeroo ammaa bareedinni ishee dimimmisaa jira, kanaafuu dubbisaaf akka naa tolutti marayaa ijaa bitadhe. waaree kanas akkamitti itti fayyadamuu akka danda'u nan ilaalaa, yeroo jalqabaaf waan ta'eef. Mata duree qabnu keessaa: kunis, waldaan waaqeffanna...? Ooh, wantoota baayee dha, keessa kan seennu yoo ta'e. isaan keessa tokko: maaliif waldaa amantaa jedhamne? Maaliif amantaa gareedhaan qoqqoodamne ta'uu dhabne? Maaliif nageenya jireenya bara baraa lubbuu waaqeffataatti amannaa? Maaliif dubartiin wangeela akka hin lallabne dhoogginaa? Maaliif bishaan guddaa keessatti cuuphinaa? Akkasumas maaliif waldaan waaqeffanna karaa dararama keessa deemaa? Mata dureewwaan jiran keessaa, akka tilmaama kootiitti, isaan keessaa kudha shaman yookaan kudha saddeettan isaanii waareewwan itti aananiif nan argadha.

12 Kanaafuu, waaree kana yaadaa kan jiru, ittiin jalqabuuf, ittiin eegaluuf, mata duree kanaaf lubbuu koo kan naaf qopheessu Gooftaa natti fakkaata: "Nuti maaliif waldaa

amantaa gareedhaan hin qoqqoodamne taanee?" sababni isaa... amma, namoota garee amantaa biro ta'an irratti rakkoo hin qabnu. Waan tokkos isaan irraa hin qabnu, garuu qoqqoodama garee amantaa kamiyyuu wajjiin maaliif deemuu akka hin dandeenye ibsuu nan barbaada,akkuma beektanitti, ani kan muudame waldaa amantaa cuuphaa baayee xinnoo ta'e tokko keessa ture. Inni cuuphus qoqqoodama garee amantaa hin qabu ture. dhiyeenya kanatti, akkuma isaan kuuwwan qoqqoodamuutti jiran. Garuu sababni nuti yoommiyyuu qoqqoodamuu hin dandeenyeef...

13 Amma , nuti waldaa dha. Nuti waldaa dha, mana murtii keessattis maqaa waldaatiin kan galmoofne,walitti dhufeenya namoota Kiristoosiin waaqeffachuuf kan walitti qabamnee dha, haata'u malee nuti garee namoota amantaadhaan qoqqoodamani miti. Eenyulle nu to'achuu hin danda'u, kan of dandeenyye dha, hubattanii. Kun jechuun immoo garee namoota amantaadhaan qoqqoodamaniin tokkoo ta'uu miti. Waldaa waaqeffannaa namoota amantaa kiristaannaa hordofan jidduutti adeemsifamuu dha. Namoonni gara mana waaqeffanna kana ni dhufu, kuni immoo waldaa waaqeffannaa isaanii ni ta'a, hanga lubbuun isaanii jiru dhufuu yoo barbaadan jechuu dha.

14 As dhufanii waan lallabnu hundaa irratti nu wajjiin walii galuu dhabuu ni danda'u. kuni immoo dhugaadhumatti fudhatama kan qabuu dha. Isin hundi hanga kiristaanaa taatanitti, tajaajilamuu fi akkuma isaan biro keessummeessamuu kan dandeessani dha. Ilaalaa? Bishaan guddaa keessatti cuuphuun nan amana yoo jedhe fi isin immoo bishaan xixinneessani firfirsuun kan amantani fi haaluma kanaan kan amantan yoo ta'e, kan walii galuu dandeenyu yoo ta'e karaadhuma tokko irra akka jirru beekuu qabna. Ija keessa wal ilaaluun nurraa hin eeggamu, hundi keenya obboleewwan kiristaanaa waan taaneef. Kanaafuu jabeessinee бага nagaan dhuftan isiniin jenna, ilaalaa, hundi keessan.

15 Kanaafuu nuti qoqqoodama garee amantaa hin qabnu, sababni isaas, akka yaada kootiitti , qoqqoodamni amantaa sun obbolummaa addaan baasa. Isaan keessaa tokko tokko akkana jedhu, "gaarii dha, adeemsa jijjiramaa akkasii hin fudhannu: isaan kun Meetoodistoota." ; " gaariidha, isaan kun amantaa cuuphaa kan hordofanii dha, nuti isaan hin horgofnu... nuti meetoodistoota, isaan san wajjiin kan nu wal fakkeessu tokkos hin jiru." Obboleessoo, gaheen waaqayyoo keessa yoo jiraate, nuti waan hundaa karaa isaatiin raawwanna. Eenyummaa keenyaaf... Qaama waaqayyooti kan nuuf dhiphame. Kana immoo yeroo ammaa biyya lafaa irratti maalummaa fi eenyummaa keenya hubachaa jirra... Waaqayyo immoo qoqqoodama akkaana kana nutti hin agarsiifne, waldaaleen amantaatiif kaayyoo gara garaa, yeroo kamiyyuu fi akkaataa kamiitiinuu nuuf hin gurmeessine. Ammaaf mee akkuma jirutti haa jiraatu.

16 Amma, waaree boruu gaafii tokko isin gaafachuu ni barbaada, wantoota kanneen keessaa kan beekuu barbaaddan hundaa, kannen akka seenaa kaasuu irratti, yookaan waan biraa irratti... hunda isaanii keessa deemee ilaaluuf yeroo hin qabu, gara mata duree biroos isin fiduu hin barbaadu, sababni isaas , mata dureedhuma kana irratti torbee tokkoo fi isaa ol ta'u nutti fudhachuu ni danda'a. garuu iddoo itti argamuu bekuu yoo barbaaddan, waanuma hundaa, na gaafachuu fi barreeffamaan xarapheezaa kana irra kaa'uu ni dandeessu, anis ilaalee deebii barbaachisaa ta'e isiniif ni deebisa.

17 Amma, gareewwan amantaa isaan yeroo dheeraaf turan, gareen amataa inni yeroo duraatiif argame amantaa kaatolikiiti. Innis waggaa dhibba sadihii fi achii ol du'a ergamaa isa dhuma booda kan hundeeffame dha. Kun immoo sirrii dha. Abbootii Niseen duriitiin kan beekkamuu fi barreeffama seena Joosefas keessattis ni argattu, O akkasumas , barreessitoota seenaa gurguddoo keessattis ni argattu. Ilaalaa? Akkasumas hanga...bara amantaa kamiyyuu irraa gadi hanga du'a ergamaa isaa dhumaatti fi waggoota dhibba sadi karaa ergamtoota biraatiin, qoqqoodamni garee manneen amantaa hin jiru ture. Kanaafis qoodamni amantaa kaatolikii isa jalqabaa ture.

Akkasumas amantaan Pirootestaantii akka garee amantaa tokkootti garee amantaa biro irraa of qoodee kan bahe dha. Adeemsi jijjiramaa kunis kan dhufe nama Lutar jedhamuun ture. Lutariin booda immoo,Zwingili kaayyoo fi adeemsa addaatiin dhufe. Zwingilitti aanee, Kaalviniitu dhufe , haala kanaan hanga ammaa gadi bu'aa dhufe. Hangaa adeemsa jijjiramaa Weelsiyaanitti gadi bu'ee, akkasumas Aleksaandarii Kaampeeliin qabee, Yohaannis smiizi fi Waat moorii fi kkf irraan gadi bu'aa kan dhufee fi wanta yeroo ammaa biyya lafaa irra jirru bira gahee jira. Adeemsi isa dhuma kan hanga yeroo ammaatti hubannu, ilaalcha gara garaa bara amantaa peenxeqosxeeti.

18 Wanta kana irratti akka ani amanutti, waaqayyoo bara amantaa hundaa xiinxalee jira. Garuu, yeroo hundaa waldaaleen amantaa kufaa akka darban hubattanii beektuu... battaluma amantaan gareedhaan qoqqooduu eegalanitti, kufiinsi isaanis wajjiin akka kufan? Akkasumas erga takkaa kufanii booda, waaqayyoo waldaalee amantaa sana deebisee hin kaasuu? Gara sanyii isaatti qajeelaan ni deemaa? Amma yommuu...waayee kana irraatti seenaa beekuu yoo barbaaddan, isinii dhiyeessuu ni dandeenya, waldaa amantaa kamiyyuu..baroota seenaa manneen amantaa keessatti gareedhaan qoqqodamuu isaaniitiin erga kufanii booda, kan ka'an hin argamne. Amantaan Cuuphaa, Meetoodistii, Pireespitaariyaan, Luzaraan fi amantaa kamiyyuu yoo ta'e; yeroo tokko yoo kufan, deebi'anii hin ka'an! Kuni immoo dhugaa dha. Amma, kuni... amma isinitti hima , kootii keessan uffadhaa, sababni isaas, ulee isinii qopheessuf jirra, ilaalaa. Bara wayii namni tokko akka dhuunfaatti dhufee, waldaa amantaa tokko gurmeesse, takkaa lallabuu eegale, yeroo durii irraa eegalee hanga ammaatti argamee hin beekamu...

19 Waaqayyoo namoota hundaa wajjiin dhuunfaadhaan hidhata qaba malee qoqqoda amantaa wajjiin hidhata hin qabu. Waaqayyoo yeroo jalqabaa irraa eegalee hanga ammaatti qoqqooda waldaalee amantaa wajjiin hidhata qabaatee hin beeku. Innii yeroo hundaa namoota wajjiin dhuunfaadhaan hidhata qaba. Bara kakuu moofaa keessatti, dhuunfaadhumatti namoota wajjiin hidhataa ture, akkasumas bara kakuu haarawaattis haaluma wal fakkaatuun namoota wajjiin dhuunfaadhaan hidhata qabaataa ture. Bara kamiyyuu keessatti, yeroo hundaa dhuunfaadhaan namoota qunnamaa ture malee qoqqoda amantaa wajjiin hidhata hin qabu ture. Kanaafuu, waaqayyoo qoqqodama amantaa wajjiin yoo hin jiraanne ta'e, qoqqodama amantaa wajjiin ta'uun koo faayidaan isaa maali ree? Hubadhaa, obboleewwan koo, waayee namoota garee amantaa kanneen keessa jiranii osoo hin taane ,waayee garee amantaa mataa isaaniiti ani kan dubbachaa jiru; sababni isaas , garee kanneen hunda keessa kan jiran namoota waaqayyoo waan ta'aniif.

20 Amma, waaqayyoo hubachiisa yoo kenneef malee waan hamaa ta'e akka itti raawatamu hin godhu. Wanti hamaanis ta'ee jira jedhee hin amanu...

Amma, akkuma yaada waldaalee amantaa kanneen keessaa dhufan qabnutti, kan akka dhiyeenya kana waayee dhiigaa fi Zayitii fkk, akkasumas waayee xalayaa , " Jaalatamaa obboleesso Braanhaam" fi kkkf ni beektu. Garuu sababni faalla yaada kanaawaan ta'eef, macaafa qulqulluu keessatti waan hin argamneef. Akkasumas, sababuma kanaaf faalla qoqqodama amantaa kan ta'eef,kunis macaafa qulqulluu keessa hin jirreef. Hundee amanta nuti hordofnuu of keessaa qabaachuu qaba. Kana booda, garee amantaa irratti hundaa'uu nurraa hin eeggamu, sagalee qulqulluu waaqayyoo irratti hundaa'uutu nurraa eeggama! Hundeen wantoota hundaa hafuura waaqayyoo waan ta'eef.

21 Yommuu hafuurri waaqayyoo waayee garee amantaa kan hin dubbanne yoo ta'e , garuu faalla gareewwan kanneenii kan dubbatu taanaan, nutis haaluma sagalee isaatiin dubbachuutu nurraa eeggama. Waan phaaphaasi fi namni kamiyyuu jedhu, waan namni kamiyyu yaadu, waan namni gaariin jedhu fi kkf irratti hin hundoofnu, kan hafuura waaqayyoo wajjiin kan wal hin simanne yoo ta'e, dhugaa miti. Ilaalaa, ta'uu qaba, hafuurri waaqayyoo, isa dhumaa ta'uu qaba. Hafuurri waaqayyoo isa dhumaa ta'uu qaba ameen.

Amma yaadadhaa, nama kamiyyuu kiristaanaa miti jechaa hin jiru(kana ni hubattu) gareewwan amantaa kanneen keessatti. Lubbuuwwan kabajamoon kumaatamaan laakka'aman gareewwan waldaalee amantaa kanneen hundaa keessatti ni argamu, ijoollee waaqayyoo kan ta'an. Garuu, isaan kana irraa adda baasuu fi fageessuuf, ani faallaa gareewwan kanaati. Akkasumas, hafuurri waaqayyoos faallaa isaaniiti.

22 Akkasumas, akka amantaa kootitti, yeroo amma biyya lafaa keessatti 'ISM'iin akka hin jirreedha, 'ISM'iin yeroo durii jiru amma akka hin jirre, garuu hafuura waaqayyootiin wanti akka dhufuu raajeffame ni ta'a. hafuurri waaqayyoo fedhii keenya hundaa akka nuuf guutu danda'u nan amana, asuma sagalee Isaa keessatti. Jalqaba keenyaa hanga dhuma keenyaatti, wanti hundinuu hafuura waaqayyoo keessatti argama. Kana booda hafuura waaqayyoo keessatti argamuu isaa yoo beekne, nuti dirqamatti... nuuf raajeffamee jira. Akkasumas hafuurri waaqayyoo immoo hubachisa ta'uu ni beekna.

23 Amma, macaafa qulqulluu waaqayyoo haala gaazexaa dubbistaniin dubbisuu hin

qabdan; sagaleen waaqayyoo hafuura qulqulluudhaan guutamuun kan dubbifamu, ilaalaa. Sababni isaas hafuurri qulqulluun mataan isaa waaqayyoo irraan nutti dubbata—Kiristoos waaqayyoon wantoota kana ija qaroo fi abshaalaa irraa dhoksuu isaatiin galateeffachaa, akkasumas daa'imman akka baran isaaniif ni ibsaa. Kanaafuu, argitanii, nama barate ta'uu karaan nu irraa eeggamu hin turre, karaan amantaan qoqqodamuus barbaachisu hin turre; karaa Isaa qabachuuf kan barbaachisu waan tokko qofa, innis hafuura qulqulluu waaqayyootiin ajajamuu dha. Kanaafuu beekkumsi isin qabdan sagalee waaqayyoo wajjiin wal simachuu qaba,kana booda ni argattu. Ilaaltanii?

24 Akkuma daqiiqa muraasa booda itti dhufnutti, namoota tokko tokko wajjiin wal qabatee... gariin isaanii guutumatti kaalvinoota kan ta'an, gariin isaanii immoo guutumatti Armeeniyaa kan ta'an, akkasumas gosa gara garaa kan ta'an wajjiin wal qabsiifnee ni ilaalla. Amma, yeroo hundaa, hamma fedhes qadhiftee haphiftus, fuula lama ni qaba. Kuni immoo dhugumatti sirriidha. Isaan lachuus qabxii mormii ni qabu. Garuu , wanti isaa, iddoo dhugaa isaanii kan mul'isuu dhaa? Wanti itti dhufaa jirrus kanuma: kan itti yaadaa jirru, akka eeyyama waaqayyootti, waayee dhugaa isaa isinitti mul'isuu ni dandeenya. Mee amma haa... kun waayee kaayyoon waldaaleen Amantaa kanaa eessaa akka barreeffaman kan irraa argadhee dha.

MUL'ATA YOH 7:13

25 Mee amma, yeroo muraasaaf macaafa qulqulluu keenya haa bannu, mee hundi keessan banaa,macaafa mul'ataa yohaannisii haa bannuu, boqonnaa duraa, yookaan mul'ata Yohaannis ,boqonnaa kudha torbaffaa, ittiin jalqabuuf baafadhaa. Mee dubbisuu eegallee,waldaaleen amantaa kunniin eessaa akka eegalan, fi eenyuun akka eegalaman haa barbaannu. Amma, macaafni qulqulluun dursee wantoota hundaa irratti nu hubachiise jira. Guyyoota biyya lafaa irra jiraannu nuuf eeyyamame dursee hubachiise jira. Akkasumas, amma, macaafa mul'ataa keessatti, boqonnaa 17ffaan,yoo feetan ilaaluu ni dandeessu. Ani kan jedhe 13ffaa dha, kun as keessatti ni argama jechuu kooti miti... Kanas yeroo muraasa booda ni argina. Sun raajeffama Ameerikaa keessatti kan argamuu dha. Amma garuu, sirritti dhageeffadhaa.

*Kana booddee ergamtoota torbaan waciiiti torba qaban sana keessaa inni tokko dhufee anatti dubbate, "Koottu, firdii ejjittuu ishee gudditti mandara bishaanota baay'ee irratti ijaaramte sana sitti nan agarsiisa;*

Amma yaadadhaa, kuni icciitii guddaa dha, amma, dubartiin kun dhukkubaan kan beekkamtu dha. Amma, kana irratti kan barsiifnu yoo ta'e, maalummaa mallattoowwan kana beekuuf ni dandeessu. Amma, macaafa qulqulluu keessatti dubartiin, "waldaa waaqeffanna" bakka buuti. Meeqa keessantu dhugaa kana beeka? Nuti misirroo dha, manni waaqeffanaas akkasuma.

MUL'ATA YOH 17:15

26 "Koottu, firdiis sitti agarsiisa." Amma, firdiin ejjattuu gudditti sanatti akka kennamuu dubbatamee jira, dubartii hin qulqulloofne ishee bishaanota baayee irra teesse sana irratti. Amma, dubartii waldaa waaqeffannaa bakka buute fi namni immoo bishaaniin kan fakkeeffamuu dha. Amma, hundi keessanuu kan hubattan yoo ta'e, akkasumas 15ffaa irrattis kan jirus ilaalaa bakkuma jirtanitti. 15ffaa boqonaadhuma sana irratti.

Itti dabalees ergamtichi anaan, bishaanonni ati iddoo isheen ejjattuun teessutti argite immoo, nama baayee dha...tuuta baayee dha... saba baayee dha, afaan baayee dhas.( ilaaltanii).

MUL'ATA YOH 17:2

Amma, waldaan waaqeffannaa guddoon kun, dubartii guddoo dha. Amma, hubadhaa, isheen maqaa badaadhaan kan beekkamtuu dha. kanaafuu dubartiin waldaa waaqeffanna bakka kan buutu yoo ta'e, fi manni waaqeffanaa Kiristoosi misirroota Isaa, misirroota qulqulluu yoo ta'an, kana booda, dubartiin qulqulluu hin taane as ni jirti jechuu dha. Ishee qulqulluu hin taanee, garuu misirroo waaqayyoo ta'uuf kan feetu. Ilaaltanii? Amma, dalagaan ishee maalii dhaa? gubbaa irra teesse, yookaan " ol aanaa ta'uu" jechuun " humna bulchiinsaa" bishaanota baayee irratti qabaachuu jechuu dha. karaa biraatiin , karaa biyyoota hundaatiin,afaanii fi namoota hundaa irratti humna argattee jirti. Dubartii guddoo dha, namtittiin kun.

27 Amma, mootonni biyya lafaa kana ishee wajjiin ejjaniiru....

## MUL'ATA YOH 17:2

Ejjani...mootonni biyya lafaa kanaa ishee wajjiin ejjaniiru—namoonni dureessa ta'an, namoonni gurguddoon ishee wajjiin ejjaniiru. Akkamitti waan kana hojjachuu danda'a . . . Haala kamiin mootiin waldaa waaqeffannaa wajjiin ejjatu? Kuni hafuura irratti ejjachuu jechuu dha. hafuura. . . sagagalummaa jechuun maal jechuu dhaa? kana jechuun akka dubartii abbaa manaa isheetiif hin amanamneeti jechuu dha. nama biraa wajjiin sagaagaluu osoo abbaa manaa qabduu jechuu dha. Kanaafi waldaan waaqeffannaa kun, osoo mootota biyya lafaa wajjiin ejjafachaa jirtuu, misirroo waaqayyoo of fakkeessuuf yaalii gooti—jireenyi ishee kan hin qulqulloofne wajjiin, ogummaa qulqulluu hin taane ishee wajjiin. Ooh baayee kan gadi fagaate dha. Addunyaa kana nan jaaladha!

28 Hubadhaa.

...mootonni biyya lafaa kanaa ishee wajjiin ejjaniiru,  
daadhii waynii halalummaa isheetiinis warri lafa irra jiraatan  
machaa'aniiru.

"Daadhiin waynii" waan isheen kennaa turteeni dha, kan macheessituun: "nuti waldaa waaqeffannaa ti!, kan kennites nu'uufi!" hubattanii? Mee kana sammuu keessan keessatti fakkeessa. Gaarii dha.

## MUL'ATA YOH 17:3

Kanaafuu inni Ol na fuudhee...amma ergamaan Yohaanisitti akkana jedhee hime, "koottu firdii waldaa waaqeffannaa kanatti dhufaa jiru sitti agarsiisaa" jedheen, amma daawwadha.

Hafuuraanis ol na fuudhee gara lafa onaatti na geese; achittis dubartii bineensa bildiimaa tokko irra teessu nan arge....

## MUL'ATA YOHA 13:1, MUL'ATA YOHA 17:3

Macaafa qulqulluu keessatti bifti diimaan "mootiidhaan" bakka bu'a. bifti bildiimaan kunis "diimaa" dha. akkasumas bineensi immoo " ulfina waaqayyootiin" bakka bu'a. bineensa qaama bishaanii keessaa bahu argitanii beektuu? Suni kan ture... mul'ata yohaanis keessatti, 13ffaa irratti...yommuu bineensi qaama bishaamii keessa bahu argitan, kana jechuun humni kun ummata gidduutti ka'aa jira jechuu dha; haata 'u malee , mul'ata yohaanis 13ffaa keessatti, hoolichi kun yommuu dhufu, biyya lafaati irraa dhufa jedha—namni hin jiru, Ameericaatti. Garuu erga gaanfa xixiqoo lama qabatee booda, aangoo waaqayyoo ulfinaan qabataa ture. Kana booda innis humna argate akka bineensa isa duraa dubbachaa turetti innis dubbachaa ture. Kanaafuu , isa kanas barreeffachuu ni dandeessu. Akkuma yeroo dheeraa dura warra Roomaanota amantaa hin qabne keessatti godhamaa turetti, miidhaa waldaalee amantaa irratti taasifamee ilaaluuf jirra, "waaqayyoo akkana jedha." Amma, maal... "bineensa irra taa'uu jechuun" aboo akkamiiti.

## SEERA Um 24:14-20

29 Rebeqaa hubattanii beektuu? Elizaar yemmuu ishee argutti yeroon saafaya ture, isheenis gaala bishaan obaasaa turte, sababni isaas, Elizaar akkana jedhe, "shamarri yommuu dhuftee, gaala kana bishaan obaaste,— anaafis bishaan dhugamuu naaf kenniti, kan ati filachuu qabdu keessaa inni isa tokko, waaqayyoo, misirroo Siif tajaajilu akka Yisaaq ta'uuf." Akkasumas yeroo inni waaqeffannaa irra jiru, Rebeqaan dhuftee bishaan birciqqootti buuftee akka dhugu kenniteef, gaalichas bishaan obaaste. Hubadhaa, gaalichi bineensa ture. Akkasumas bineensichummaan wal fakkaatu isheen bishaan obaasaa turte santu gara misirroo isheetti , Isaaqitti geese.

## 1TAS 4:17

30 Akkasumas yeroo amma, humni hafuura qulqulluu kan manni amantaa yeroo ammaa bishaan obaasaa fi waaqeffachaa jirtu kan biyya lafaa irraa fuudhee misirroota wajjiin walqunnamsiisuu dha. sirrii dha. Isaaqi naannoo gara saafayaatti diida ture. Waaqayyoon iddoo kabajaa isaatti miti kan arginu. Ifeesiyaanota, boqonnaa 15ffaa, keessatti akkana jedha, kan waaqayyoon arginuu qilleensa keessatti. Ooh, kuni warra meetoodistootaa sagalee isaanii akka ol kaasan kan qopheessu dha. itti yaada! Ilaaltanii? Waaqayyoo.... Isaaq mana abbaa isaa keessaa ture kan gara raasaatti bahe,

yommuu Rebeeqaan gaalaan gara isaa dhufu argu; argaadhuma isa duraatiin ture jaalala isaatiin kan qabamtee, gaala irra jirtu irraa buutee gara isaa arguuf fiigde. Kun sirriidha. Haaluma kanaan kan waaqayyoonis arguu dandeenyu. Gaalli inni dura bishaan obaasaa turtetu gara abbaa manaa ishee geesse. Akkasumas humni inni jalqaba waldichuma itti waqeffataa turtetu, waamicha addunyaa isa rincica ture, waldichuma itti waqeffattu, humnuma wal fakkaataa kanatu waldaa amantaa qilleensa keessa, waaqayyoon akka wal qunnamu kan ol fidu. Hafuurri qulqulluun ,ilaalaa. Achitti...

Akkasumas, hubadhaa, Rebeqaan durba turte.

31 Dubartii sagaagaltuu kan taate, kanatu waayee asii dubbata.

MUL'ATA YOHA 17:4

Amma, humna jechuun maal akka ta'ee beektanii jirtu? Humna , maal jechuu akka ta'e, bineensichi sun, bildiima irra turte...amma, bineensa gosa akkamii ta'uu danda'aa? Bildiimaa, kun humna dunyaa qabu ta'uu danda'a. waldaa amantaa akkamii ta'uu dha isheen kan barbaadde? Waldaa amantaa qabaattuu, baayee guddoo fi kan humna cimaa qabduu dha, akkasumas isheen... Namoota baayee qulqulluu ta'an irratti dhiibbaa geessaa jirti. Akkasuma mootonni biyya lafaa ishee wajjiin sagaagaltummaa amantaa adeemsisaa jiran. Namoota gurguddoo biyya lafaa kan ta'an. Yeroodhuma muraasa keessatti eenyummaa ishee fi maalumma qoqqodama amantaa kanneen addaan baasuuf taana.

Dubartittiin uffata dhiilgee [akka mootiitti], diimaa biluus uffattee... warqee, dhagaa, fi callee gatii-jabeeyyii naqattee..., kubbaayyaa warqee wanta, ciggaasisaadhaan fi xuraa'ummaa halalummaa isheetiin guutee, harkatti qabattee turte:

MULATA YOHA 17:4

Harkatti kan qabatte maal ture? Kaayyoo ishee, ummataaf dabarsuu kan barbaadde: " nuti waldaa waqeffannaati! Nuti kana ." haaluma kanaan mootota biyya lafaa ishee wajjiin akka dhugan taasifte, " Nuti kana! Nuti humna ol'aanaa dha! biyya hundaa haala kanaan qulqulleessina! Nuti waldaalee amantaa jiran keessaa isa guddaa fi humna kan qabnuu dha. Gara keenya kootta, waan keenya dhugaa.... Asitti (xinnoo isaa irraa nuu buusi), qabaa, dhugaa." Kana fakkaata, ilaalaa, " harka isheetiin kubbaayyaa qabattee jirti."

32 Ilaalaa.

Dubartittiin uffata dhiilgee,diimaa biluus uffattee... warqee, dhagaa, fi callee gatii-jabeeyyii naqattee..., kubbaayyaa warqee wanta, ciggaasisaadhaan fi xuraa'ummaa halalummaa isheetiin guutee,harkatti qabattee turte:

MAATI 24:35MAAR13:31LUQ21:33MUL'ATA YOH17:5

Amma, hiriyyoottan koo, gaazexaa guyya guyyaan bahu dubbisaa hin jirru, sagalee waaqayyoo isa jireenya bara baraa qabuu fi isa eebbifammaa ta'ee dha kan dubbisaa jirru. Waaqaa fi lafti hundi ni darbu, sagaleen Isaa qofti yeroo maraaf jiraata! Kun sirrii dha.

Adda ishee irratti maqaan barreeffamee ture...[maqaan barreeffamee turee] ICCIITIIDHAAN, BAABILOON GUDDITTI, HAADHA IJJITOOTAAWANTA CIGGAASISAA BIYYA LAFAA.

33 Amma, asumatti dhiyeenya kana, waldaa waqeffannaa kanatti hin se'u, garuu mata duree, "Barreeffama Girgidaa Baabiloon Irraa," fi seenaa akkaataa ginbiin baabiloon itti dhaabbate irratti tajaajilaa ture. Amma, amantaawwan gara garaa hanga hardhaattii uumamani fi gareewwan amantaa yeroo ammaa addunyaa keessa jiran hundinuu bara seera uumamaa keessa ture kan uumaman. Hambaa baabiloonii kan argattan yoo ta'ee fi seenaa wajjiin wal ilaalchisuu yoo barbaaddan, yookaan immoo kitaabilee seenaa yoo ilaaltan , gareewwan amantaa hundaa argachuu ni dandeessan. Daqiiqaa muraasaaf gara duubaatti isin deebisee waayee dubartii lallabduu isinitti himuu barbaada, hubadhaa, yeroo duraatiif eessatti akka eegalamee isinitti agarsiisuu barbaada,ilaalaa, jalqaba, bara seera uumamaatti kan eegale. Akkasumas wantoota gara garaa kanneen irratti,haala akkamiin bara seera uumamaa keessatti uumamuu danda'an ni ilaalla. Seera uumamaa jechuun, "jalqaba" jechuu dha. kun dhugaa ta'uu isaa meeqa keessantu beeka? Seerri uumamaa isa jalqabaa jechuu dha. kanaafuu, wanti hundinuu jalqaba qabaachuu qaba.



34 Biqiltuu tokko yommuu ilaalutti. Ani yeroo dachaa, sadii daggala keessa ji'a lamaaf turee jira. Biqiltuu baayee bareedu tokko arge, sirritti ilaalee, kan gadi jedhee dha; mukni biraa immoo bakka isaatti ol biqilaa jira— jireenya itti fufaa. Waayee sanaas nan yaade. garuu biqiltuun sun iddoo wayiitti jalqaba ni qaba. Jalqabas qabaachuun dirqama. Karaan inni biqiltuu ta'uu danda'u tokko (yookaan biqiltuu odaa, waddeessa, yookaan biqiltuu daddafee oli guddatu, yookaan biqiltuu meexxi, yookaan biqiltuu kamiyyuu yoo ta'e), jalqaba isaatti sanyii irraa dhalate qabaachuun dirqama. Yookaan jalqaba kan uumamae biqiltuu odaa osoo ta'ee jiraatee, sana booda biqiltuun addunyaa hundi isaanii odaa qofa ni ta'a ture. Garuu wanti guddaan tokko jira, beekaa ol'aanan, wanta hundaa haala barbaachisaan kan kaa'e. Ulfinni maqaa eebbifaa Isaatiif haa ta'u!

Addeessaa fi dureewwan sirna soolaarii keessatti kan uume Isa. Wantoota hundaa sirnaan kan kaa'ee waaqayyoo guddaa dha. akkasumas waldaa waaqeffannaa isaas sirnaan ni kaa'a! kallattii hundaan gara bahaa, dhihaa, kaabaa fi kibbaatti akka fedhii Isaatti gagaragalchuu ni danda'a, yookaan wanta fedhes ta'u—yommuu waayee qoqqopdama amantaa sammuu keenya keessaa baafne, guutumattii gara fannoo Isaa of deebifne, wanti Isaaf hin danda'amne akka hin jirre ni hubabanna ture. Waan hundaa Inni haalaan ni sirreessa, akkuma biqiltuunwanii fi dhalata biroo kan lubbuu keenya dabarsinee kanninu yoo ta'e. Addeessi, " galgala kana ifuu hin barbaaduu; dureewwan keessaa muraasni keessan bakka kiyya bu'aa." yommoo jettu argitanii hin beektan. Garuu nuti—tokkoo miti, nuti gara gara , argitanii.

SEERA UUM 8:10

35 Amma, Baabiloon, akkamitti Baabiloon akka argame hubadhaa. Macaafa qulqulluu isa jalqabaa keessatti kan argame. Walakkaa macaafa qulqulluu keessattis argamee jira, akkasumas dhuma macaafa qulqulluu keessattis argamee jira. Amma, wanti wayii ni jira... amma, Niimrood wajjiin kan jalqabe. Niimrood immoo Baabiloonniin sulula Shinaari keessatti kan arge, battaluma jidduu laga Tigriisii fi laga Yuufareetisitti, yuufaretis achiin darba. Karaan hundinuu kan biyya sanaa gara Baabiloonni ni dabarsa , akkasumas , balballi isaa tokkoon tokkoo isaanii, gara naannoo miila dhibba lamaa qaxxaamuran , balballi kunniin immoo kan Sibiila Naasii irraa hojjatamanii dha. akkasumas gara magaalaa baabiloonii yommuu seentan , karaan hundinuu qajeelatti gara teessoo mootichaa isin geesa.

MUL'ATA YOH 17:6

36 Yeroo ammaa osoo gara Roomaa deemtanii, daandiin hundinuu gara magaalaa Roomaa isin qajeelcha, akkasumas qarqara karaa irratti durbi xinnoon Maariyaamaa jedhamtu teesse ni argitu, bakka karaan itti naanna'u hunda irratti, daa'ima waaqayyoo harkatti qabatte, karaa sana gara Roomaa agarsiisaa ni teessi. Ilaalaa? Kun macaafa qulqulluu isa duraa irratti kan argamee dha, macaafa qulqulluu yeroo jiddu galeessas mul'atee jira, akkasumas macaafa qulqulluu keessatti gara isa dhumaattis argamee jira. Mee amma yeroo muraasaaf macaafa qulqulluu dubbisuu barbaada, isinis maalummaa waayee kanaa ni argattu, ilaalaa, gaarii dha.

Akkasumas dubartii nan arge (amma mana amantaa hubadhaa, yommuu waayee dubartii dhageettanitti, " mana amantaa," yaadadhaa, ilaalaa). . . dubartii warra dhiiga waaqayyootiin qulqullaa'an dhugdu arge...

MUL'ATA YOH 17:6

Amma, jechi qulqullaa'ota jedhuu eessaa dhufe? Jechi qulqulluu jedhuu warra "qulqullaa'ota" irraa dhufe-yookaan "kan eebbifaman" - eebbifamtoota. Gaarii dha.

37 Dubartii warra dhiiga waaqayyootiin qulqullaa'an dhugdu nan arge. . .

MUL'ATA YOH 17:6

Amma, dubartiin kun waldaa amantaa yoo taate, qulqullaa'ota waaqayyoo yakkitee jirti. Akkasumas waldaa amantaa guddoo kan taatee fi aangoo biyya lafaa hunda kan qabdu dha. bishaanota baayee kan qabduu fi mootota biyya lafaa hunda ishee wajjiin akka ejjetan kan taasiftee dha. gaarii dha, amma, eenyuree isheen? Kan icciitii fakkaatuu dha. amma, haafuurri gara deemaa jiru ....beektuu, waldaa amantaa keessatti kennaan hafuuraa waaqayyoo sagal ta'uu akka qabanii dha: tokkoof qarooma, tokko immoo beekaa, kan biraa immoo fayyisummaa, akkas akkas.

...dhiiga warra yesuusiif dhugaa ba'uu isaaniitiif ajjeefamaniitiinis.... MUL'ATA YOH

17:6

Qajeelfama Yesuus jedhe irratti baayee kan hin cinqamne fakkaata, wanta waldaan amantaa keenyaa jedhe irratti malee, kuni immoo dhugaa dha, akkasumas sirriidhas.

38 ...yeroon ishee arges guddisee nan dinqisiifadhe...

MUL'ATA YOH 17:7

"Guddisee nan dinqisiifadhe. Waayeen ishee baayee kan raajuu, haala kamiin akka ishee dinqisiifachuu danda'e..." mee amma iddoo Yoohaaniisii fudhadhee, xinnoo ishee waayee san banuuf haa yaalu, ilaalaa, Yohaannis akkana jedhe, "Isheen achi ni teessi. Waldaa amantaa Kiristaanaa fakkaachuuf ni yaalti. Qarshii addunyaa hundaa ofitti sassaabuuf haala mijaawaa ni qabdi. Mootota biyya lafaa hunda luka ishee jalatti galfattee jirti. Baayee dureetti fi wanta nama hawatu ni qabdi. Akkasumas, akkamitti qulqullaa'ota Yesuus wajjiin dhugaati dhuguu dandeesse? Warra qulqullaa'ota Yesuus akkamitti yakkuu dandeesse? Haala kamiin qulqullaa'ota Yesuus ajjeesuu dandeesse, osoo mataan ishee ani Kiristaana jedhaa jirtuu, waldaa amantaa Kiristaanaa?"

39 Amma hubadhaa.

Garuu ergamichi anaan , maaliif dinqisiifattaa? Dhoksaa dubartitti, kan bineensichi ishee baatu, isa. ...mataa torbaa fi gaanfa kudhan qabu, sitti himuufan jira.

MUL'ATA YOH 17:8

Amma, dubbisni asii gaditti argitan kan salphaa ta'ee fi qabachuufis kan dhibuu miti, baayee salphaa dha.

Bineensi ati argite sun takka jiraata tutre, amma immoo hin jiri; iddoo lafa jalaa keessaa ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa ni dhaqa, sababii inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan , warri uumamuu biyya lafaati jalqabee maqaan isaanii , macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru.

MUL'ATA YOH 17:8

Amma, amma kun kan qummuushuu dha, kana fakkaata. Inni akkana jedhe, mee xiinxalaa, yommuu hundi keessan , muraasni osoo hin ta'in, kan biyya lafaa irra jiraatan hundi yommuu dinqisiifatan, hundi isaanii yommuu qinqisiifatan. Adduunyaan marti waayee dubartii kanaa ni dinqisiifata. Garee tokko qofa ture kan waayee ishee hin dinqisiifanne, isaan kunis, warra maqaan isaanii macaafa jireenyaa isa jireenya bara baraa argachuuf jedhan keessatti caafamnee dha.

MUL'ATA YOH 13:8 MUL'ATA YOH 17:8

40 Amma, naannoo kanatti yeroo fixuun koo natti dhagahamaa jira, sababni isaas daqiiqaa muraasaa keessatti gadi fageenyaan ilaaluun keenya waan hin oolleefi dha. argitanii? Maqaan isaanii macaafa jireenyaa hoolichaa keessatti kan barreeffamee yoom turee? Yoom caafame? Jijjirama isa dhumaa isaan itti hirmaatan. Galgala isaan waaqeffanaaf dhaqan sana. Galgala waldaa amantaa sanatti makaman sana . isin miidhuuf yaalii gochaa hin jiru, garuu kan ani isinitti himaa jiru macaafn qulqulluun akka jedhutti maqaan isaani macaafa jireenyaa hoolichaa keessatti akka caafamee dha, "uumamuu biyya lafaati irraa eegalee." Sirriidhumatti! Yommuu Waaqayyo , yeroo jalqabaaf, ilma Isaa akka ergu yeroo beeketti, akkasumas , bakka cubbamtootaa bu'uu isaa qabatu beeketti, yommuu dhiigni ilma waaqayyoo gaaddisa ta'u, macaafni qulqulluun akka jedhutti, uumamuu biyya lafaatiin dura iyyuu dhiigni kun gaaddisa ture jedha. Uumamuu biyya lafaatiin dura dhiigni ilma Waaqayyoo gaaddisa akka ta'e meeqa keessantu beeka? Yeroo dhiigni sun gaaddisa turetti, miseensi qaamaa hundi, yeroo biyyi lafaa uumamutti maqaan isaa dhiiga sanaan macaafa jireenyaa hoolichaa irratti barraayee ture. Maaltu isin aarse? Ooh, obboleewwan koo, sun balbala ni bana, miti?

41 MULATA YOH 17:8

Haa ta'uu, mee amma kan asii gadii kana haa dubbifnee, kan Inni jedhu dhugaa ta'uu isaa haa ilaallu, ilaalaa, "ergamtichi akkana anaan jedhe, maaliif dinqisiifattaa...?" 8ffaa akka ta'e nan amana, "akkasumas bineensichi ati argite..." gaariidha , sun sana.

Bineensi ati argite sun takka jiraata tutre, amma immoo hin jiri; iddoo lafa jalaa keessaa ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa ni dhaqa, sababii inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra

jiraatan , warri uumamuu biyya lafaati jalqabee maqaan isaanii , macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru...

MULATA YOH 13:8,14 MUL'ATA YOH 17:8

Biyya lafaa irratti gareen uumamee ture, karaa biraatiin , mooksuuf yaala turan akkuma Innis isaan mooksetti. Garee tokko qofa ture isaan keessa kan hin mooksamne, isaanis, yeroo uumama lafaa irraa kaasee kan maqaan isaanii macaafa jireenyaa hoolichaa irratti caafame dha. xinnoo ture gara isaatti ni seena.

MUL'ATA YOH 17:8,9

42 Amma hubadhaa. Dubartittiin, waldaa amantaa, Baabiloona icciitii turte. Nimroodiin dhaabbatte arginee jirra. Kaayyoon Nimroodi maal turee? Nimrood magaalatti tana dura argachuudhaan magaalonna biroo hundi isaanii magaalaa kanaaf kiraa akka kafalan sababa ta'aa ture. Waan akkasii yeroo ammaa ni arginaa? Yeroo ammaa iddoon akkasii jiraa? yeroo ammaa, waldaan amantaa biyyoota addunyaa hunda irratti dhiibbaa geessisaa jiru jiraa? Sirriidhumatti. Yeroo ammaa addunyaa keessatti iddoon kiraa akka kafalaniif dirqisiisuu jiraa? iddoon akkasii jiraa? gara fuul duraa deemaa waayee kanaa haa dubbifnuu, xinnoo xinnoo dhaan, akka hunda isaa qayyabachuu dandeessanitti. Gaarii dha.

...Bineensi ati argite sun takka jiraata turee, ...amma immoo hin jirre, lafa keessaa ol bahuuf jira.

Kun sammuu ogummaa qabu ni barbaada.

MUL'ATA YOH 17:9

Ogummaan kennaa hafuura keessa tokko ta'uu isaa meeqa keessantu beeka? Amma, waayee garee akkamiti kan Inni dubbachaa jiru ree? Dirqamatti garee namoota kennaa hafuura waldaa amantaa keessatti tajaajiluu qabanitti dubbachaa jira.

...kun sammuu ogummaa qabuu ni barbaada.

43 MUL'ATA YOH 17:9

Amma, baroota waldaalee amantaa keessatti wantoota kana hundaa ni argattu, hafuurri qulqulluun yookaan immoo kennaan hafuura kun bara dhumaa kana keessatti haala ittiin tajaajilamaa akka jirru ni dubbata. Amma, waaqayyoo hafuura fayyisummaa nuuf kennee jira. Ooh, baayee gaarii ta'aa jira. Gaari dha, obboleessoo , kennaan biraas ni jira. Kun isaan keessa isa tokko. Sun wanta baayee xinnoo ta'ee dha. haata'uu, kennaan baayee guddaa ta'e as ni jira. Baayee gaarii kan ta'e, kennaa ogummaa hafuura qulqulluu sagalee waaqayyoo bakka tokko kaa'uu fi iddoo itti dhaabbane waldaa amantaaf agarsiisuuf kan ta'u, nama tokko fayyisuu hin caaluu? NU hundi keenya fayyuu ni barbaanna; garuu yeroo hundaa, qaamni kiyya fayyuu irra lubbuun kiyya kan naaf fayye wayya. Ooh Koo! Hafuurri qulqulluun yohaannis irraan Paatmositti yommuu dubbatu dhageeffadhaa, akkana jedhe, " Ogummaan as jira! Kana haa dhageeffatu." Amma, fakii isa sirrii ta'e argachaa jirra.

44 Akkasumas sammuu ogummaa qabu as jira. Mataan torbaan tulloota dubartittiin irra teessu dha. MUL'ATA YOH 13:8

Addunyaa kana keessatti magaalaa ani beeku tokko qofa yookaan lama hin caalan kan gaarreen torba yookaan achii ol of keessaa kan qaban. Sinsinaattiin isaan keessaa tokko, kan ta'uu danda'u, seenaan asoosamaa Sinsinaatti, waayee yeeyyi, kana ni beektu. Garuu sana caalaa of keessa ni qaba. Garuu waldaan amantaa Sinsinaatti of jala oolche hin jiru. Addunyaa maraa keessa waldaan amantaa tokko qofa gaarreen torba irra kan taa'ee jiru, kan addunyaa maraa of jala oolchuu danda'e. Amma, wantoota sana irraa eegalee hanga asii dhufe. Iddoo wayii kan akkana jedhu argee jira, "ogummaan as jira." Mul'ata yohaannis 13ffaa, " ogummaa sammuu kan qabuu laakkofsa bineensotaa haa lakkaa'u, laakkofsa namootaa waan ta'eef." Garee yookaan gosa namoota miti, inni nama tokko. " akkasumas laakkofsi isaas 666."

MUL'ATA YOH 17:10

45 Teessoo kabajaa poopii Roomaa jalatti "Vicarius Filii Dei." Jedhamee akka barreeffame jiru yeroo hundaa nan dhagaya. Dhugaa ta'uu isaatiif yeroo hundaa nan dinqisiifadha. Sarara sararaati, akka laakkofsa Roomaanotaatti olqajeelchaa fakiin kaasaati isa ta'uu isaa ilaalaa. Dhugaadhumatti sirrii dha. kanas gonfoo mataa poopichaa

sadeen jalatti dhiyeesse birciqqoo keessatti dhaabe. Aangoo cubbuu, cubbuu, akkasumas iddoo cubbamtoonni qullaa itti dhaabbatanii dha. kanaafuu wantoonni sunniin— achi keessaa bahanii dhufan, isinis Roomaa keessaa bahaa koottaa, kuni immoo dhugaa dhas. amma , sirritti akka mul'ate ni beekna.

Mootota torbaan: isaan keessaa shan kufaniiru [yeroo sanatti kan ture] ,inni tokko immoo [sun immoo kan amma dhufaa jiruu ... Qeesaar kan ture], akkasumas inni biraa immoo hanga ammaatti dhufaati jira [Kun immoo Heerod ture]; ...

MUL'ATA YOH17:10

Amma, sirritti hubadhaa, sirrii ta'uu isaa ilaalaa.

...yommuu ka'u immoo yeroo gabaabduu duwwaadhaaf qofa turuun irra jira.

MUL'ATA YOH 17:11

Herod yeroo hammamiif akka bulche beektu? Ji'a jaha qofa, haadha isaa muka irratti hidhee, karaa guddaa keessaan fardaan harkisiisaa dhufee; magaalattiis barbadeesse, gara Kiristaanotaas qajeele. Magaalattis barbadeessa qarshiis irraa fuudhaa ture,ji'a jaha keessatti. Ilaalaa,"akkasumas bineensichi..." ilaalaa, nama gadhee akkamii akka ta'e ilaalaa. Argitanii?

46 Amma Hubadhaa.

Bineensichi takka jiraataa turee amma hin jirree immoo. . . saddeettaffaa dha; garuu warruma turban sana keessa ture [dhalootuma torbaffaa ti], inni gara badiisaa ni dhaqa.

Namni hundinuu badii jechuun, "cubbuu" akka ta'e ni beeka, akkasumas eessaa akka dhalate hubadhaa: cubbuu, maal inni? Boolla hundee hin qabnee dha. barrsiisa amantaa Kaatolikaatiif hundeen hin jiru. Barsiisa amantaa Kaatolikaatiif macaafni qulqulluun hin jiru. Barsiifni amantaataa kaatolikaatiin macaafni qulqulluun wal hin simatu, yommuus walsimachuu hin danda'u. walsimsiisuu fedhanis hin danda'an. Dhiyeenya kana qeesichi akkana naan jedhe, qeesiin daa'imni kun as waldaa waaqeffannaa, lubbuu qulqulluutti dhufee, akkana jedhe, "oh , inni, . . ." waayee Meerii Elizaabexii Freezariin cuuphuu kiyya itti hime. "ooh, haala waldaan amantaa kaatoliki durii itti cuuphutti cuuphite." Jedhe.

Anis, "yeroo kam ture?" jedheen.

Innis, "macaafa qulqulluu keessatti, macaafa qulqulluu kan kee,"

Ani immoo, "waldaan amantaa Kaatolika haala sanaan cuuphee beekaa? Sun barsiisa kaatolikaati?

"Eeyyee."

Anis deebisee, "manni amantaa kaatolika dogongoree hin beeku jechaa, maaliif hagana muluu jijjiramuu danda'e?" ilaaltanii?

Innis akkana jedhe, "gaariidha, argitee, isin hundinuu macaafa qulqulluutti ni amantu. Nuti immoo waldaa amantaa keenyatti amanna." Ilaaltanii? "wanta macaafni qulqulluun jedhu hin hundoofnu, wanta waldaan amantaa jedhu irratti malee." kun immoo dhugaa dha. Isaan wajjiin mormitanii yoo kan beektan ta'e , ani yeroo tokko yaalee ture, ilaalaa. Waan macaafni qulqulluun jedhu irratti hin hundaa'an. Kun isaan wajjiin hidhata hin qabu, wanta waldaan amantaa isaanii jedhu irratti hundaa'uu. argitanii?

WARRA ROOME 3:4

Garuu, nuti, wanta waldaan amantaa keenya jedhuu irratti hin hundoofnu, waan waaqayyoo jedhu irratti amanna malee! Waan macaafni qulqulluun, kan Caafame waan ta'eef, " Namni eenyu illee soba yoo ta'eeyyuu, Ani dubbiin koo hundinuu dhugaa dha." nuti kanaaf qoqqoodama garee amantaa kan hin taaneef.

MUL'ATA YOH17:8,11

47 Amma, hubadhaa, daqiiqaa muraasaaf kana dhaggeeffadhaa. "Mootota shaman, kan kufanii turan, mootota shaman." Kana macaafa seenaa keessaa beekuu yoo barbaaddan isinitti mul'isa. "takka kan jiraataa ture, akkasumas kan biraa dhufuuf jira." Hubadhaa, "bineensicha." Bineensichi mooti hin ture. Inni kan jiraataa ture, amma kan hin jirre, akkasumas kan dhufuuf ta'u, kan hin jirre, kan dhufuuf ta'u, kan hin jirre. Maal

inni? Wal dhaaluu poopota, aangoo, bineensa bulchaa jiruuti. Sun yeroo Roomaan amantaa hin qabnee gara Paapaal Roomitti jijjiramuu dha. Roomaan amantaa hin qabne ni jijjiirame, paapaasii ta'e; bakka Mootiitti Phaaphaasii qabaachuu eegalan, Phaaphaasichis mootii hafuuraati. Sababa kanaaf inni qoobii mataa irra kaa'atee mooti hafuura kan of godhu, kan Yesuun muudame of fakkeessuuf kan yaali godhu. Isin achi jirtu.

48 MUL'ATA YOH13:8,14,MUL'ATA YOH 17:8,11,12

Amma hubadhaa.

Barsiisa amantaa Kaatolika garana fidnee akkamitti amantaa Pirootestaanti wajjiin wal isaan fakkeessu isinitti agarsiisuuf jira, ilaalaa, akkamitti amantaa pirootestaantii wajjiin akka wal fakkaatu ilaala, baay'inaan wal fakkaatu, faallaa, macaafa qulqulluu—faallaa Isa gita hin qabne. Amma, "bineensi dura jiraataa ture, kan amma hin jirre, " amma, yaadadhaa, warri uumamuu biyya lafaati jalqabee maqaan isaanii , macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin.

49 Mee haa ilaallu.

Akkasumas bineensichi jiraataa ture, amma kan hin jirre(11ffaa irra kan jiru), immoo saddeettaffaa dha, akkasumas... torbaan sana keessa ture, inni gara badiisaa ni dhaqa. [ ittuma fufa hanga boolla dhuma hin qabnee sana qarqara isaa gahutti.]

Akkasumas gaanfonni kurnan ati argite immoo, mootota kudhan warra kanaan dura [iddoo kanatti hubadhaa. Wanta sukkaneessa ta'e tokkoo arguu yoo barbaaddan kana ilaalaa]... mootota kudhan turan warra kanaan dura mootummaa hin fudhatinii dha; garuu isaan bineensicha wajjiin sa'aatii tokkoof akka moototaatti aboo fudhachuudhaaf jedhu.

MUL'ATA YOH 17:13,14

Isaan mootota aboo hin qabnee dha, mootota abbaa irree ti. Ilaalaa, yoommiyuu abboomanii hin beekan,garuu akka mootitti aangoo ni qabna jedhu, sa'aati tokkoof, aboo bineensichaa keessatti. Yeroo sirritti ifaan ifatti hin mul'anne kana keessatti , mootonni abbaa irree, ka'aa kan jiran. Ilaalaa, "bineensicha wajjiin sa'aati tokkoof akka moototaatti aboo fudhachuuf." Haa ta'u.

50 Isaan kun yaada tokkicha qabu, humna isaanii fi aboo isaanii bineensichatti dabarsanii ni kennu.

Isaan hoolichatti lola ni kaasu: [Gooftaa!] hoolichi garuu gooftaa gooftotaa, mooti moototaas waan ta'eef isaan ni moo'a; warri isa wajjiin jiranis warra waamanan,warra foo'aman, warra waamamanii dhas.

MUL'ATA YOH 17:14

Amma irraa eegalee kana irratti osoo lallabee fedhii kooti: uumamuu biyya lafaatiin dura kan filataman, waamicha isaanii cimaniin kan eeganiin dha. Halleeluuyyaa! Sun sana. Isaanis , "warra waamaman", "warra foo'aman" jedhamu. Akkasumas walitti dhufeenyas qabu, ilaalaa; "warra foo'amanii fi warra moo'aman." Isa ni moo'u, hammamiyyuu humna yoo argatan.

51 Barrii adeemsa kominizimii guddaan nuti yeroo ammaa keessa jirru kana, isaaf hin yaadda'inaa. Sun sirriidhumatti harka waaqayyootiin hojjatamaa jira, macaafa qulqulluu kanaan isiniif mirkaneessu ni danda'a. waaqayyoo ajjeechaa namootaa baroota hundaa keessatti adeemsifamaa ture gaafachuutti jira. Eeyyee , kabajamoo. Mootota walii galanii ishee jibban kana, ilaalaa. Akkasumas addunyaan martinuu, biyyoonni addunyaa hundinuu, kominizimii balleessaa jiran. Maaliif, of irraa ari'uuf ajaja waaqayyoo waaqayyoo waan ta'eef. Yoo akkana jettan, " mee asitti, obboleessoo Branhaam, kominiziimiin adeemsa waaqayyoo tii? " sirritti, dhugumatti adeemsa waaqayyooti. Macaafni qulqulluun akkas jedha, garuu inni kun adeemsa murtii kennuuti, namoota waaqayyoo hin taanee fi kannen namoota seera waaqayyootin ala ta'an irratti.

KES22:20,21,28,29,KES23:2

Biyya lafaa kana irratti maaltu hafe? Kan argannes maalii?

52 Yeroo darbe asitti (kan danda'amu yoo ta'e mata duree koo daqiiqaa muraasaaf ni dhaaba), waayee daa'ima abbaa hin beekkaminiif dhalateen waldaa waaqayyooti bara dhaloota kudha afuriif akka hin seenne dhoorkame iddoo jedhu sana macaafa qulqulluu

irraa dubbisaa ture. Meeqa keessantu kana beeka? Sun dhugaa dha, seera keessa deebii, 23ffaan, daa'ima abbaa hin beekkaminiif dhalate. Dubartiin raasaa keessatti yoo gudeedamte (sun eegumsa dhala namaatiin ala), namni dubartii tana qunnamti saalaaf saaxile, dirqamatti namni kun dubartii tana fuudhuu qaba, ejjettuu ta'uu baannaan hanga umriin isaa eeyyametti ishee wajjiin jiraachuu qaba. Yommuu dubartiin kun sobdee ani durba jettee erga itti heerumtee booda durba yoo ta'uu baatte, sobuu isheetiif ajjeefamuutu irra jiraata. Yommuu dhiiraa fi dubartiin takka walitti heerumanii, ilma abbaa hin qabne uumatan, waldaa waaqayyoo hanga dhaloota kudha afurii seenuu hin danda'u. waggaa afurtamni dhaloota tokko, waggaa dhibba afur sanyi sana dura yoo ta'eyyuu, Esraa'el keessaa ni baha.

53 Waaqayyoo cubbuu ni jibba! Haala kamiin dhiiga qulqulluu Gooftaa Yesuusiin, garee amantaa wayii ta'uu keessan qofaan ittiin fayyadamuu fi itti seenuuf feetan? Hundee waaqayyoo keessaan hin dhufne taanaan, karaa waaqayyoo argachuu hin dandeessan. Sirriidha. Daaqonii, lallabaa, waan fedhes yoo taane, kana wajjiin wal hin qabatu, adeemsa waaqayyoo keessan darbuu qabdan.

Dhaloota kudha afur. Namni waayee kana na wajjiin mari'ataa ture amma as taa'aa jira. Akkana naan, jedhe, "namni fayyuu danda'uu isaa akkamitti beekna ree?"

Anis akkana jedheen, "Yeroon waaqeffataa gaarii ta'uun si irraa eeggamu ni jira." Maqaan kee uumamuu biyya lafaatiin dura macaafa jireenyaa keessatti caafamee jira. Akaakuu dhiiga sanaa waaqayyoo ni beeka, san Isatu beeka. Ilaaltanii?

"Gaarii dha, inni kun maal qabaa..."

54 Dhaggeeffadhaa, isin dargaggoonni har'aa. Gara waldaa waaqeffanna kanaa , yookaan eessaa akka dhuftan hin beeku, isin dargaggoon durbaa fi dhiiraa. Wantoota dalagaa jirtan hubattanii beektuu, dhaloonni biraa yeroo dhufutti, ijoolleen keessan wanta har'a isin hojjattaniin akka gaafataman beektuu? Kabajaa fi amala gaarii hin qabdanii? Shammarran diida kanatti uffata gaggabaabaa uffattan, kuni ijoollee keessan irratti akka balaqqisu beektuu? Akaakayyuwwan keessan kan haala hammaayaa fakkaatuun yeroo sana kan uffatan, haawwota keessan immoo akka durba waltajjii irratti qullaa sirbituu kan uffattan, sababa kanaaf isin uffata malee qullaa deemuu kan filattan? Sirrii dha. ijoolleen keessan maal ta'u ree? Eeyyee kabajamoo! Waaqayyoo cubbuu maatii ijoollee isaaniitti ni dabarsa, hanga dhaloota sadii fi afuriitti ni deema.

55 Akkasumas obboleewwan koo , hubattanni, yeroo hundaa wanti isin sirrii dha jettanii hojjattanii gara ijoollee keessaniitti akka daddarbuu beektuu? IBRO 7:1,5

As ilaalaa, warra Ibroota haa ilaalu, Boqonnaa 7ffaa. Macaafni qulqulluun akka jedhutti, Gaafa tokko Abrahaam Mootota rukutee, moo'atees utuu deebi'uu, Malkiseedik karaatti itti dhufee isa deebise, akkana jedheen, " Amma Leeviin(waayee kaffaltii kurnee dubbachaa jira.), deebisees, " warri sanyii Leewwi ta'an warra hojii lubummaa fudhatan kudhan keessaa tokko saba isaanii irraa akka fuudhan seeraan abboomanii jiru, kudhan keessaa tokko sanas warra obboloota isaanii akkuma isaanis sanyii Abrahaamiti yommuu Malkesedik argutti." Akkasumas Abrahaam akaakayyuu duraa isaa ture. Abrahaan, Isaaqiin uumate, Isaaqi immoo Yaaqobiin uumate, Yaaqobis Lewwiin dhalche. Leevii, Abbaa, akaakayyuu, akaakayyuu duraa. Leewwiin sanyii Abrahaam ta'uun isaa osoo beekkamuu, akka macaafni qulqulluun jedhutti, kurnee malkesediqiif kaffale! Haaleluuyaa!

Adeemsi kamiiyyuu addunyaa kana keessatti raawwatamu kan waaqayyoo irratti giduu galuu isaa akka isinitti himu nama tokkooyyuu hin eeyyamina. Adeemsi waaqayyoo karaa sirri irra adeemaa jira ! yeroo jalqabaatti kan kaayyoffame. Tuutni seexanootaa iyyuu kaayyoo waaqayyoo faallesuu hin dandeenye.

56 IBRO 7:9

Amma, macaafni qulqulluun, "humna waan qabuuf kaffale" hin jedhu, garuu macaafni, " Inni kurnee kaffale" jedha, yeroo mudhii abaabilee isaa keessa turetti. Waaqayyoo haa ulfaatu! Sun Gooftaa kooti. Oo, uumamuu biyya lafaatiin dura iyyuu Inni kana ni beeka. Waan hundaa ni beeka. Akkasumas Abrahaam keessaan kurnee kafale.

Akkasumas, obboleewwan koo dhiiraa fi dubartiin, haala kamiin as keessaa baatu, namoonni haadha manaa nama biraa wajjiin bara cubbaman kana keessatti, bara dubartiin mana ishee dhiiftee deemtu, akkasumas karaa isin feetaniin jiraattan kanatti? Dhaloonni itti aanuu maal akka fakkaatu beekuu ni barbaaddu? Maal akka ta'e as jira:

Homaayyuu ta'aa hin jiru, garuu garee seeraan alaa. Garee malaanmaltummaa raata'uu keessan dhalate! Akkasumas wanta isaaf hafe tokko ni qaba, kunis bara atoomikii nuti yeroo ammaa keessa jiraata jirruu dha. Kun immoo dhugaa dha. Bara dhumaa keessa jirra.

57 Ganama kana gamasitti gaara Keentukii bira taa'ee, daa'imni xinnoon tokko, moolaasasi garbuu irraa hojjachaa, akka tasa ta'ee bitaa fi mirga addaan baafachuu hin dandeenye, yommuu . . . Eessa akka ture hin beekne, iyya wayii keessa ture. Bineensa wayii dhandhooluuf deemaa ture ani, akkasumas gubbaa sanatti taa'ee, isatti haasa'uu eegale, daa'imni kun gara adda waraanaa deemaa akka jiru natti hime. Waayee waaqayyoo haasa'uu eegallee, innis akkana jedhe, "lallabaa, bara dhumaa keessa akka jirru hin beektuu?" gaarreen keessan gubbaa duubaatti deebi'uu qabna!

Anis, "sirrii, ta'uu qabna, sirrii , ilma , bara dhumaa keessa jirra."

58 As jirra, yeroon itti jiraataa jirru kana , obboleewwan koo. Bakka geenyee jirra. Abbootaa fi haawwota akkasumas akaakayyuu fi akaakileen, yeroo durii, haala isaan itti jiraataa turan, hubattanii beektuu? Haala abbaanii fi haawwonni keessan itti jiraataa turan hin laaltanii? Bara malaanmaltummaa keessa akka jirru kan wal nu gaaffachiisuu miti! Yeroo isin wangeela lallabdan, uffata gaggabaabaa uffatanii dhufuu ni danda'u, isin aarsuus ni danda'u. tamboo gara keessan aarsaa akkanas isiniin jechuu ni danda'u, " gara waan keetitti deebi'i." maaliif? Sababni isaas gosa akkasii keessaa waan bahaniifii dha! amma qajeelaatti gara waayee , " sanyii bofaa sanaattii." Seenuuf ta'a. eessaa akka dhufanii fi maaliif akkas akka ta'an ni barbaanna. Uumama biyyaa lafaa irraa eegalee seexana irraa kan dhalatani dha. kun immoo dhugaa dha.

MUL'ATA YOH 13:8 MUL'ATA YOH 17:8

Akkasdumas , wanti waan kanaaf dhiisuu dandeenyu tokkos hin jiru, garuu wanti dhiisuu dandeenyu hubannoo qofa. Murtee malee waan biraa hin qabnu. Wantoota namoonni kophaa isaaniiti taasisan hunda waaqayyo tokko tokkoo isaanii ifa ni baasa. Waaqayyo haala saniin akka ta'u hin fedhu ture, garuu haala sanaan akka ta'uu qabus ni beeka ture. Sababa kanaaf Inni namoota biyya lafaa itti jiraatan hundaa, isaan maqaan isaanii macaafa jireenyaa hoolichaa irratti uumamuu biyya lafaatiin dura barraayeen alatti, murtii kan itti kennu ta'uu kan dubbate.

MUL'ATA YOH 17:12-16

59 Mee yaa hubannuu, xinnoo ishee daballee yaa dubbisnu. Amma, 12ffaa irra akka jirru nan amana.

Gaanfonni kurnan ati argite immoo, mootota kudhan warra kanaan dura mootummaa hin fudhatinii dha; garuu isaan bineensicha wajjiin sa'atii tokkittidhaaf akka moototaatti aboo fudhachuuf jedhu.

Isaan kun yaada tokkicha qabu; humna isaanii fi aboo isaanii bineensichaaf dabarsanii ni kennu.

Isaan hoolichatti lola ni kaasu, hoolichi garuu gooftaa gooftotaa, mootii moototaas waan ta'eef , isaan ni moo'a; warri isa wajjiin jiranis warra waamaman, warra foo'aman, warra amanamanii dhas .

*Itti dabalees ergamichi anaan jedhe, bishaanonni ati iddoo ejjiituun teessetti argite immoo,...nama baayee dha,... taatuu baayee dha, saba baayee dha, afaan baayeedhas.*

*...Gaanfonni kurnan ati argite, bineensichis ishee ijatuu sana jibbuuf jiru; onsanii qullaatti ni hambisu; isaan foon ishee ni nyaatu, ibiddaanis ishee ni gubu...*

60 MUL'ATA YOH 17:16

Isa kana amma hubadhaa, gaanfota kurnan sana, mootota kurnan sana. Ilaalaa, wanti hundinuu as keessatti kufa, abboonni irree kun maal akka fakkaatan. Abboonni irree kun akkamitti akka irkatan ilaalaa, hirkachuu jechuun maal jechuu dha? , abbaa irree ta'ee kominizimii irratti kan hin irkanne natti himaa mee. Ilaalaa. Akkasumas maal godhu? " ijjiitu ni jibu," dubartii, mana amantaa . garuu hubadhaa, addunyaa hin qulqulleefne kanatti maaltu ta'aa jira[addunyaa hin qulqulleefne].

. . .bineensichis ishee ijatuu sana jibbuuf jiru; onsanii qullaatti ni hambisu; isaan

foon ishee ni nyaatu, ibiddaanis ishee ni gubu.

MUL'ATA YOH 18:17-20

61 Wanta sana kaartaa irraa barbadeessuu ni danda'u battaluma as dhaabbadhe kanatti, mata duree sana gara waldaa keenyaatti fidhuudhaaf yeroo gahaa ni qabna, sagalee waaqayyoo itti aanee jirutti wal qabsiifnee adeemsisuu qabna, " Mootonni biyya lafaa hundi isaanii, warri markaba irratti hojjatan, sagalee guddaadhaan iyyan: baaniiloonii guddaan sa'aatii tokko keessatti waan barbadoofteef. "sa'aatii tokko keessatti, badhaadhummaan ishee hundinuu waan bade ta'ee jira. Akkasumas , Ooh haalli Inni jedhe, "sagaleen tokko immoo, yaa bantii waaqaa, kana irratti gammadi, isin warri waaqayyoof qulqullooftan, ergamoonni isaa warri lafa irraa, raajonnis , waaqayyo isheetti isiniif waan faradeef, gammadaa." Ilaalaa, kun sirrii dha. sirrii dha, kominiziimiin akkamitti harka waaqayyoo taphachaa ture; haaluma mootiin Nebuchadnaar ta'aa turetti, waaqayyoo dhufee jiwuushota akkuma fudhatetti, yeroo isaan qullaa deemaa turan sana.

MAAT 24:22

62 Cubbamaan cubbuu hojjachuu isaa itti fuufa,sanyiiwwan foo'amanis achumatti ni hafu, sanyiiwwan kunis cubbamuun itti fufu, ammas cubbuu, ammas cubbuu ta'uun itti fufa yeroo muraasaan booda hanga xuruuramee dhumutti. Kanaafuu haaluma kanaan itti fufee bakka haawwonni fi abboonni keenya kanaan dura jiraataa turan gahee jira [addunyaa qulqulluu hin taanee] , wanti nuu hafes hin jiru. Yesuus maal akka jedhe beektuu? , " guyyoonni sun osoo gabaabbachuu dhabaatanii, namni tookoyyuu hin fayyuu ture."

63 Wantoota kanneen maaliif arganne ilaaluu dandeessu? Ani yaada kennaa hin jiru. Artuur guud firee fi hundi keessan , beektuu; elvis presles ta'uu keenya, mudhii gadi qullaa of dhiisa fi dabbasaa isaanii morma irraan gadi dheeresaa fi haala kanan ijoolleen umriin isaanii kurnan keessa jiranii taatoo kanneen agarsiisan—maal jechuu dha? kun kan ta'uu danda'eef sababa namoota kanaan dura dhalatanii abbaa malee jiraataa turan irraa kan dhufee dha. wanti hafe tokkos hin jiru. Ooh, ol ka'anii ni faarfatu, "Waaqayyoo, dhiyoodha, Nuuf dhiyoodha, akkuma guurtuu baaqelaa Ernee fi isaan kaawwan hunda isaanii, faaruu waaqayyoo ni faarfatu turan. Obboleessoo maal akka ta'e beektaa? Sun sirriidhumatti of tuuluu dha! eeyee, kabajamoo.

64 Namoonni akkasii waltajjii kana irraa faayidaan argatan hin jiru, sirba addunyaa bugi bugiin alatti faayidaa ishee xinnoo taate yyyu argachuu hin danda'an. Iddoon kun kan warra qeesotaati, warra waaqayyoon waamamaniifi dha, tajaajiltoonni waaqayyoon waamaman duub akanatti iddoo ni argatu. Isaan kanan alatti iddoon kun hin filatamne.

Hoji waaqaatiin wajjiin walqabatee rakkoon yeroo amma jiru kana, waldaa amantaatiif dame waldichaa ijaaruun alatti,kan isaan hojjatan tokkos hin jiru. Dame waldaa ijaaruun bayeessa, isa akkasii ijaaruu yoo barbaaddan, sun keessan. Garuu mee isinitti haa himuu. Waldaa amantaa fi dame waldaa amantaa gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Eeyyee, kabajamoo. Wantoota sana dame waldaa keessatti hojjachuu ni barbaaddan, hunda isaaniis akka miseensaas fudhachuu ni darbaaddu, kanaaf murteessaan isin. Garuu oboleewwan kiyya, waldaan kun hundee isaa irraa jalqabee waltajji irraa gara duubatti deemaa jira. Sirrii dha. karaa maskootii duubaatiin deema jira jechuu kooti miti . Ani kan jechaa jiru faashinii duriitiin, waaqayyoo karaa ergamaa isaatiin wanticha kallattii ni jijjiirsisa. Eeyee kabajamoo, akkuma ibsaa ibsinutti, ifaa elektiriikaa, bararoowwan ampoolicha irra marsanii jiran yommuu itti ibsinu ta'anitti. Eeyee kabajamoo irraa ni bittinaa'u yommuu ifaan ifutti.

MUL'ATA YOH 17:17, 18

65 Amma , hubadhaa, "Isaan sammuu tokko qabu,humna isaanis ni kennu..." Ani isaa gadi amma. "gaanfa kurnan." Eeyyee.

Isaan hamma dubbiin waaqayyoo raawwatamutti, warra yaada tokko ta'uudhaan [iddanatti xiinxalaa] mootummaa isaanii dabarsanii bineensichatti kennuudhaanis akeeka waaqayyoo hojii irra akka oolchaniif Inni kana garaa isaa keessa oolchee jira.

Dubartittiin ati argite immoo, mandara gudditti ishee mootota lafaa irratti, mootummaa qabuu dha.

Amma, irraa naanna'uun hin barbaachisu, kun caaseffama waldaa amantaa



kaatolika akka ta'e ni beekna, namni biraa hin barbaachisu. . . akkuma ani hafuura qulqulluu ofitti fudhadhee amanutti, kanas akka waldaa tokkootti ofitti fudhachuu ni danda'a. kana nan amana, isa kanas kan amanu hanguma ani amantaa kiristaanummaa kiyya irratti har'a as dhaabbachaa jiruutiin, caasaan amantaa kaatolika. . . magaalaa Vaatikaanii , magaalaa lafa olka'oo turban irra teesse dha. duraa duubni waldaaleen amantaas bineensa isa jiraataa ture, isa yeroo ammaa hin jirre dha. Isheenis Baabiloonii dha. wanti hundinuu ifaan ifatti ni mul'ata, haala tasumaayyuu dogongora hin qabneen ni mul'ata, macaafa qulqulluu jalqabaa hanga dhumaatti, sun amantaa Kaatolikaati.

MUL'ATA YOH 17:5

66 Amma, amma qabxiin sodaachisaan keessan as jira. Akkanas ni jettu, "Garuu, of irraa na hin dhiibdu, Obboleessoo Braanhaam." Mee gaafii tokko si haa gaafadhuu. Mee amma gara duubbattii deebinee gara mul'ata yohaannisii boqonnaa, 17 isa 5ffaa irra jiru haa ilaaluu.

*Adda ishee irratti immoo... kan barraayee, MAQAAN DHIKATAAN, BAABILOON GUDDITTII HAADHA IJJITOOTA... WANTA CIGGISIISAA BIYYA LAFAA JEDHA.*

Isheen maal turte? E-J-J-I-T-U-U . akkasumas H-A-AD-H-A turte. Maaliif? H-a-a-d-h-a wanta wayii argattee turte. Haadha ilmaanii? kan ejjiitootaa! Ejjituu jechuun maal jechuu dha? sagaagaltummaadhaan kan wal fakkaatu, dubartii sirnaan ala taatee dha? maaltu dubartii seeraan alaa akka taatu eshee taasise? Amantaa ishee ti. Waldaa Kiristaanaa of fekkeessuuf yaalii gochaa turte, garuu kan barsiisaa turte amantaa namtolchee ture. Akkasumas akkana jettee turte. . .yommuu isheen waldaa amantaa isa duraa taatetti, dameen waldaa amantaa tokko tokko immoo ishee irraa kan uumaman fakkaata. Isheen haadha ejjiitootaa turte. Dhugaa mitii? Haadha ejjiitootaati. Haadha ilmaan namaa ta'uu hin dandeessu. Haadha ta'uu hin dandeessu. . .haadha dubartii ta'uutu irraa eeggama. Akkasumas osoo dubartii ta'an, waldaa amantaa ni ta'u ture. Mee amma isa kana haa barbaannu. As keessaa maaltu argama. . .

67 Waldaan inni duraa maal ture? Waldaa kaatolikaati. Waldaan inni lammaffaan maal ture? Lutar. Waldaan inni sadaffaan maal ture? Ziwingilii. Isatti aanee maaltu dhufe? Kaalvin, isa irraas Angilikaan uumame, akkasumas Angilikaan irraa Meetoodistiin uumame. Meetoodistii, meetodistiin maal uume? Isa keessaa Aleksaandar Kaampeel dhufe. Aleksaandari Kaampeeli irraan immoo Yohaanis Smiiz dhufe. Isa . . .Aleksaandar Kaampeel keessaan immoo waldaa amantaa Kiristaanaatu dhufe, itti aanees waldaaleen afurii shan ta'an uumamam, waldaan Kiristoosii fi gosoonni waldaa xixiqoo biroo sana booda uumamuu eegalan. Sana boodas, Amantaan Cuuphaa dhufe, innis dameewwan xixinnoo baayee qaba ture. Akkasumas Amantaa Meetoodistii keessaa. . . Amantaa Meetoodistii keessaa dura kan uumame, amantaa Weesliyaan Meetoodistii dha; haata'u malee yeroo afurii fi shani ol adda bittinnaa'anii turan. Ittii aanaaniis gara Amantaa Meetoodistii akaakuu biraatti jijjiramanii turan, haata'u malee ammas yeroo dheraaf turuu hin dandeenye ture, dhumarrattis gara Meetodistii bilisa ta'etti of jijjiran. Kana boodas, isa kana irraa gara Amantaa Naazareenitti deebi'an. Kanatti aanee immoo, Naazareen irraa gara Imaltoota bakka qulqulluu jedhutti geeddaraman, Imaltoota bakka qulqulluu kan jedhu kun immoo itti fufuu eegale. Gosoonni amantaa xixiqoon haala sanaan uumamaa turan, akkasumaanis jiraachuu jalqaban, hundi isaanii haala kanaan yeroo durii kan eegalan, hanga ammaa jiraachuu danda'anii jiru. Hundi isaanii maal hojjachaa turan? Akkasumas , dhumarratti gara Peenxeeqosxeettii ramadaman.

68 Peenxeeqosheen immoo maal hojjachaa ture? Waanuma haati isaanii hojjachaa turteen kan wal fakkaatu. Gara duubaatti deebi'anii gurmeessaa turan. Kana booda maal ta'an? Garee amantaa ta'an. Gara isa tokkoo deemaa, wanti duraa: " Sirni keessan maalii?" ijoolle, filaa ilkaan mishaa qabuun isin filu, ilaalaa, maal akka taatan beekuu dhaa fi maal akka amantan beekuudhaaf. Kana booda isaan wajjiin kan wal hin fakkaanne yoo taatan, obboleewwan, ammaan booda isaan wajjiin walii galuu hin dandeessan . dhugaa dha.

Akkasumas, ani Peenxeeqosxeedha jechuu keetiin kan nageenya argattu sitti hin fakkaatin. Obboleewwan, peenxeeqosxeewwan baayeen akkuma karaa sirrii irra jiran baayeen isaanii immoo karaa sirriin ala akka jiran beekuu qabda, dhuguma isinitti hima. Ilaaltanii?

HUJII ERGAMTOOTA5:1-10

69 Amma, waldaaleen suniin hundi isaanii, peenxeqosxee akkuma jiruun itti dhiisuutu irraa eeggama ture. Gurmeessuu osoo baatanii, obboloolummaadhaan osoo qabanii, hafuurri qulqulluun immoo ofirraa kan fageessuu fi hin fageessine ilaaluutu irraa eeggama ture. Hafuurri qulqulluun adda ni baasa. Anaaniyaas, Sappihiraan yeroo tokko dhufanii akkas jedhanii turan; hafuurri qulquulluunis akkas jedhe, "Maaliif sobdan?"

Nuti garuu akkana jenna, "Amma, sun obboleessoo Joonsii dha. hamaa isaa amma hin jennu, waldaa kana keessaa nama kennaa gaarii kennu kan qabnu isa qofa. Hafuura qulqulluus akka qabu nan beeka: nama afaan dhoksaan dubbatu akka ta'e fi sagalee guddaadhaan akka waaqayyoon galateeffatus nan beeka." Sanyii baaqelaa gogaa qodaa isa gogaa ta'e irratti naquun caalatti waan tokkos hin qabu, ilaalaa, wanta isa wajjiin wal hin qabanne! Waaqayyoo waan jechuu qabu ni beeka. Kan jedhuu fi kan jechuu hin qabnes ni beeka. Sirriidhumatti.

"Garuu nuti gara garee amantaa keenyaatti ni fudhanna. Walga'ii irraa ni ariina." warri tokkummaa isa ni fudhatu, yeroo muraasaafis isaan bira ni tursiisu, booda immoo isaanis ni ari'u sababa. . . gara biraas ni geessu, warrii Yesuus Qofaa immoo ofitti ni fudhatu. Isaan kunis yeroo murtaa'eef isaan bira ni tursiisu. Kanatti aanee kan isa fudhatu immoo Waldaa waaqayyoo ti. Amantaan raajii waaqayyoo ofitti ni fudhatu, itti aanees gara Adeemsa Toomliinsanitti ni deema. Ooh, Koo! Obboleewwan, kana keessaa dafnee hin banuu! Sun Peenxeqosxee keessa jijjirama isa dhumaati.

Amma, beekamtii magariisa kan argatan, zayita kan waaqeffatanii fi fuula isaanii dhiiga kan dibatanii dha. Ooh, dhiifama, amma garam akka deeman hin beeku. Kana booda waan tokko...

70 wanti hundinuu xureey'ee jira.

ISAA28:5-10

Macaafni qulqulluun ni barbadaa'a akka jedhu beektuu? Macaafni qulqulluun guyyaan sun dhiyaatee jira akka jedhuu fi xarapheezaan nyaataa waaqayyoo haqqeen ni guuta akka jedhuu hin beektanii? Akkasumas, "sirna eenyuun barsiisa? eenyuun inni akka galuuf haa godhu? Qayyabachuun akkuma dandeetti qayyabachuu keenya irratti hundaa'u, dandeetti qayyabachuu irratti, qayyabachuu irratti, sarara qajeelaa irratti, sarara qajeelaa irratti." jedhee . sirna Isaa eenyuun haa barsiisu? "Isaan harma bineensichaa hodhuu dhiisan[haadhoo]." Hubattanii?

71 Amma, dubartiin akkasii hin jirtu, dubartii nama wajjiin kan walii galuu hin dandeenye magaalaa kan keessatti, garuu maaltu intala durba taate uumate. Yeroo dhalattu durba turte. Amma haala gaariin ni deemti. Garuu haati ishee dhalootumaan amala akkasii akka qabdu hin hubattan yoo ta'e, durbi sun, yeroo sagal kudhan keessaa, amaluma haati ishee agarsiisaa turte ni agarsiifti. Kun dhugaa ta'uu isaa ni beektu. Dubartiin mana beekamtii gaarii hin qabne bulchitu daa'ima xinnoo dhaltee umriin ishees waggaa kudha jaha ta'uu ni danda'a, akkuma jireenya qulquluu kamiyyuu ni jiraatti, haaluma sanaan kan turtu yoo ta'e. garuu as keessatti kan beekkamuu qabuu, gara duubatti deebitee, wanta haatii ishee hojjachaa turte hojjachuu ni dandeessi. MUL'ATA YOH17:8

72 Amma, manni amantaa kaatoolikaa, sirna ishee irraa uumamte qabattee fi uffitti amanuudhaan kan dhufte, mana amantaa sagaagaltuu ishee duraati-- akka macaafni qulqulluun jedhetti, "isheen boolla fageenyi isa dhuma hin qabnee keessa kan baate fi deebitee gara badii ishee kan deemtuu dha." macaafa qulqulluutu kana jedha.

Amma, isaan kana sirrii akka hin taanee dha kan barsiisan, akkaataa sagalee waaqayyootiin sirrii miti jedhu. Akkasumas iddoo kanatti, amantaa Meetoodistii kan ishee irraa dhalate ni argitu, dubartii baayee bareeddu irraa; garuu wanti isheen dalagaa turte maal ture? Haaluma wal fakkaataan gara duubaatti deebitee waan haati ishee hojjachaa turte, isheenis hojjachaaa turte. Hordoftoonni ishee uffata gaggabaabaa uffachaa turan, tamboo illee ni aarsu turan, haala barbaadaniin wanta hundaa ni hojjatu ture. . . isa kana irratti qajeelfamni kenname tokkos hin ture. Paastariin umriin isaa xinnoo kan deemee fi beekkumsa wangeelaa gahaa hin qabne tokko waltajjii duuba dhaabbatee, gaafa tokko kaffaltii malee akka hafuu yaade dhugaa dubbachuu dhiise.

Mee isinitti haa himuu, obboleewwan, Wangeela dhugaa lallabee, buskuutaa sooradhee fi bishaan qulqulluu hin taanee osoo dhuugeeyyuu, waayee isaa dhugaa dubbachuu hin dhiisu. Amantoonni waldaa kana hundi isaaniyyuu dhiisanii osoo

bahanii, dhugaa itti himuu irraa hin hafu. Eeyyee sirriidhumatti.

73 Rakkoon maalii? Oh, kun tikkeetti nyaataati. " maal akka ta'e beektuu, ani paastarii waaldaa isa guddaa magaalaa kanaati. " isin warri amantaa cuuphaa fi Meetoodistii hordoftan, raajii sobaa dhaggeeffatan. Sun soba, wanti kamiyyuu faallaa macaafa qulqulluutiin himamu hundi isaa raajii sobaati. Hammamiyyuu gubbaan isaa osoo qulqulla'e womaa natti hin fakkaatu, raajii sobaa akka ta'e nan beeka. Hubattanii. . .

"Ooh wanti hundinuu baayee midhaagaa dha hanga maaqaan keessan macaafa jireenyaa irratti barraayetti." Maqaa keessan macaafota darzanaa ol ta'an irratti argachuu ni dandeessu; macaafa jireenyaa keessa yoo hin taane, baddanii jirtu! Jireenya keessan guutuu gaarii kan taatan , amanamaa fi qulqulluu akkasumas kaka'uumsa kan qabdan ta'uu dandeessu, wanti kun hundinuu garuu isa wajjiin wal hin qabatu!

MAAL1:2;3 ROOM9:13

74 Esaa'uu si'a lama jaakobiin ni caala, akka namummaatti yoo ilaalle, abbaa isaa umrii guddaa fi arguu hin dandeenye sana haala itti kunuunsu yoo ilaalle. Yaaqob baayee daa'ima ta'uu irraan kan ka'e haati isaa fookaa dhan kan baatu fi waan tokkos kan hin beekne ture. Waaqayyo akkana jedhee ture, "Yaaqobiin nan jaaladha, garuu Esaa'uu hin fedhu," ijoolleen lachuu dhalachuu isaaniitiin dura! Roomaanota 8ffaa irratti akkas jedha. Dhugumatti sirriidha.

Namoota keessa maal akka jiru waaqayyo ni beeka. Akkasumas waldaa amantaa keessattis maal akka jiru ni beeka. Biddeena jireenyaatiin jiraataa jirra, beddeena sagalee waaqayyootiin. Sababa kanaaf nuti garee amantaa ta'uu kan dhabneef.

MUL'ATA YOH19:2

75 Amma, mata duree biraa isiniif kennuu nan barbaada. . . kanaan dura ibsa ani barreesse isinitti agarsiisuu nan barbaada. " Inni guddaan. . ." mul'ata yohaaniis 19:2, keessatti, qabxii beekkamu qabu tokko argadhee jira. Isa kana dubbisnee maalummaa isaa akka ilaallu akka arginu nan barbaada amma.

Firdiin isaa dhugaa, qajeelaas waan ta'eef, inni ejjiituu gudditti ishee, haalummaa isheetiin biyya lafaa balleessite, sanatti faradee jira; dhiiga hojjattoota, isaatii isa isheen dhangalaafesgumaa baasee jira[ dhumni bara amantaa katoolikaa kana ture.]

76 Amma, isinis akka hubattan ni barbaanna, asittis, gareen amantaallee hafuura qulqulluu keesatti ni argama, akka. . . akkasumas macaafni qulqulluun waayee garee amantaa hin dubbatu. Gareedhaan qoqqoodamuun amantaa kaatolikii irraa dhufe. haadha garee amantaa ishee duraatii fi gareewwan hundinuu ishee irraan dhufan. Kun immoo baayee kan walfaatu dha, yeroo hundaas akkuma walitti dhiyaateen ni tura. Garuu, gareen amantaa sun kan waaqayyoon uumames kan muudames miti, seexanaan kan muudamee dha!

Waldaan waaqayyoo. . .

"Nuti hin qoqqoodamnu,

Hundi keenya qaama tokko.

Sirnaa fi abdiidhaan tokko,

Kaayyoodhaanis tokko!"

Isa kanatu waldaa waaqayyoo jireenya bara baraa argata. Duree tokko malee, nuti yeroo hundaa waliin jirra. Sirriidha. Namni tokko Meetoodistiis ta'ee cuuphaa, obboleewwan, yommuu deebi'ee dhalatee hafuura qulqulluun yoo gutame, inni obboleessa keenya, harka walqabane gara fuulduraatti ni deemna. Dhugaadha. Eeyyee, kabajamoo, garaagarummaa hin uuminaa.

77 Muusee. Yeroo tokko tokko naannawwa isaa ilaalee, " tuuta rincica peenxeqosxee sana beektaa? , naan jedha. Obboleesso Braanhaam, tuuta rincica akkasii keessaa maaliif baate? " maal akka ta'e beektaa? Muuseen dhalatoota Israa'elii ilaalee, maskootima wal fakkaataa Farahoon keessaa bahe arge. Farahoon akka fakkeessitootaatti kan isaan hubate, garuu Muuseen akka Filatamtoota waaqayyootti dha kan ilaale. Waada isaaniif galamee akka qaban ni beeka!maaliif? sagalee waaqayyootiin beeke.

Akkasumas amantaadhaan, luka isaa waltajjii irra farahooniin ta'uuf kaa'uun, addunyaan martii isa irra kufa (achii taa'anii waynii fuula isaa irra buusaa fi dubartii baayee bareeddu akka isa taphachiiftu bira kaa'anii, akka bulchaa biyyaatti, yookaan akka abbaa irreetti, yookaan akka mootii addunyaatti), Muuseen umrii afurtamatti miskiinota yommuu ilaalutti waada isaaniif galame akka qaban beeke, isaan keessaas inni tokko ta'uun isaa ni galeef. Haaleeluuyyaa!

78 Namni hundinuu mirga filannoo ni qaba. Mirga filachuu ni qabda. Amma irraa eegalee filachuu qabdan . ganama kanas filachuu ni dandeessan. Boru galgalas filachuu mirga guutuu qabdan, lubbuun kan jiraattan yoo ta'e. yeroo kamiyyuu filachuu ni dandeessu. Obboleessoo, yeroo dheera dura ani kan filadhe; macaafni kun hiikkaa jechoota kiyya ture, macaafni qulqulluun kun macaafa jireenya kooti ture, macaafni qulqulluun kun sagalee waaqayyoo ture. Jireenyi koo macaafa qulqulluu irratti hundaa'a, dhaabbadhee deemuu kan danda'e macaafa qulqulluudhaan.

79 Kaanaafuu, Muuseen gara ijoollee Israa'elii ilaaluu eegale; kana qofas miti, akkanas jedhe, "Ooh, namoota baayee gaarii ta'anii dha. Rakkoo tokkos irratti hin argine. Ooh, hin ta'u, hamaa isaanii jecha tokkos hin dubbadhu" . . . yeroo ammaa namoonni baayeen akkana godhu. " Ooh, peenxeqosxeenii fi namoonni sunniin hafuura qulqulluu ni qabu, Ooh, namoota fayyisummaa waaqayyootiin amanan. . . Ooh, ani-ani-ani hamaa isaanii tokkos hin argine." Garuu sun Muusee hin turre. Gibxii dhiisee gara isaanitti makame! Obboleewwan isaa keessaa bahee deeme, dhaqees isaan keessa tokko ta'e.

80 Obboleessoo , karaan ani qabadhes kana. Filatamtoota waaqayoo isaan xinnoo wajjiin karaa koo nan qajeelfadha, baayee xinnoos ta'an, waanuma ta'es ta'u. waada kan qabanii fi maqaan isaaniis macaafa jireenyaa hoolichaa irratti kan barraayee dha. isaan obboleewwanii fi obboleettiiwwan kiyya. Sun dhugaa dha. filannoo keessan godhaatii, isaan filattan wajjiinis dhaabbadhaa. Dhugaas ta'ee , ta'uu baatuus isaan wajjiin dhaabbadhaa. Isaan yoo dogongoran, sirreessuuf yaalaa. Eeyyee. Ofirraa fageessuun tasumaayyuu sirreessuu hin dandeessan. Achi keessaa harkiftanii baasuuf yaalaa.

81 Chaarlai, waayee obboleessoo Alanii, waayee ibidda . . .dhiiga harka keessaa himaa turan. Anis immoo, " takkumaayyuu ta'uu hin danda'u, waayee A.A Alan maaltu na dhibe hin jedhu." Deebisees, "Akka A.A Alan kan lallabuu osoo ta'ee , tajaajila fayyisuu kennuu hin danda'u ture." Amma, gara walii galtee dhabiinsa dhiiga harka keessaa akka wabii hafuura qulqulluutti ilaaluutti yommuu dhufnu, guutumatti kanatti walii hin galu. Garuu waayee obbolummaatti yoo dhufnu, inni obboleessa kiyya. Adda waraanaatti isa wajjiin harka walqabadhee ni dhaabbadha. Sirriidha. Inni yoo dogongore, gargaaruuf nan yaala. Akkasumas inni yoo sirree ta'ee, ani immoo dogongore, akka inni na gargaaru ni barbaada. Kuni immoo karaa keenya gara fuulduratti itti deemnuu dha.

#### MUL'ATA YOH17:5

82 Amma, isa kana hubadhaa, isheen kan turte, " ICCIITII, BAABILOON. . . HAADHA EJJIITOOTAA." Manneen amantaa yeroo har'aa maal akka fakkaatan argitanii, hiriyyoottan, waldaaleen amantaa yeroo ammaa jiran hundinuu karaa isaan itti barbaadaniin akka jiraataa turan beektu? "sirriidhumati, karaa sirriin gara fuulduraa deema," booyyeen booyee ni nyaata, xiyyeeffannoo hin kennuuf. " maaliif, kana godhuun waan hin dhooggamneef. Maaliif, isin faashinii durii ta'uuf yaalaa jirtan. " Amma, sirna isaanii hubadhaa, ilaalaa, sun isaaniin kan baratamee dha. Baroota muraasan duratti agarsiisa fakiitiif akka deemuu kan eeyyamamuuf amantaa kaatolikaa qofa akka ta'e beektuu? Gareen Meetoodistii fi gareewwan isaan biro waayee kan hin yaadan ture: Hin ta'u, sun hojii seexanaati." Haata'u, maal akka uumame nan raajeffadha. Eeyyee, obboleewwan koo.

83 Beektuu, durba kaatolikaa fuudhuu ni dandeessu, wanta xixinnoo kan wajjiin kan dhufan(gariin keessan umriin keessan guddaa kan ta'e, umriin keessan naan qixxaa'u) , keessaa bahatii, gara wanta xinnoo isaanii sanatti dhaqaa. Mucaan sun, akkan timaamutti, waaree kana qilee seexanaa keessa jira. Ani hin beeku , abbaa murtee isaatii miti. Garuu yommuu faaruu fokkisiisaa sana raadiyoodhaan dhageessisetti, osoo hin xiinxalamin—"Gadi bu'aa, shamarreen, gadi bu'aa, bu'aati jilba bareeda keessan agarsiisaa." Kan jedhu sana. Yeroo baayeen dura isaan sun yommuu bahan meeqa keessantu yaadata? Isa sana ture dogongorri inni duraa. Dhugaa dha. akkasumas hiriyyoota isaanii Teksaas irraa yommuu arganii dubartoota isaanii fuudhanii, uffata

keessan akka uffatan taasisanii , akkaata isaanii kanaan dura kan hin qabne fakkeessanii, haala sanaan akka deeman taasisan. Amma, maal hojjachaa jiran? Gara keessatti yaadamuu qaba. Kun hafuura!

84 Yeroo darbee namtichaan tokko natti haasawaa ture, akkanas jedhe, "wanta hojjachuu danda'u hin beeku, ilma amanamaa gaarii tokko nan qaba, ilmi kunis wanta harka isaa irra kaa'uu argachaa jir."

Anis, "Maaliif" jedhe.

"Hoogganicha isaa waliin wal simsiisaa jira."

2QOR6:17 MUL'ATA YOH18:4

Nama hogganaa ta'e tokko irratti maxxanaa turtanii, turtii booda isinis hoogganaa ni taatu. Akaakayyuun guddoon kiyaa akkana naan jetti ture, " Saree tafkii qabutti osoo maxxantanii, tafkiin sun gara keessanis ni dhufa." dubartii amala gaarii hin qabnetti yoo dhiyaattani mucayyoo takka irraa yoo argattanii fi. . mucayyoo sana mucaa amala gaarii qabu wajjiin osoo keessanii,wanti duraa kan beekuu qabdan, mucichi amala saree akka qabaatuu dha. Isa kanas faallaa isaatiin ilaalaa. Hordoftoota waldaa keessaniitiin ni beekkamtu! Keessaa of baasaa! " koottaa isaan keessaa bahaa!" macaafni akkana jedha. " Isaan keessaa adeema,irraa gargar bahaas." Kun dhugaa dha.

85 Gareen amantaa isaanii, hordoftoota isaanii akka cubbeessan duubatti deebi'anii osoo beeksisuu yaalanii ni hubatu ture, yeroo darbe asitti, mana amantaa cuuphaa baayee beekkamaa ta'e tokko keessatti, hordoftoonni tajaajila dhiisanii ni deemu ture. Daqiiqaa digdama qofaaf ni tajaajilu, kanaaf namoonni. . . sababa paastarichi sigaaraa aarsuuf, dhiisanii ni bahu. Hordoftoonni hundi isaanii dhiisanii ni deemu. Hundi isaanii diida dhaabbatanii dacha dacha ni aarsanii deebi'anii ni dhufu—paastarichis isaan wajjiin ni deebi'u.

Gaafa tokko gara waldaa hawaasummaatti dhaqee ture, namtichaa gaawonii dheera uffatee , taa'ee ture, ol ka'ees akkan jedhe. . . akkanatti teessoo waltajjii irratti hirkatee, waayee abaaboo gaara gubbaatti arge haasawaa ture. Waayeen inni jechuu danda'u hundi isaan kana kana. Deebi'ees gara alaa bahe, qubni harka isaa tamboo aarsuu isaa irraa kan ka'ee bifa jijjiratee ture. Eeyyee, akkasumas yommuu inni waayee sana dubbatu warri dhiiraa fi dubartii taphachuuf gara alaa bahaa turan . . . taphni Jarmanoonni itti taphatan maal ture. . . Kaardota baayeetti kan fayyadamtan, beektuu? Ni qaba. . . Ooh, nan yaadadha jedhee yaadaa ture. Pinookile dha! tapha Pinookilee taphachuuf deemaa turan. Akkan yaadutti inni. . . yeroo hundaa kan argitanii dha, Kaardii taphaa beekkamaa dha. taphni Pinaakile lafarratti dha kan taphatamu. Waaqayyoo koo. Sun hundee isaaniit- kan dinqisiisus miti!

Wanti isaan godhan, diidatti waayee amantaa Kaatolika iddoo naanna'aa bakka tapha kaartaa sanatti sagalee guddaadhaan ni eyyu ture. Maaliif, isin warri Pirootestaantiis akkuma isaanii baayee nuffisiisaa dha, kanaafuu waayee isaa maal jettu? Otteen biyyee, ottee sibiilaaatiin "xuraawaa" jechuu hin danda'u. dhugumatti jechuu hin danda'u. akkasumas, isinis erga akkas gootanii, booda akkana jettu, " Ani Preespyteeriyaanii", "ani Meetoodistii" dha jettu. Isin homaayyuu miti,hanga deebitanii dhalattanitti. Kun dhugaa dha. akkasumas waan kana yoo gootan, wanti wayii isin keessaa , wanti gochaa jirtan sirrii akka hin taane fi keessaas akka baatan kan isinitti himu akka jiru beektuu! Akkuma daakiyyeen isin dhaqqabuu hin dandeenyetti, hammuma sanaan sirrii dha. kun dhugaa ta'uu isaa beektuu, sirriidhumatti dhugaa dha. eeyyee, kabajamoo. Gosti akkasii sun haala sanaan deema, maaliif? "haadha ejjiitootaa. "

86 Gaafa tokko jaartii guddoon akkana jechuun ishee hin oolu, "maal akka ta'e beektuu? Wanta hunda booda, jaalala koo, nu lachuu tokko." Kana booda maal akka ta'u beektuu? Waldaaleen amantaa hundinuu walitti dhufanii akkaataa amma jiru kanaan tokko ta'uuf jiru. Kana booda waldaaleen xixinnoo akkanaa kanneenitti maal akka uumamu beektuu? Isaaniif kafaluun keessan hin oolu, ijoolle. Kun immoo dhugumatti sirrii dha.

LUQ 12:32

Garuu hin cinqaminaa, hoolichi hundaa ni moo'ata! Waan Inni mootii moototaa fi gooftaa gooftotaa waan ta'eef; akkasumas waaqayyoo waldaa Isaa bulchuuf ta'a, bakka garee amantootaatiin. Zayita warqee isa hafuura qulqulluu waldaa Isaa irratti ni naqa,

obboleewwan: Ibiddi samii keessa ni bu'a, raajii fi mallattoon haala kanaan dura argitanii hin beekneen ni mul'atu. Eeyyee , kabajamoo. " Hin sodaatinaa, warra karra xixinnoo nana, abbaan keessan mootummaa isaa isinii kennuu jalatee jira." Eeyyee, kabajamoo. " Inni hanga dhumaatti ni jabaata." Yommuu adeemtan, karaa qajeelaa qabadhaa deemaa, mataa keessan gara kallatti isaa godhaa. Macaafni qulqulluun sirrii dha. Hin cinqaminaa.

87 Amma, hubadhaa. Amala baratame tokko ni qabu, amaloota isaan qaban keessaa. Nuti ittuma fuufna. Wanti inni duraa isin beekuu qabdan, dura gara amantaa pirootestaantiin dhufe. Kana booda dubartiin kaatolikaa ni jalqabde. . . " maaliif, uffata gabaabaa uffachuun hin dhooggamu ture, hanga gara waldaa deemaa jirtutti, akkasumas mahaarrabii xinnoo mataa isaanii gubbaa ni kaa'u ture. "aadaa irraan kan ka'e. "guyyaa jimaataa foon akka hin nyaanne." , Ooh, gara waldaa yommuu seentan eenyutu mahaarrabii mataa keessan irra kaa'aa kan jedhu eessaa fidan? Macaafa qulqulluu irraa natti akka agarsiiftan nan barbaada! Raajii sobaati! Waldaa keessatti koophii akka keewwatan isinirraa eeggama kan jedhu eessa jira? Koophii mataa keessan irratti yommuu kaawwattan, waaqayyoon hin kabajne—kun dhugaa dha . Ameen, isinittan himaa. Dubartoota, uumamaan kan isin uffisu ni qabdan, garuu, nama bakka waayee naxalaa fi koophii macaafa qulqulluu keessatti natti himu nan barbaada. Dabbasaa keessan kan uumamaati. Isin immoo gabaabsitanii ni kuttu. Amma, waayeen kanaa hoo? "Ooh" , isaan akkana jedhu, " sun faashinii duriiti." Yoo ta'es, kan macaafa qulqulluuti! Sagaleen waaqayyoo yeroo hundaa sirrii dha.

LUQ7:38

88 Dhiyeenya kana waayee dubartii miila Yesuusii dhiqxeefi dabbasaa ishee fuute, beektuu, isaan akka gogse haasawaa ture. Anis akkana jedhe, " karaan inni tokko, dubartiin kana kan gootuun, yommuu luka isaa dhiqxu fi gogsitu, dabbasaa gahaa ta'e argachuuf mataa isheetiin dhaabbattee ta'uu qaba." Sun dhugaa ture. Ooh, baayee nuffisiisaa dha, haalli dubartiin yeroo ammaa. . asitti, qilleensa diilallaa'aa keessatti, kootii baayee haphii ta'e kaawwatanii deemuun, qaama qullaa isaanii mul'isaati.

Maaliif, akkana jettan, "dubartoota maaliif kaaftan?" isintu ka'uun isin barbaachisa. Akkasumas, worroonni dhiiraa, dubartiin keessan waan kana akka gootu kan eeyyamtan, obboleessoo, waayee kee maal akka yaadu hin beeku. Kun immoo sirrii dha.

Isin warrii paastarootaa ! as keessa ni jirtu jedhee tilmaamuu hin danda'u. garuu mucicha yoo argitan , garana akka dhufu itti himaa. . . ana ilaalaa. Ilaalaa. Hordofoonni isaa waan kana caalaa akka hin beekne taasisuu isaa, caalaa Kiristoosiif kabaja kan hin qabne yoota'ee . . . amma, inni . . . isaan isa duubaan waan kana hojjachuun isaanii hin oolu; garuu waayee kana inni yoo itti himuu baate, inni sun Waaqayyoon tajaajiluuf gahaa kan hin taanee dha. kun sirriidhumatti dhugaa dha. inni sun waaqayyoon tajaajiluuf gahaa kan hin taanee dha. tajaajilaan waaqayyoo sodaamalee ta'uu qaba, wanti sun macaafa qulqulluu irraan kan dhufu ta'e. dhugaa dha. garuu isaan achuma jiru. Gara alaa bahanii , akkuma ta'een ni hojjatu.

89 Kana boodas, wanti duraa kan beekuu qabdan, warra peenxeqosxeetu kana kaasuu qaba. Isin warri meetodistii gaariin fi warrii amantaa cuuphaa, warrii Pireespyreeyaan, warrii Naazareen, warrii adeemsa qulqulluu, fi hundi keessan—waanum,a wal fakkaatu. Keessaa bahaa, tokko keessaa jahaa fi walakkaa darzanaa kan biroo irraas . isin achi jirtu, " Haadha ejjitootaa." Garee amantaa keessan: " Hanga bulchiinsa ool aanaa irraa eegalanitti, garaagarummaa akkamii uumuu danda'a?" ilaaltanii? Hundumaa keessatti garaagarummaa ni uuma. Bulchiinsa olaanaatiin eegalani hin beekan. Jalanatti bulchiinsa olaanaa keessanitti eegalanii ta'uu ni danda'a. eessaa akka dhuftan irratti hundaa'a. kun immoo dhugaa dha.

90 Amma, kan itti aanu kana ilaaluuf yeroo kan qabnu natti hin fakkaatu. Minaalbaata boru ganamaaf itti dhiisuu naa wayya. Gaarii dha, mee ammaaf ishee gabaabduu tana haa ilaallu, as geenye jirra, " cuuphaa bishaan keessaa," akkasumas "waayee dursa murtaa'uu" akkasumas, Ooh, waan baayee. Mee amma isa kana ilaallee, ishee gabaabduu tana kam waayee, "lallabduu dubartii," ilaalle gara biraa ni deemna.

EYYO2:28 keess deeb 2:17

Amma, lallabduun dubartii,miira keessan miidhuu hin fedhu, garuu waan tokko isinitti himuu ni barbaada. Waayee kana irratti macaafn waan jedhu quba hin qabdan, macaafa keessatti tokkoyyuu hin argine. Eeyyee, garam deemaa akka jirtan nan beeka,

wanta isin gootan hunda anis gochaa ture. . . eeyyee, "Akkasumas ilmaa fi mucattiin keessan ni raajeffatu." Amma, paastariin keessan yoo jecha raajii jedhu hin beekne ta'e, waltajjiin duubatti takkaas hin cinqamne, lallabaa akka taatanis isin dirqisiisaa jira jechuu dha. ilaalaa, ' kuni sirrumatti, seera uumamaati hanga mul'ata yohaannisiitti kan dhoogamee dha! mee amma asitti isinitti yaa agarsiisuu.

91 Amma, ana wajjiin 1 Xiimootii2:11 akka bantan nan barbaada. Iddoo kanatti banaa, achumatti ni argama; yaada sanas asumatti ni arganna. Akkasumas seera keessa deebii 2 baasaati macaafni qulqulluun mata dure kana irratti waan jedhu hubadhaa.

Amma, namni tokkoo yeroo baayeeff akkaana naan jechaa tureera , " eeyyee, obboleessoo Biraanhaam, ati jaarsa dubartii jibbuu dha." ani nama dubartii jibbuu miti. Ani hin. . . dubartii iddoo ishee kan hin taanee qabachuuf yaaltu ilaaluutu natti hin tolle malee. Dhiyeenya kana Howaard Shipyarditti yaadattu, dooniin baayee tokko milkaa'eef tokko laga Ohiyoo bira ni jira, dubartii isa irra ni kaa'anii? Wanta uumamuu daawwadhaa. Dubartiidhaaf mirga filachuu kennanii, waan ta'u hubadhaa.

92 Mee amma irraa eegalee isinitti haa himuu. Dubartoota qofaaf miti, warri dhiiraas as keessa akka jirtan akka isiiniif galu gochuu nan barbaada. Garuu ,mee waan tokko isinitti haa himuu, obboleewwan, addunyaan kun kan dubartootaati. Macaafa qulqulluudhaan isiniif mirkaneessuu nan danda'a, wanta kamiiniyyuu wanta isiniif akka mirkanaa'uuf barbaaddaniin. Wanti kun. . . wanta qarshii keessan irra maaltu jira? Dubartii dha. mul'ata yohaannis keessatti eessatti argamti? Ishee ilaalaa. Isheen kaakkofsa kudha sadi, akkasumas wanta hundaa isheetu jalqabe. Dureewwan kudha sadi, mallatoo kudha sadi, kolonii kudha sadi, kudha sadi. . . wanti hundinuu kudha sadi ture ittiin jalqabuuf. Mul'ata yonaannis boqonnaa kudha sadaffaa irratti argamti. Dubartii, kudha sadi

93 Akkasumas bara 1933tt yommuu waaqayyo . . .iddoo waldaan Kiristoosii itti dhaabbataa jiru , mana icciitii guddaa durii,kanatti yeroo nuti walgahii taa'aa jirru, mul'atni waaqayyoo natti dhufee, warri Jarmanootaa dhufanii sarara guddaa tokka baasa tilmaamee ture. Baayeen keessan ni yaadattu, iddoo sanattis hammam akka jabaatan ni yaadattu, akkasumas Ameerikaanonnis sarara sanatti waraana hammamii akka kaasaa turan ni yaadattu.

Akkasumas, wanta ta'uu danda'us himaa turan, akkasumas waayee Rooselvetti fi wantootaa isaanii, akkamitti adeemsisaa akka ture fi tarmii isa arfaffaa sanas hojjatanii turan. Sirriitti, karaadhuma itti darbuuf dhufetti. Akkasumas, makiinonni kunniin gara boca killee qabaachuutti deemaa akka jiranii fi deemee deemees boca killee kan qabaatan ta'uu isaallee himamee jira. Amma, " barri makiinonni goommaadhaan konkolaatan darbee, wanti biraa kan isaan konkolaachisuu danda'u dhufuutti jira. " jedhamee himamees ture. Makiinonni yeroo amma oomishamaa jiran isaanuma raajeffame kana- rimootiidhaan kan deeman, nageenya isaanii eeguuf. Kun immoo sirrii dha. gara magaalaatti zoonii maayila digdamaa seenuu hin dandeessan' maayila digdama qofa seenuu kan dandeessan. Konkolaataa biraa rukutuu hin dandeessan, rimoot kontirooliidhaan waan socho'aniif. Ilaalaa, ammarraa eegalee haaluma himameen deemaa jira.

Itti dabalamees, " Yaadadhaa, guyyaa sanatti, barri dhuma darbuuf dhufuun dura, yeroon inni dhuma dhufuun dura, dubartiin sun. . . amma, wantoota kana hunda katabadhaa. Dubartii guddooni fi humna cimaa qabdu, pireezadaantii taatee yookaan immoo mootummaa abbaa irree taatee biyya Ameerikaa kanatti ni dhufi. Akkasumas , dhiibbaa dubartiitiin lafa jala ni lixxi. Kana immoo hubadhaa, "waaqayyo akkana jedha."

94 Isheen sirrii akka hin taanee ilaalaa! Akkasumas wanti kun karaa akkamii agarsiisa? Mee isinitti haa himuu, hafuuraa qulqulluun guutamaa... of qopheessaa, ilaalaa. Kana gochuun maaliif fayyada? Amantaan kaatolikii garana akka dhufan karaa bana. Ilaaltanii? Hojiin keessan taatota duree fiilmii waaqeffachuu fi wantoota biroo naannoo kanatti argaman hordoftu. Lallaba dhiyeenya kana tajaajile yaadattuu? Maargee, baroota dheeraan dura weerara biyya Ameerikaa fi mootummaa Ameerikaa yommuu kuffisan ni yaadatta mitii. Akkamitti erga nuti " Dubartoota irraa, wayinii fi yeroowwan gurguddoo " irraa erga fayyifnee booda akkamitti Paaris keessatti guddatee , gara Hooli wooddiitti seene . Amma, dubartoota babbareeddu arguuf bakka nuti erguu qabnutti Isaan dubartii babbareeddu arguuf gara keenya dhufu. Kun maal godha? Inni kun. . . iloollee keessan gara agarsiisa fakiitti erguu hin qabdan, garuu televihzinaan mana manattii mul'achuu

eegalee addunyaa maraa faalee jira, ammuma kana ijoolleen akka hin ilaalle godhaa.

Yeroo ammaas bakka kana geenyee jirra. Daa'imman xixinoon dhiiraa fi dubaraa taatota fiilmii fakkaachuuf baayee yaalii ni godhu. Kun maal jechuu dha? kuni karaa baasuu dha. mucaa, dubartiin faalamte takka, dhugaatii badaa magaalaa keessa jiru caalaa namoota baayee gara cubbuu humna seensisuu danda'u ni qabdi. Dhugaa dha. karaa keessa gadi qullaa ishee taatoo isheen agarsiiftu ilaalaa. Eenyuma dhiira ishee wajjiin jiruu hin cinqaminaa, innis nam qulqulluu fi nama fayyaa yoo ta'e, gara dubartii kanatti kan arguu yoo ta'e fi irra akka darbu ni taasisa. Amanamaa ta'aa.

95 Womaa natti hin fakkaatu. . . baroota dheeraaf hafuura qulqulluu of keessaa ni qaba. Gara dubartii qaama garii uffattetti hin ilaalinaa. . . masqala xinnoo wayii konkolaataa kiyaa keessaa ni qaba, baayeen keessan hin argine. Namni tokko akkana naan jedhe, " Ati Kaatolikii dhaa?" kaatolikoonna masqala irratti filannoo argatanii kan argatan yoom ture? Masqala jechuun , " kiristaana" jechuu dha.

Isaan warri xinnoo jaaranii fi qulqulluwwan Seesilaas , mallattoowwan sirna kaatolikaati. Wantoota akkasititti nuti hin amannu. Nuti Gooftaa kiristoossitti amanna. Gosa namoota du'anii fi kan isaan waaqeffatan hunda ni qabu. Hafuuratti amanuu isaanii haala sanaan beeku. Waayeen isaa isuma, kan du'e waaqeffachuu dha. wanti akkasii nu bira hin jiru, hin jiru.

96 Qeesicha sana akkana jedhee gaafadhe, "isaan kun maafiif. . . pheexiroos phaaphaasi isa duraa yoo ta'e. . .?"

Innis deebisee , "sun dhugaa dha" jedhe.

1XIIM2:5

Ani akkana jedhe, "kanaafuu, maaliif Pxeexiroos akkas jedhe, ' namni waaqayyoo fi ilma namaa walitti fidu, Yesuus Kiristoosi isa nama irraa dhalateen ala, enyus gochuu hin danda'u ' isin immoo dubartoota du'an kuma shanii ol kan qabdanii fi wantoota biro hundaa walitti fiduu kan danda'an gootanii maaliif yaaddan? Amma, maaltu uumame?" achuma jirtan. Isaan deebii isiniif kennuu hin dandeenye. Kun immoo dhugaa dha.

97 Amma, barsiifni isaanii tokko tokko, barsiifni isaani kan sobaa,tuutni nabiiyoota pirotistaantii yeroo baayeeff amantaa soba ta'e kana lallabaaa turanii jiru; isin warri amantaa kana hordoftan immoo akkuma jirutti liqimsitan. Kun sirriidhumatti dhugaa dha. amantaa gareedhaan qoqqooduu fi akaakuu cuuphaa,akkasumas ajaja gara garaa kan keessaan darbitan, garuu konkumaa adeemsa qulqulluutiin adda kan ta'e. macaafni qulqulluun guutumattii faalla kaanaati. Kun guutumatti macaafa qulqulluutiin faallaadha, isin garuu isaaf jilbiiffattu. Eeyyee, sin kana gootu.

98 1XIMOO2:11,12

Mee amma, waayee dubartii lallabdu sana dhageeffadhaa.gaarii dha, duraan dursee 1Ximootiyoosi 2:11 nan barbaada. Waan inni jedhu mee dhaggeeffadhaa.

Dubartiin abboomamuu hundumaan gab jettee haa bartuu.

Dubartiin gabiitti haa jiraattu nan jedha malee, haa barsiiftu, dhiira irrattis aboo haa qabaattu hin jedhu

1Ximmo2:11-13

1Iddoo kanatti barreeffamuu isaatiif ani itti hin gaafatamu. Kan barraayee sana isinitti himuun guaruu dirqama kooti. Ilaaltanii? Ilaaltanii?

Dubartiin abboomamuu hundumaan gab jettee haa bartuu. [gara waldaa amantaa Ortodoksii deemtanii, hubattanii kan beektan yoo ta'e, ilaalaa. Argitanii? ]

Dubartiin gabiitti haa jiraattu nan jedha malee, haa barsiiftu, dhiira irrattis aboo haa qabaattu hin jedhu, [Paastarii, daaqonii fi kkf] dhiira irrattis aboo haa fudhattu hin jedhu. [argaa], dhiira irrattis aboo haa fudhattu hin jedhu,garuu gabiitti haa jiraattu.

Akkuma Addaam dura uumamee, Hawwaan itti aantee uumamtes. SEERA UUM2: 21,22 1XIMO2:13,14

99 Isin beektuu. . .dubartoonni amma dhaggeeffadhaa. Isin dubartoonni qulqulluun kiristaanaa , waaqayyoo dhiiraaf dubartii kennuun isaa murtii isa sirri ta'e ture, wanta biraas kennuufii ni danda'a ture. Eeyyee, kabajamoo. Ilaaltanii? Ka'umsa irratti waaqayyo dubartii hin uumne ture. Dubartiin waaqayyoon hin uumamne ture. Dhiira



irraa kan uumamtee dha. Waaqayyoo dhiiraa fi dubartii erga uumee booda , lamaanuu gar gar baase. Kana booda,erga dhiirti biyyoo lafaa irra jiraateee maqaan bineensaa itti moggaafamee, biyyoo lafaattis yeroo dheeraaf ture, waaqayyoo cinaacha bitaa Addaam irraa duubartii uumee. "Addaam duraan dursee tolfame, Hawwaan immoo ergasii tolfamte." Mee amma hubadhaa.

Addaam hin sossobamne, dubartittiin garuu sossobamtee seera cabsituu taate.

100 Waaqayyoo gara dhiiraatti ilaalaa ; seexanni immoo dubartii ilaala. Qajeelaadhaan fuula isaa keessa ilaalaa mee. Yeroo ammaa maaltu raawwatamaa jira? Waldaan waaqayyoo inni dhugaa, "Yesuus" jedha. Isaan faallaa Kiristoosii ta'an immoo , "Maariyaam!" jedhu, hafuura isaanii ilaalaa, isaan haala kanaan jiru. "Maariyaam, Haadha waaqayyoo, haata'uuyyuu malee dubartiin mucaa dahuun ni fayyiti;warri kaanis amantittii jaalalatti qullaa'ummaattis of qabuudhaan yoo jiraatan ni fayyuu. Ameen." Maariyaa kadhadhu. . . Ooh waaqa koo! Ilaalaa isin achi keessa jirtu. Dubartii kaayyoo seexanaa. Kiristoos ! lallabaaf kan dhaabbate,isa tokko. Isin immoo achi keessa jirtan.

1XIMOO2:13,14

101 Addaam duraan dursee uumame, Hawwaan immoo itti aantee uumamte. Addaam hin sossobamne ture. Akkamitti paaastarii yookaan immoo daaqqonni dubartii qabaattaniree? Addaam hin sossobamne ture, garuu dubartittiin sossobamtee turte. Haata'u malee isheen. . . akka tasaasofte hin yaadne ture, garuu sossobamte turte . dubartittiin erga sossobamtee booda, seeraa cabsitee turte . sababani isaas . . . yeroo hundaa yeroon saqooqaa yommuu dhufutti, sababa dubartii sanaatiin ture. Yeroo hundaa yommuu daa'imni booyutti, sababa dubartiitiin . yeoo hundaa namni yommuu du'aaf saaxilamuu, sababa dubartiitiin. Yeroo hundaa dabbasaan arri yommuu baasu, sababa dubartiitiin. Wanti hundinuu, duuti, sababa dubartiitiin ta'a. wanti hundinuu sirrii hin taane yommuu uumamu, sababa dubartiitiin. Isin immoo ishee kana sammuu mana amantaa ni gootu: paastarii, yeroo tokko tokko Phaaphaasii ni gootu. Baayee Jibbisiisaa dha.

1XIMOO2:15

102 Mee amma , daqiiqaa muraasaaf gara wanta biraatti isin haa dabarsuu. Mee amma, gara 1qoronxoosii14:32tti isin haa geesse, waan Phaawuloos asitti dubbate isinitti haa himuu, itti aansinee qajeelumatti daqiiqaa muraasa kessatti gara biraa ni deemna. Asittis yeroo dheeraaf isin tursiisuu hin barbaannu , yoo baayee kan dadhabdan ta'ee boru ganama deebitanii hin dhuftan. Gaarii dha , amma, nan dubbisa... Phaawuloos barsiisaa kaka'aa akka ture meeqa keessantu beeka? Amma, yaadadha, Phaawuloos akkana jedhee Ximootowoosiif barreessef. Ilaaltanii? Amma, 1Qoronxoosii14:32 keessatti. Mee asii jalqabnee haa dubbisnuu,14:34, ani nan amana.

*Dubartiin walga'ii waldoota Kiristaanaa keessatti hin dubbatin...*

1XIMOO2:15

Wanta inni jedhee dhageeffattanii?

*Dubartoonni walga'ii waldoota Kiristaanaa keessatti hin dubbatin, dubbachuun isaaniif hin eeyyamamne, akkuma seerri jedhutti haa abboomaman.wanti isaan baruu barbaadan yoo jiraate , manatti abbaa manaa isaanii haa gaafatan . . .*

SEERA UUM3:16TIT2:5

Isa kana dalga dubbiftanii? Kan dubbistan yoo ta'e, gara duubatti deebisaati gara seera uumamaa 3:16tt kan isin hin fidnee kaan ilaalaa. Waaqayyoo yommuu Hawwaatti himu,sababa jireenya ishee hunda ajaja abbaa manaa eshee dhageeffachuu diddee waan seexanichi itti hime dhageeffatteef sana. Haala kamiin dubartiin takka dhufttee abbaa manaa ishee ajajuu, paastarii yookaan daaqqonii ta'uu dandeessi, macaafni qulqulluun akka jedhutti, " Akkuma seerri jedhutti haa abboomtu." Akkuma yeroo jalqabaa waaqayyoo. . .? Waaqayyoo hin jijjiramuu. Sagaleen waaqayyoo asitti waan tokko jedhee iddoo biraatti immoo waan biraa akka jedhuu taasisuu hin dandeessan. Kun ta'uu hin danda'u. yeroo hundaa Inni waan tokko qafa . kanaafuu yeroo jalqabaatti, sun yeroo. . .

1QOR14:34

103 Kun xummuramuu isaatiin dura, carraa kan argadhuu yoo ta'e, waayee fuudhaa fi

hiikkaa sana isiniif jabeessuu nan barbaada. Waldaa kana keessatti hanga ammaa waan kana raawwadhee hin beeku. Garuu isin waadaa dacha kana daawwadhaa. Gareen tokko hirumuu ni dandeessi jedha, gareen biraa immoo Inni fuudhuu hin danda'u jedha, kuun immoo kanaaf kaan jedha. Yeroo muraasaaf tasgabaayaati yommuu bara geenyu waan macaafni qulqulluun jedhu ni dhaggeeffanna. Argitanii? Gaarii dha. ammaaf as ilaalaa:

104 *Dubartoonni walga'ii waldoota Kiristaanaa keessatti hin dubbati:... dubbachuun isaaniif hin eeyyamamne; akkuma seerri jedhutti haa abboomaman.wanti isaan baruu barbaadan yoo jiraate , manatti abbaa manaa isaanii haa gaafatan.*

1QOR 14:35

Yeroo kakuu moofaatti akka dubbatan hin eeyyamamuuf ture, sababni isaas Phaawulostu asitti akka hin eeyyamamneef nutti hime. Sun sirrii dhaa? " dubartoonnii walga'ii waldaa kiristaanootaa keessatti hin dubbatin, akkuma seerri jedhuttis haa abboomaman. " amma, walbira qabdaniid dubbisuu yoo barbaaddan , duubatti gara seera uumamaa 3:16tt deebisaati ilaalaa. Gaarii dha. " Nu jalatti, seera jalaan haa bulan."

Wanti isaan. . . baruu barbaadan yoo jiraate, isaan haa. . . abbaa manaa isaanii manatti haa gaafatan : dubartiidhaaf walga'ii waldaa amantootaa keessatti dubbachuun dhoorkaa waan ta'eef.

Maaliif?. . .

105 Sagalee waaqayyoo tokkoon tokkoo isaa keessatti bakka " maaliif" jedhu irratti mallattoo gaafii ilaalaa. Phaawulosiin akkasi akka jedhu maal akka kakaase beektuu? Amma, isin carraa xalayaa warrii Qoronxoosii phaawuloosiif barreessan argachuu osoo qabaattanii, manneen kitaabilee gaggariitti ni argattu, kanaafuu waan isaan phaawuloosiif barreessan beekuu ni dandeessu. Xalayaa kana keessatti wanti isatti himan, waayee dubartii jijjiramte sana. . . dubartii Diyaanaa jedhamtu kan akka waaqaatti waaqeffatan ni qabu ture, isheen kun immoo warra Efeesoon irraa turte. Warri Qoronxoosiillee isheedhuma kana waaqeffatu ture, sababni isaas waaqeffannaa amantaan alaa ture.

Akkasumas gaafa tokko raasaa keessatti dhagaa boca dubartii qabu argan,dhagaan kunis boca dubartii kan qabu ture. Akkanas jedhan, " Waaqayyo dubartii dha, Isheen waaqni kunis bifa fi boca ishee gara lafaatti nuuf darbite." Akkasumas gamoon waaqeffannaa isaani kan Isa soloomoon irraa baayisee ni caala ture, isaan seenaa kan qaban ta'uu isaaniis dabalani himan. Oh , kan isaanii hundi isaa dhagaa marbilii warkee dibamee irraa kan tolfame fi kan soloomoon immoo muka warkee dibame irraati kan tolfame jedha. Ilaaltanii? Kanaafuu baayisee kan keenyaa ni caala jedhan. Sana booda, waaqayyo osoo dubartii ta'ee, sirrii osoo ta'ee, qeessii dubartii ni qabaata ture. Dhugaadha , waaqayyo osoo dubartii ta'ee, dubartiin lallabuun yookaan tajaajiluun sirrii ture. Garuu waaqayyo dhiira, macaafni qulqulluun akka jedhutti inni dhiira ture. Inni dhiira. Ilaaltanii? Waaqayyoo erga dhiira ta'ee, lallabdoonnis dhiira ta'uu qabu.

106 Amma isa kana hubadhaa, hubadhaa: " maaliif?"

Amma, lallabdoonni dubartii gariin isaanii, Yeroo amantii dhabeeyyii irraa gara kiristaanummaatti jijjiramani, iddoo lallabdummaa ni arganna jedhanii yaadanii turan, kana yaadanii ture kan dhufee danda'an. Yeroo sana waayee Diyaanaa lallabaa yoo turanii , amma immoo as dhufanii waayee kiristoosii lallabuu eegalan.

1QOR14:36-38

Inni akkana jedhe, " Akkam inni, dubbiin waaqayyoo isin biraa bahe moo?" isa kana dhaggeeffadhaa, tajaajilaan waaqayyoo tokko akkamitti kana gochuu danda'a? soddomii jahaffaa irra kan jiru:

Akkamitti? Dubbiin waaqayyoo isin biraa bahe moo? Yookiin isinuma duwwaa bira ga'e ree?

Namni tokko , nama waan waaqayyoo isatti mul'ise himuu yookaanis nama kennaa hafuura argate yoo of se'e[ nama waan waaqayyoo isatti mul'ise himuuyyuu osoo hin taane, nama yaada hafuura qabuuyyuu osoo ta'ee] wanti ani isiniif caafu kun abboomii isaa kan gooftichaa ta'uu isaa haa beeku. [ kana ni amantuu?]

Namni kana... beekke fudhachuu dhabaate garuu,innis ofii isaatii hin beekkamu.

1QOR14:37

Kana immoo akkuma jirutti yoo keettan ifaa fi ifa . ilaaltanii? Inni akkana jedhe, " namni tokkoo kennaa afuura kan qabaate yoo ta'e yookaanis nama waan waaqayyoo itti mul'ise kan dubbatu ta'e, wani ani isinii caafu kun abboomii isaa kan gooftichaa ta'uu isaa haa beeku." Garuu immoo akkanas jedhe, " Namni kana beekke fudhachuu dhabaate ; garuu innis ofii isaatii hin beekkamu. " hubadhaa, wanti godhamuu danda'u isa kana qofa. Haala kanaan itti fufuu yoo barbaadan, wanti isin godhuu qabdan akka deeman itti dhiisuu qofa; sababni isaas Inni jalqaba irrattiyyuu itti himee jira.

107 Akkasumas dubartoonni tokko tokko akka natti himanitti, phaawulos akkana jedhe, " Ooh , phaawulosiin dubartii jaarte ni jibba."

Inni nama dubartii jibbuu miti! Beektuu Phaawuloos ergamaa ture, amantaa azaabiitiif. As ilaalaa. Phaawuloosiin beektuu. . . ? phaawuloos isa kana lallabuu isaa meeqa keessantu beeka? Wanti inni asitti jedhe isaa? Phaawuloos akka jedhetti. . .

Isin akkana jechuu ni dandeessu, " gaarii dha, hafachu mee daqiiqaa muraasaaf, obboleessoo Biraanhaam. Daqiiqaa muraasaaf! Amma Phaaphaasiin keenya kun sirrii dha jedhee jira. Abbaan taayitaa inni olaanaanis sirii dha jedhee jira. Phaaphaasiin warra tokkumaas sirrii dha jedhee jira."

1QOR14:37 GAAL 1:8

Isaan wanta fedhan jedhanis anaaf hin galu, hundinuu soba! Ani immoo dursee isinitti akka himetti, wanta ulfaataa fi dhugaa ta'e walitti himna. Ergamtoonni sobaa immoo sirrii miti ni jedhu. Macaafni akka jedhutti, " Namni tokko , nama waan waaqayyoo isatti mul'ise himuu yookaanis nama kennaa hafuura argate yoo of se'e, wanti ani isiniif caafu kun abboomii isaa kan gooftichaa ta'uu isaa haa beeku." Hafuurri isaa yoo sagalee waaqayyootiin kan wal hin simanne yoo ta'e, jalqabuma irraayyuu ergamaa sobaati. Dubartii kan jaaladhee irra kan jibbe nan filadha, haala sanaan kan deemu yoo ta'e, namoota kaayyoo akkasii qaban wajjiin deemee ajaja waaqayyootiin faallaa ta'uu hin barbaadu. Kana irratti akka jedha phaawuloositti[ warra galaatiyaanoota 1:8] akkana jedhe, " Haata'uuyyuu malee, ani yookiin is ergamaan waaqa irraa tokko wangeela isa nuyi kanaan dura, isinitti himnetti, kan gargar ta'e yoo isinitti hime, inni sun abaaramaa haa ta'uu." Amma, waayee kana maal gochuutti jirtuu?

EYYO'EL2:28 HOJI ERGAMTOOTA2:17

108 Amma, isin akkana jedhuu ni dandeessu, " waayee ijoolle fi intaloo bakka himutti hoo ' ilmaan keessanii fi intalloonni keessan raajii ni dubbatu,' iyyoo'el keessatti, akkasumas kan Peexiroos guyyaa Peenxeqostee keessatti kan dubbate hoo?" sun dhugumatti sirrii dha.

SEERA UUM17:10

Bara kakuu haarawaa keessatti, karaan isa tokko turee fi yeroo ammaas karaa isa tokko kan ta'e, namni kamiyyuu gara gamoo waaqeffannaatti dhufuu kan danda'u karaa tokko. . . qofaan akka ture fi waadaan kan galame Abrahaamiif akka ta'ee fi inni kunis kan raawwatamuu dhagna qabamuu dhaan akka ta'ee beektuu, meeqa keessantu kana beeka? Waaqayyoo kan fudhatus karaa kana ture.

109 Obboleessi amantaa cuuphaa hordofu tokko, akkana jedhe, " Obboleessoo Biraanhaam, nuti cuuphamtoonni maaliif hafuura qulqullu fudhanne? "

Anis , "Yoom ture isa kan argattan?"

Innis, "Yeroo amanne sanatti." Jedhe.

HOJI ERG 19:2

Anis akkana jedhe, "phaawuloos akka jedhetti, 'Yeroo amantee irraa eegalee hafuura qulqulluu fuhdattee jirtaa?'" Dabalees, "Amma, isin warri Cuuphaa garii isaa argachuuf jirtu, akkasumas nutis jireenya bara baraa isin wajjiin ni qoodamna." Itti dabalees, "Garuu... haala, saan eessaa argattan?" Ilaaltanii? "Innis, 'erga amantani irraa kaasee isin argattanii jirtuu?' Isaan waaqeffattoota tura, sagalee guddaadhaan iyyaa gammadaa turan. Garuu hanga ammaa hafuura qulqulluu hin arganne, phaawuloos hin arganne jedhee jira." Ilaaltanii?

HOJI ERG 19:2

"Yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattaniittu?"

HOJ ERG 19:2

Isaanis akkana jedhan, "Hafuurri qulqulluun akka jiruuyyuu nuyi hin dhageenyee jedhan."

HOJ ERG 19:3

Deebisees, "Yeroos immoo isin maalitti cuuphamtan ree?"

HOJ ERG 19:3

Isaanis, "Cuuphamnee jirra" Jedhan, garuu sobaan cuuphaman, argitanii, kanaafuu irra deebi'anii cuuphamuu qaban ture. Sirrii dha.

110 1QOR14:37,38 1XIMO2:12

Amma, isa kana hubadhaa, lallabdoonni dubartii kuniin, yommuu aman, aangoo hunda kan argatan itti fakkaatee ture; garuu konkumaa sun waaqayyoon kan dhoorgamee dha. akkasumas. . . akkuma mata duree kana irra jirrutti, waayee dubartootaa, keessatti haa ilaallu. Amma, akkana jedha, "Namni tokko , nama waan waaqayyoo isatti mul'ise himuu yookaanis nama kennaa hafuura argate yoo of se'e, wanti ani isiniif caafu kun abboomii isaa kan gooftichaa ta'uu isaa haa beeku. Namni kana beekke fudhachuu dhabaate garuu, innis ofii isaatii hin beekamu. " sababa kanaafi waldaan keenya kun lallabduu dubarti kan hin muudnee , daaqaonii fi aangoo waldaa kanaa kamiyyuu dubartootaaf kan hin kennine, macaafni qulqulluun asitti ifaan ifatti waan kaayee fi dha.

IYYO2:28

111 HOE 2:17

Amma, macaafni qulqulluun akkana ni jedha, "ilmaan keessani fi intaloon keessan raajii ni dubbatu." Amma, jechi raajii jedhu maal jechuu dhaa? Hubadhaa. "hafuura keessaan waan wayii dubbachuu," yookaan waan fuulduratti ta'u tokko dursa nii himuu dha." jecha dacha dha." akkasumas jecha dacha kan of keessaa qabuu dha.

Akkuma eebbifamuu jechuun, " qulqullaa'uu fi tajaalilaaf filamuu akka jechuuti," ilaalaa. Jecha dacha dha, jechuunis wanta tokkoo ol kan ta'ee dha jedhuu dha. akkuma nuti afaan ingifaatiin karaa baayeen hiknetti.

Akkuma nuti jecha yaabachuu jennutti. Gaarii dha, yaabachuu jechuun maal jechuu dha? isin akkana jechuu ni dandeessu, "deemsa isaatiif qarshii kaffale," " miti , miti, boolla qoffore jechuu dha." "miti miti, isa aarse jechuu dha." yookaan . . . ni jettu, argitanii? Jechuma tokko , waayee maalii dubbachaa Akka jirtan beekuun isinirraa eeggama. Hubattanii?

IYYO 2:28, HOE 2:27

Akkasumas , kanaaf sun kana wajjiin kan wal qabateef; jechi dacha kun bakka, " ilmaan keessanii fi intaloon keessan ni raaju." Jedhutti. Amma, karaan inni tokko kan waaqayyo. . .

112 Hordofaan cuuphaa kun akka jedhetti, "Gaarii dha, hafuura qulqulluu fudhannee jira." Jedhe.

Anis, "Yoom..." jedheen.

"Yeroo amannetti." Jedhe.

Anis, "Amma, ilaalaa..."

ROOM 4:3 GALA3:6 Jaas 2:23

Caafanni qulqulluun waayee isaa maal jedha ree, "Inni waaqayyoon ni amanate..." Akkanas jedhe, "Abrahaam waaqayyotti ni amanate," Karaa kanaan ture inni kan kaa'e. akkana jechuun, "Abrahaam waaqayyotti ni amane, kunis qajeelummaatti laakka'ameef." Inni kun dhugaa ta'uu isaa meeqa keessantu beeka? Amma, hubadhaa, seexanni hamman salphumatti wanta sana gara obboleessootti mucicaachisu. Gaarii dha, kan kan jedhu macaafa qulqulluu dha.

Obboleessoo. Sittan himaa, gubbaa kanatti, isa kana keessa seenuu keetiin dura muudamuu qabda. Gara iddoo dhoksa ta'etti dhaqxee waaqayyoon kadhachuu qabda.

Namoonni akkana jedhu, " Maaliif gara diidaa deemtee namootaan wal hin argtu? Obboleessoo, gara diidaa deemtee namoota wajjiin yoo dubbachuu barbaadde, duraan dursitee gara waltajjii dhufuu keetiin dura kophaa kee teesse waaqayyoon wal arguu qabda. Dhugaa dha, ilaalii, seexannii baayee qaroo dha.

ROOM 4:3 GAL3:6JAAS2:23

113 Akkana jedhe, hubadhaa, Inni akkana jedhe, "Abrahaam waaqayyotti ni amanate, kunis qajeelummaatti laakka'ameef." Sun dhugaa ture. Deebisees akkana jedhe, " Amanachuu caalaa, Abrahaam maal gochuutu irraa eeggama ture?"

Anis, "wanti gochuu danda'u isa qofa."

Innis deebisee, "Amanachuu caala ati yookaan namni kamiyyuu maal gochuu danda'aa?"

SEERA UUM 17:10

Anis, "wanti gochuu dandeenyu sana. Garuu , ilaalii obboleessoo, Waaqayyoo amantaa Abrahaamiif beekkamtii kenneefii jira. Mallattoos ni kenneefi, mallattoo dhagna qabamuu, mallatto kakuu walii galuu isaanii kan agarsiisuu dha. Ilaalaa, waaqayyoo ni kenneef. . . akkana jechuun, ' Amma, Abrahaam amantii kee beekkamtii kenneefii jira, ofitti si fudhachuu koo sitti agarsiisuuf waada siif gala.' Kanaafuu Abrahaamiin dhagna ni qabe, kun immoo mmallattoo walii galtee ti. "

1XIMO2:15

Akkasumas yeroo ammaatti . . . dubartiin kakuu waadaa sana keessa hin jirtu— dubartii heerumte yoo taate malee. Barbaadaa. Dubartiin dhagna hin qabamne; kanaafuu gara tokko dhufuu qaba, isheenii fi abbaan manaa ishee , isaan tokko. Kana booda lama ta'uu hin danda'an, isaan tokko. Meeqa keessantu kana beeka? Caafanni akkas jedha. Erga heerumtee booda tokko ni taati. Achumarraan gadi deemaatii ximootiyoosi keessatti ilaalaa: isuma kana hima, jedha, "haata'uuyyuu malee, dubartittiin mucaa da'uudhaan ni fayyiti: warri kanaanos amantitti, jaalalatti, qullaa'ummaattis of qabudhaan yoo jiraatan ni fayyuu."

HOJI ERG2:28 HOJI ERG2:17

114 Amma, dhagna qabummaan bara kakuu moofaa foon qofaan ture; garuu, bara kakuu haarawaa kanatti, Iyyoo'el akkana jedhee jira, " bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa; ilmaan keessanii fi intaloon keessan raajii ni dubbatu." Jechii raaguu jedhu "barsiisuu" miti. Jechi raageffachuu jedhu, " hafuura keessaan ta'anii, wanta darbe himuu," yookaan immoo, " wanta fuulduratti ta'uuf jiru" himuu dha. akkasumas, bara kakuu moofatti raagonni akka jiran ni beekna. Garuu isaan kun gamoo keessatti, waldaa keessatti , waaqeffaattootaaf, akka barsiisaatti hin raagan ture. Garuu iaalaa, Annaa fi baayeen isaanii gamoo waaqeffannaa keessatti, isaan raagota turan; Meeriyaamis haaluma sanaan ni raageffatti ture. Isheen hafuura ni qabdi sun dhugaa dha, garuu bakki dhooggantes ni jira.

IYYOO'EL 2:28 HOJI ERG 2:17

Dubartoonni yeroo ammaa waltajjiin duubatti raaguu ni danda'u , sirriidhumatti; garuu barsiisaa fi kkf ta'uu hin danda'an. Waltajjii irratti akka raagan yoo gootan garuu, macaafa qulqulluu akka wal hin simanne gochaa jirtan. Macaafni qulqulluun waan tokko asitti jedhee, gamasitti immoo waan biraa jechuu hin danda'u. yeroo hundaa wanta wal simatu dubbata, kana yoo hin taanee sagalee waaqayyooti miti. Ilaaltanii? Kanaafuu, " ilmaan keessanii fi intaloon keessan ni raajeffatu." Jechuun, " wanta fuulduratti ta'u ni himu" yookaan immoo, " wanta ta'e ni mirkaneessu." Jechuu dha. Amma, gubbaa sana ilaalaa; kitaaba hiikkaa macaafa qulqulluu sana ilaalaati sirrii ta'uu dhabuu isaa argaa. " ilmaan keessanii fi intaloon keessan ni raagu."

SEERA UUM2:20

115 Amma, macaafni qulqulluun waayee dubartii fakkeessituu. . . yookaan waayee dubartii akkas ta'uu . . . barbaaddus ni dubbata. Kun immoo waayee Amantaa Kaatolikii fi mata duree amma dubbachuuf taanu kanaafis ni tajaajila. Mee amma gara mula'ata yohaannisitti deebinee boqqonnaa 2:20 irra kan jiru haa dubbifnuu: wanti sun hammam kan seexanaa akka ta'ee fi kan waaqayyoo akka hin taane, bara dhumaa kanatti raawwatamuuf ta'uu isaa dubbachuu dhaan, haalaa dubartittii kanaa ni hubattu ture. Yaadadhaa, amantaan Kaatolika maqaa dubartiitiin waamama . isa kana immoo

dursinee dubbifnee jirra, hin dubbifnee? Mee amma isa kana dhageeffadhaa, [mul'ata yohaannis2:20] , keessatti maal akka jedhu, "Garuu..." Waldaa isaa kan Tiyaatraatti dubbachaa jira, ilaalaa. "Garuu..." waldaa bara jiddugaleessaa kan ta'e sanatti, isa bara dukkanaa keessa darbe sana.

Garuu dubartitti Jaazabeel jedhamtu, ishee ani raajiidha ofiin jettee barsiiftu sana , ishee hojjattoonnii koos galamootummaatti akka jiraatan , qalma waaqayyoolii tolfamaniif dhiyaate akka nyaataniif wallaalchisaa jirtu, caluma jettee dhiisuu kee kana si irratti argadheera.

116 MUL'ata yoh 1:13

Amma, yommuu sirritti hubattanii jiraattan, baroota Amantaa kanneen daawwadhaa, sana booda ni dhaabna. Itti aansinee boru ganama wantootaa biro ni kaafna. Ilaalaa. Waldaa waaqeffannaa warra Jiwuushotaa keessatti, baa ttoo duungoo isa warqee irraa tolfame irratti dungoowwan warqee irraa tolfaman torba ni jiru ture. Kana garuu hundi keessanuu ni beektu. Baroota amantaa torbatu jira. Inni kunis waayee baroota amantaa turban sana dubbata. Yommuu mul'ata yohaannis 1 keessatti hubattanii yoo jiraattan, Yesuus baroota amantaa , baattoo duungoo turban jidduu akka dhaabbatee jiru ni hubanna — yommuu ofirra naanna'ee ilaalu, wanta ilma namaa fakkaatu, uffata uffatee kan dhaabbatu . . . haalli ture, baattoo dungoo sana irra misirroota waaqayyoo turan kan dhaabbatan.

Amma, bara kakuu moofaa keessatti, dungoowwan kanneen keessaa tokko ni ibsu ture, isa sana dhaamsanii kan biraa immoo ni ibsu ture, tokko dhaamsaa kan biraa ni ibsu, akkana gochaa hanga dungoowwan torban waliin gahanitti itti fufu ture.

1MOOTI19:18ROOMI11:4

117 Jalqaba irratti hubattanii yoo jiraattan, yeroo waaqayyoo Jiwuushota wajjiin walitti dhufeenya eegaluu fi yommuu isaan bara gaarii keessa darbaa turanitti; akkasumas walitti dhufeenyi Isaa jiwushota wajjiin kan bara dukkanaa keessattis raawwatame, waaqayyoo kanneen hunda kan raawwataa ture bara Ahaabiitti ture. Akkasumas , yommuu macaafota bara amantaa sanneen yoo dubbistanii hubattanii jiraattan, Inni gara isaanii deebi'ee akka deeme ni hubattu. Akkanas jedhee ture, amma, wantoota xinnoo duraa fi amma bara dukkanaa kana keessatti, baroota kuma kudha shaman sanneen keessatti. . . bara Ahaab keessatti dursee fi Jiwuushota wajjiin, bara dukkanaa guddaa keessa turan: Yommuu Ahaab Jezaabeeliin fuudhee sagaagaltummaa gara warra Israa'elootaatti fidee, ummanni hundi Ahaabiin Gooftaa Jezaabeelii akka waaqeffatan ta'ee ture. Yaadattuu, yeroo isaan... muka bosonaa guuranii, bakka waaqeffannaa waaqayyoo hojjattan. ISaan keessaa kan booyee Elishaa qofa, waaqayyos akkana jedhe, Ani namoota Ba'aaliif hin sagadin namoota kuma torba ofii kootiif hambifadhee jira. Isa kana yaadattuu? Waldaa waaqeffanna filatamaa akkasiitu dhufaa jira. Achi ilaalaa, haalaa isaas hubadhaa.

118 MUL'ATA YOH 2:5 MUL'ATA YOH 3:8

Amma, waldaa kana keessatti, waldaa isa duraa kan beektan yoo ta'e: waldaan inni jalqabaa, waldaan Efeesaanotaa, waldaa baayee guddaa ta'e ture. Waaqayyo akkana jedhe, " Ammas eenyurraa akka dhufte yaadadhu." Waldaalee hundaa yoo hubattanii jiraattan, badaa dhufee, badaa dhufee, akkasumaan hanga Tiyaatraatti itti fufe. Baroota dhibba kudha shan muluu. Kana booda inni karaa biraatiin dhufe, " ifa xinnoo argattee jirta. Hujii isa dura hojjattee sanas hojjadhu, kana yoo gochuu dhabaatte garuu, ani suttu dhufee, baattuu ibsaa keetii iddoo isaatti nan buta." Akkasumaan hanga bara Filaadeelfiyaatti dhufee, itti aansee barri waldaa amantaa Laawdeeshiyaa dhufe.

119 MUL'ATA YOH3:1,8

Amma, wanti gammachiisaan as jira. Ooh Koo, inni kun baayee natti tola, Obboleessoo Smiiz, garana ilaalii, bara waldaa amantaa kana keessatti akkuma ilaalaa deemnutti ... amma, kana sirritti hubadhaa. Barri waldaa Amantaa isa duraa Efeesoon, bara waldaa amantaa Efeesaanotaati. Baroonni waldoota amantaa kunniin tokkoon tokkoo isaanii , hanga barri dhibbentaa kudha shan kun gahutti, yoo hubattanii jiraattan ... gara manaatti yommuu galtan galgala kana dubbisaa, yeroo kan qabaattan yoo ta'e, yookaan bor ganama gara waldaa dhufuu keessaniin dura, mul'ata yohaannisi boqonnaa, 1ffaa, 2ffaa fi 3ffaa dubbisaa. Baroota waldaalee amantaa kanneen hunda achitti ni argattu. Innis akkana jedhee ture, " Ati humna xinnoo qabda , garuu dubbii koo eegdee

jirta. "; hanga bara dhibbeentaa kudha shaman Tiyaatraa , bara dukkanaa sana gahutti. Kana booda, karaa biraatiin dhufee akkana jedhe, "maqaadhumaaf jiraataa dha jedhamtee ni waamamta, ati garuu du'aa dha."

HOJ ERG4:12MUL'ATA YOH 3:1MUL'ATA YOH 17:5

120 Akkasumas isaan kun . . . baroonni waldaalee amantaa isaan biro kamiyyuu, barri waldaa Filaadeelfiyaa maqaa sana deebi'anii hin arganne ture. Tasumaa deebi'anii hin arganne, sababni isaas yeroon isaanii darbee waan jiruufi. Amma, Ooh, barsiisa sobaa akkamitti isaan irratti kaa'uu dandeenya, yeroma durii sana, haadha isaanitti, amantaa kaatolikaa haadha hunda isaaniitti, haala isheen, " Haadha, Baabiloona icciitii." Kuni immoo. . . ilaalaa, barri amantaa amma jiruu kun, yeroo dhufutti ifa xinnoo ishe qaba ture, sana booda suuta suutaan ifaa gara gurmaa'uutti baroota dhibbeentaa kudha shanan kana keessatti. Yeroo ammaa immoo sirritti ifuu eegale: kunis akka waldaa Gooftaa Yesuus Kiristoosii osoo hin ta'in , akka amantaa Kaatoolikaatti. Luzar maal qabee dhufe? Waldaa Luzaraanii. Warrii cuuphaa maal qabanii dhufan? Akka waldaa cuuphaatti. Maqaa Isaatiinii miti, maqaa Isaatiinii miti;maqaa biraatiin : " Isin maqaa ni qabdu miti." " Jeennata keessatti maqaa Yesuusiitiin alatti fayyummaa keessaniif maqaan biraa akkuma hin kennamnetti"; " maqaa ittiin jiraataa jirtan ni qabdu garuu duutanii jiirtu. " jireenyi qoqqodama amantaa sanaas kanuma.

121 "Ooh, ani garee Pireespiyiraanotaati jett -- garuu warra duutanii dha! " Ooh, ani amantaan koo Cuuphaadha jettu -- garuu warra duutanii dha!karaan inni tokko kan isin gara biyya lafaa kana dhuftanii jiraachaa jirtan karaa Gooftaa Yesuus Kiristoos qofaan. Dhugaa dha. cuuphaan sobaa keessan immoo:bishaaniin, cuuphaa sobaa, bishaan firfirsuun, mataatti naquun,guutumaan guututti bishaan keessatti gadi qabuun cuuphuu irra karaa sana hordoftu; maqaa " Abbaa, ilmaa fi hafuura qulqulluutti" fayyadamtu bakka maqaa Gooftaa Isa tokko Yesuus kiristoositti. Barsiisonni sobaa kunniin akkasumaan wal qabatanii gadi bu'an; macaafni qulqulluun akka dubbatutti , akkuma ulfaatina isaatti itti fayyadamaa jedha. Garuu nuti asitti akkaataa barbaanneen itti fayyadamna. " Gaarii dha, waldaan koo garuu ajaja macaafaa akkuma jirutti itti fayyadama. " macaafichis akkasuama jedha. Ilaaltanii? Kanaan ala wanti biraa hin jiru , wanti biraa hin jiru.

122 Macaafa qulqulluu keessatti iddoon namoonnii afaan isaanii baasanii irbaata waaqayyoo nyaachaa, qeesichi waynii dhugee machaayee hafuura qulqulluutu natti dhufe jedhi jedhu hin jiru. Macaafa keessatti harka keessan walqabadhaati , harki mirgaa kan waaqeffattoota hafuura qulqulluu jedhamee haa waamamu kan jedhu hin jiru. Namni tokkoyyuu ol ka'ee , " Ani , waaqeffataa dha," akkasumas hafuura qulqulluu argadhee jira jedhee kan hime hin jiru. Jedhaniis yoo jiraatan hojii ergamtootaa boqonnaa 2faan akkanatti kan sirrii ta'e hima, " Ayyaanni guyyaa shantamaffaa inni Pheenxeqosxee jedhamee beekkame yommuu ga'e, hundinuu iddoo tookotti walitti qabamanii turan, karaa jalaatiin Qeesiin Roomaa tokko itti dhufe, uffataa dheera inni uffates isaanitti gara galche. Gara isaaniitti dhiyaachaas akkana jedhee, " tokkoon tokkoo keessan afaaniin dubbachaa, irbaata waaqayyoo irraa hiradhaa, dursaati erbaata waaqayyoo." Hojii ergamtoota boqonnaa 2ffaatiin wal fakkaachuu hin danda'uu?

123 Gaarii dha, isin warrii pirootestaantii namoota gaggaarii miti. Iddoo sana dhufanii akkana jedhu, "Amma, isin warrii mettoodistii gara keessan yommuu dhufnu, harka mirgaatiin walqabadhaa, harka mirgaa keessan nuuf kennaa, yeroo yaalli ji'a jaha keessatti." Hoji ergamtoota boqonnaa 2ffaa keesatti iddoo kamitti argamaa inni kun? Ilaaltanii? Isa sana eessaa fiddan? Ilaalaa? MUL'ATA YOH 3:1

Akkas jedha, "Hundinuu yaada tokkoon iddoo tokkotti walittiqabamanii turan . . . !", qeesiin isaatti dhufee wanta kana raawwate tokkoshin jiru, qeesiin dhuufee isa kan akka raawwatanis kan taasise hin jiru.Garuu, " Dingatas huursaan waaqa irraaakka bubbee bubbisuutti dhaga'ame, manicha isaan keessa jiranis guute, " karaan isaan itti fudhatan jira. Eeyyee,kabajamoo, huursaa waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti isaanitti dhufe--karaa gubbaa irraa yookaan gareewwan amantaa irraa miti kan itti dhufe. "maqaa ittiin waamamtan ni qabdu garuu duutanii jirtu."

124 Ilaalaa, amantaani fi qoqqodamni amantaa keessani waaqayyoo akkaisinitti hin dhiyaanne godhee jira. " hanga isa kana amantanitti, akkasumasguyyoonni raajii taasisuu illee darbaniitu jennee ni amanna." Akkana jedhanii kan himan raajota sobaati. Harka keessan wal qabadhaa sana booda hafuura qulqulluu ni argattu kan isiniin jedhu

raajii sobaati. Bishaanguddaa keessatti guutumatti cuuphamuu irra bishaan isinitti firfirsamuu qaba jedhanii kan isinitti himan raajota sobaati. Maqaa Abbaa, ilmaa fi hafuura qulqulluutiincuuphamuu qabdan jedhanii macaafa qulqulluu irra kan hin jirreen , kan isinitti himan raajota sobaati. Kun dhugaa dha. sagalee waaqayyoo keessattihaala sanaan cuuphamuu qabdan jedhee kan himu hin jiru, eenyullee haala sanaancuuphamee fayyee hin beeku, isaan cuuphamanis maqaa Gooftaa YesuusKiristoosiitiin[ ergamtoota Yohaannis hafuura qulqulluu argachuuf irra deebi'anii maqaa gooftaa YesuusKiristoosiidhaan cuuphamanii jiru]. Sirrii dha.

**Amma, Inni kun kaayyoo warra Yesuusqofa jedhanii miti. Kaayyoo warra Yesuusqofaa nan beeka , inni kun isaa miti, Inni kun kaayyoo yookaan sirna macaafaqulluuti. Dhugaa dhas.**

**Garuusin isa kanaan ala jirtu. Maal isin fayyaduu danda'a? haawwonni keessan achi jiru, haati amantaabadaa keessanii achi jiran.**

125 Mee amma, gara duubaatti deebi'aati macaafa qulqulluu keessatti bishaan firfirsuun nama cuuphame natti agarsiisaa. Isin warri Pireespiriyaanootaa, Meetoodistootaa, kaatolikaa macaafa qulqulluu keessatti bishaan firfirsuun nama cuuphame natti agarsiisaa. Macaafa keessatti nama tokkoyyuu cubbuu isaa irraa fayyuuf bishaan kan itti firfirsamee fayye natti agarsiisaa mee. M,ee tarreessa. Argachuu ni dandeessu? Kan argattan yoo ta'e gara kiyya koota, anis cubbuu koo dugda koo irratti baadhee karaa guddaa gadii kana keessa deemaa akkana jedha, " raajii sobaa"—ani sirrii hin turre. Yookaan immoo, macaafa qulqulluu guutuu isaa keessatti nama abbaa, ilmaa fi hafuura qulqulluun cuuphame, yookaan haala isin keessaa parsantii saddeettamaa ol kan taatan itti cuuphamtan yoo jiraate gara kiyya kootaa. Macaafa keessatti namni tokkoyyuu haala sanaan kan cuuphamee yoo kan natti mul'iftan ta'e, mallattoo , " Ani raajii sobaati" jedhu dugda kooti irra kaawwadhee karaa keesaa nan deema. Nama maqaa amantaa isa haarawaatiin cuuphamee irra deebi'ee karaa sirriitiin maqaa Yesuus qofaan osoo hin ta'in maqaa Gooftaa yesuus Kiristoosiin kan hin cuuphamne macaafa keessatti yoo argitan natti agarsiisaa. Kun sirrii dha. sirrii ta'uu dhabuu isaa hubadhaa.

126 Asitti immoo , maal agarsiisa? Isheen haadha ejjitootaati. Ejjittu akka. . . sagaagaltuu akka taatu maaltu ishee dhidhiibe? Kaayyoo yookaan sirna isheeti. Ejjittu akka taatuu maaltu taasise? Barsiisa isheeti.

Sababa kanaaf nuti garee manta isaaniiti fi barsiisaa isaanii kan hin fudhanneef. Macaafuma qulqulluu wajjiin qulqulloofnee jiraanna. Jireenyi keessan macaafa wajjiin hammam akka wal simatu hin beekuu garuu sirritti bartanii jirtu. Sirrii dha, sun dhimma keessan. Akka macaafaatti akka jiraattan isinitti hin himuu garuu dhugaa ta'uu isaa isinitti hima. Sababa kanaaf nuti qoqqodama garee amantaa kan hin taaneef. Karaa isaan hordofan keessaan deemee amantaa Kenya xureessuu hin barbaadu, kan namootaan jibbaman garuu kan waaqayyoon jaalataman wajjiin adeemuu nan filadha. Qulqulluu ta'ee ajaja sagalee waaqayyoo wajjiin kan taa'e naa wayya!—sana booda dhiigni nama tokkoyyuu uffata kiyya irra hin jiru jechuu nan danda'a. sababa kanaaf waldaa Biraahnaam keessatti hanga ammaa kan turreef. Sababa kanaaf nuti maqaan tuutaa kan nuuf hin kennamneef. Sababa kanaaf nuti garee tokkummaa kan hin jedhamneef. Sababa kanaaf nuti kan garee Yesuus qofaa kan hin jadamneef, akkasumas garee meettoodistii kan hin jadamneef. Kan keenya waldaa xinnoo dha. qoqqoodama gareedhaan gonkumaayyuu hin qabnu nuti. Maqaa Kiristoosiitiin nuti bilisa. Sababa kanaaf haala kanaan kan jiraanu. Waaqayyos nu eebbisee jira, nu gargaaraas jira.

127 Amma, maaliif erbaata waaqayyoo akka qopheessinu isinitti hima, miila maaliif akka walii dhiqnu isinitti hima, waaqeffattoonni cubbuu akka hojjatan yoo beekne maaliif erbaata waaqayyoo akka hin hiranne dhoogginus dabalee isinitti hima. Sababa sanaaf torbee lamaan dhumaa kanneen waaqeffataa tokko irraa gara biraatti adeemaa kan ture, yeroo isin wanta hin barbaachifne hojjachaa jirtanitti. Oli gadi deemaa, inni tokko isa biraatiif himuu hin qabu, mataa keessan garagalchaa karaa irratti walbira darbuun, baayee kan isinirraa jibbisiisuu dha. burcuqqoo eebbifamaa waaqayyoo eenyutu qaxxaamura kanaa fudhate, erbaata kana irraa, kana booda obboleetti fi obboleessoo walli jedhee waama, kana booda hundinuu gara mobaayila isaatti deebi'ee kan wal qaabatu hin jiru. Haala kanaan kan deemtan ta'e Kiristaana jedhamuuf hin dandeessan. Sirriidha , moobaayila keessan cufaa. Waayee nama tokkoo waan gaarii hin dubbattan taanaan, wanti gaariin afaan keessan keessa hin bahu jechuu dha. yaadadhaa,



waaqayyoo itti gaafatamaa isin godhuutti jira. Hanga hafuurri badaan akkasii isin keessa jirutti, karaa waaqayyoo keessa akka hin jirre beekuu qabdan.

MAATI5:23,24 MAATI18:15GAAL6:1

Akkasumas, kan isinitti hin dhagahamne yoo ta'e...

128 namni tokko kan dogongore yoo ta'e; Isatti dhaqaatii, araaramaa! Kophaa keessan araaramuu yoo dadhabdan, nama tokko qabadhaati deemaa. Waaqayyoo waldaa Isaa sirreessuu yoo baatu kan dinqisiisuu miti, 'sababni isaas karaa sirrii ta'een isin adeemsisaa waan hin jirreef. bilbilaan waayee waayee nama kanaa dubbachuu irra , wanta asitti raawwatame, waayee waldaa ishee xinnoo kanaa fkk haasa'uu irra , isa kana gochuu irra maaliif waan macaafni ajaju hin raawwanne? Obboleewwan tokko tokko kan tasaasa'an yoo ta'e, isatti dhaqaa! Sana booda walii galuu kan hin dandeenyee kaan ni argitu. " haata'u, amma, inni akkana na godhe... " wanti inni isin godhe na hin dhibu, karaa kamiinis ta'u itti dhaqaa. Inni gara keessan dhufuu dhabuu ni danda'a. isin gara isaa dhaqaa inni yoo dogongore. Isin akkana jechuu ni dandeessu, " inni dogongoree jira gara kiyya dhufuutu irraa eeggama ture." Macaafni qulqulluun akkas hin jedhu. Macaafni isin akka iosatti deemtanii dha kan ajaju. Inni yoo dogongore , isin isatti dhaqaa.

Sana booda, Inni yoo si dhagayuu dhabaate garuu, dubbiin hundinuu amansiisaa dhugaa baatota nama lama yookins sadi dhaabbata akka ta'utti, nama kan biraa wajjiin dhaqi.

MAATI 18:17

Kana booda, namoota fiddee dhuftellee yoo dhageeffachuu baate, " gara Paastariitti nan geessa." Jedhiin . sanas dhagayuu yoo baate, " waldaadhaaf nan hima." Jedhiin. Akkasumas guyyaa soddomaaf har'a irraa, isin obboleewwan waan kan furuu yoo baattan. . . obboleessi asitti argitan kun araaramuf qophii dha. isin garuu araaramuu hin barbaaddan. Kana malees isi guyyoota itti aanan soddomaaf waan kana furuu yoo dhabaattan , wanta ta'uu danda'uu beektuu? Isin kana booda miseensa keenya ta'uu hin dandeessan. "

MAATI 18:17

129 Macaafni qulqulluun akkana jedha," waldaayyuu yoo dhagayuu dide immoo, si biratti akka nama hin amaniniif, akka qaraxxuu hin amanamnetti haa lakkaa'amu. " argitani , hanga obboleessi kun ajaja waldaa jala jirutti, dhiigni Gooftaa Yesuus Kiristoosi balaa irraa ni ittisa. Sababa kanaaf adeemsa keesaatti aangoo waldaa kan galchinuuf. Kun immoo, sirna waldaa Cuuph . . waldaa Cuuphaa yookaan Waldaa Biraanhaamiiti -- hundi keessan kana yoo gootan, nuti maaliif. . .

130 Garana dhufan, fakkeenyaaf haa jennuu, namoonni lama, Anaa fi liyoon. Ani akkana haa jedhuu, " Haata'u , inni na miidhee jira!" inni kun garaagarummaa wayiituu fiduu hin danda'u, ani isatti dhaquutu narraa eeggama. Inni miseensa waldaa kanaati. Waaqeffataadhas. Erbaata waaqayyoo wajjiin qoodanne jirra. Akkasumas maqaa gooftaa Yesuus Kiristoosiin kan cuuphamne nu lachuu, akka obboleewwaniitti harka wal qabanneeti hanga amma kan dhufne; booda garuu wanti kun nutty gale malee.

Namaa miti. . . Parsantii sagaltamaa ol kan ta'u seexanatu gidduu namaa seena. Namootaa miti, seexana malee. Seexanichi wanta kana akka raawwatu hanga eeyyamteef, obboleessa kee kan miidhaa jirtu si'i. sirrii dha.

131 Tole, anaa nfi liyoo jidduu waldhabiinsi xinnoon wayii uumamee ture, mee deemnee haa araaramnu. Rakkoon akka jiru yoo argitan, gara keenya dhuftanii, " ijpoolle isin lamaanuu garana koottaati araaramaa. Aadaa kana guddisuuf taanaa." Jechuun dirqama keessan. Kana booda akkas kan ta'u yoo ta'e fi kan danda'amuu yoo ta'e, nuti as jirra, " Tole, wanti duraa. . . walii galuu hin dandeenyu." Yoo jedhe, sana booda gara waldaatti ni fiddu jechuu dha.

Kana booda yoo. . . waayee isa kanaa hanga waan tokkos hin raawwannetti, hammamiyyuu dhiigni Yesuus Kiristoos nu lachuu eegus, ilaaltanii? Kana booda Kaansariin inni duraa sun kansarii biraa uuma, inni kunis kaansarii biraa uuma, kana booda waldaan hundinuu ni dhukkubsata. Kana booda gara waldaatti iddoo dhufanitti ni teessu, immoos ni qabbanooftu; waaqeffattoonni dhufuu isaaniitiin dura qulqulleessaan dhufee iddoo qulqulleessu qaba. Sirrii ta'uu isaa beektuu. Diilallaa'aa: namni wayii

naannoo sana ni taa'a, womaas hin dubbatu. " namoota hafuuraan guutamne ture." Tole, maaltu raawwatame? Isin sirrii gootan , rakkoo maaltu uumame? Cubbuun keessan adda isin baasa , isaaf waaqayyo isin gaafata, obboleewwan!

Amma, waan kana nan sirreessa.

132 Ani rakkoo tokkos hin qabu, Liyoonis rakkoo tokkos hin qabu— seexanatu jidduu keenya seene. Dhugaa dha. rakkoo uumame sirriitti xiinxalaa. Gara isaatti dhaqaa. Inni kan isin hin dhageenne ta'e[ yookaan ani kan hin dhageenyee yoo ta'e, karaa kamiinis ta'u] , sana booda waldaadhaaf himaa. Guyyaa soddoma keessatti dhufee araaramuu yoo baate, sana booda , inni eeggumsa Yesuusiitiin ala ni ta'a. isa ni dhabna. Kun immoo dhugaa dha. sana booda wanta ta'u hubadhaa. Sana booda waaqayyo haa sirreessu. Isn harka keessan keessa ni baastu. Hanga dandeessan xaartanii jirtan. Waaqayyos yeroo muraasaaf mee wajjiin haata'uu, innis gara seexanaatti ni deebisa. Innis deebi'ee ni dhufa. Yoo deebi'uu baate , umriin isaa baayee kan gabaabbate ta'a.

133 1QOR5:1,5

Macaafa qulqulluu keessatti yaaadattu obboleessi tokko waaqayyoo wajjiin walli galuu kan dhabe? Isa kana meeqa keessantu yaadata? Guddiftoota isaa wajjiin jiraataa ture, isaanis sirreessani hin guddifne ture, Paawulos akkana jedhe, " seexanaaf dabarsaati keennaa!—haa barbadaa'uu. . . " warra Qoronxoos II keessatti ni argattu, sana booda ni sirraaye.

134 Obboleessa tokko nan qaba, hiriya mishaa dha, iddoo kanatti maqaa isaa dhayuu nan barbaada. Obboleessa wangeela lallabu dha. obboleessi lallabaan wangeelaa kun maqaan isaa Raasmuseen jedhama. Lallabdoonni wangeelaa baayeen galgala kana as teessan maqaan isaa waraqaa harkaa qabdan irra jira. Inni kun walakkaa gareewwan amantaa Chikaagoon ala jiruu irraa argamee dha. ilaalaa. Ilma barsiisaa ta'e ni qaba, deemee durba kaatolika fuudhe. Karaa kanaan dhugaa irraa bade ture, waan godhu wallaalle, olii gadi badaa turee, waan qabee gadidhiisu dhabe, rakkoo cimaa keessa seenee ture. Kana booda abbaan isaa itti dhufee, akkana jedheen, " ilma koo ilaali, abbaa kee wajjiin araaramuu ni barbaaddaa? " namoota gurguddoo waldaa keessaa waamee, abbaa isaas. Akkana jedhe, " Amma ilaali, waldaa kanatti wanta sana himachuu barbaaddaa?"

Innis akkana jedhe, " Amma, Abbaa koo, ati abbaa kooti, si wajjiin kana booda wal dhabuu hin barbaadu."

135 Gaarii dha, gara waldaa dhagee daaqaonii tokko argee gara mana isaatti gadi deeme. Akkanas jedhe, " Weeslii, sitti haasawuu nan barbaada." Innis, " wanta kana waldaa wajjiin sirreessuu ni barbaadda?" jedheen. Innis deebii gaggabaaboo lama haala sanaan kenneef. Akkana jechuun, " yaadadhu, Weeslii, Ani Paastarii waldaa sanaati. Ani abbaa keeti, garuu wanta waaqayyo godhi naan jedhe gochuuf ta'a! kanaafis wanta sana akka sirreessitu guyyaa soddoma siif kennuuf jira, kan hin gootu taanaan waaqayyoo irraa si fageessutti jirra. Ati ilma kooti; inni immoo fayyisaa kiyya." Dabalees, " Sin jaaladha. Akka si jaaladhus ni beekta , Weeslii, siif jedhee iddoodhuma kanatti nan du'a; garuu sagalee waaqayyoo wajjiin wal simachuu qabda, argitee." Dabalees, ' 'Ani Paastarii dha, tiksee hoolotaati; yoo ilma kiyya taatelle yookan wanta fedhes taatu, sagalee waaqayyoo wajjiin wal simachuu qabda. Kana hin gootu taanaa, kana booda anis tiksee isaa ta'uu hin danda'u.

Ilma, inni sun paastarii dha. Inni sun nama. Isinitti hin fakkaatuu? Inni sun nama. Ilma isaatiif kana itti himee; miira isaas miidhe. Ilmis deebisee, " maaliif, eenyuun miidhuuf taata nama moo fayyisaa kee? "

136 Kanaafuu innis, "kana booda ni deemne jedhe."

Akkasumas, " Ani kana godhuu hin danda'u. waldaatti himee jira, akkana jchuun, ' ilmi koo Weesliin, yaada kana irratti na dhagayuu didee jira jedhee. Daaqonis dhagayuu ni dide, obboleessoowwan ati fi ati immoo kanaaf wabii dha mitii?[ eeyyee.] Tole, torbee afran har'aa guyyaa sambataa sa'aati saddeetitti, wanta sana waldaa kana wajjiin sirreessuu yoo baate, ilma kiyya seexanaaf dabarsinee ni kennina. Dhiigni kunii fi dhiigni gooftaa Yeesus Kiristoos kana booda eeggumsa hin godhaniif. "'

137 Akkasumas waareen sun dhufee, waltajji irra dhaabbadhee, "Daqiiqaa dabalataa lama ni qaba." Jedhe." Yeroonis gahee, " Amma, Weeslii Raamsan akka ilma kiyyaatti, sitti fi waaqeffatootatti hima, Waaqayyo guddaa , wanta gochuu qabnu hundaa goonee

jirra. Akkaataa sagaleen kee ajajuu fi haala qajeelfama ilma keetiitiin, fayyisaa keenya, amma, nuti. . . anaa fi waldaan kun na wajjiin ilma kiyya seexaanaa foon isaa akka barbadeessu, lubbuun isaa garuu akka fayyuu dabarsinee kenninee jirra. "wanti jechuu dandeenyu hundi kana. Torbee lamaaf wanti tokkos hin taane, minaalbaata ji'aa fi achii ol yoo ta'e malee.

138 Waaree tokko Weesliin ni dhukkubsate. Dhukkubni isa erga qabee booda, itti cimaa deeme. Doktora manatti waame. Doktorichi dhufee ni yaale. Hoo'inni qaama isaa dhibbaa fi shan ture, kanaafis sababni hin argamne ture. Dhukkubni itti cimuu itti fufe. Doktorichi akkana jedhe, "mucaanana wanta si dhukkube beekuu hin dandeenye jedhe." Wanta godhuu qabus hin beeku ture. "speeshaalistii ni waamna ." Jedhe. Speeshaalistii waamanii innis ni dhufe, gara hospitaalaa geessanii achittis wanta inni himate hundaa ni yaalan, speeshaalistichis, "dhukkuba isaa beekuu hin dandeeny , mucichi du'aaf deemaa jira." Jedhe. Haati manaa isaa achii dhaabbatte ni boossi ture. Daa'immaan siree marsanii ni taa'uu ture. Speshaalistichi, " du'uutti jira ." jedhe. " hafuurri isaa yeroo yerotti hir'achaa jira." Jedhe.

Mucichis akkana jedhe, "Abbaa koo naa waamaa." Ooh eeyyee! Haaala sanaan kan hojjatamu. Isa kana . " abbaa koo naa waamaa." Sana booda abbaan isaas fiigichaaan hospitaala dhagee isa ilaaluuf. Mucichi akkan jedheen, " Abbaa koo, amma hin danda'u, garuu waaqayyo sagalee kiyya ni dhagaya. Wanta hundaa nan sirreessa. Nan sirreessa; eeyyee nan sirreessa." Eeyye obboleewwan koo. Battaluma sanatti sirni hargansuu isaa sirraayaa deeme.

Sana booda, sambata itti aanutti, waltajjii irra dhaabbatee, " waaqayyoo irratti waldaa kan fuulduratti cubbuu hojjadhee jira . waan Paastariin naan jedhee dhagayuu didee, wanta daaqaonin naan jedhe dhagayuu didee." " amma, waldaa kana cubbuu hojjadheef dhiifama akka naa godhu nan gaafadha." Jedhe. Itti dabalees, " Waaqayyoo lubbuu koo naa baasee jira." Isinitti himaa ,Inni yoomiyuu siorrii dha. wanti gochuu qabdan sana argitanii? Isin. . . karaa waaqayyootiin yoo deemtan ilaaltanii?

139 Amma, ilaalaa, karaa nuti deemnu, walgahii boordii ni qabna, " tole, itti haa fuufnuu... " ni jenna. Waldaa keenya kana hin jenne, namoota pirootestaantootaatiin jedha, walgahii boordii ni qabna: " waayee Joonsii maal yaadda? Isa wajjiin akkamitti akka deemnu yaadda? Akka yaada kootiitti Warra Meetoodistootaa nurra filachuu hin oolu." Isin akkana . sun sirrii miti! Sababa kanaaf nuti barsiisa isaanii kan hin hordofneef. Akkasumas, qeessonni gariin, maqaa isaanii dhayuu yookaan gariin jechuu ni dandeenya [bakka bu'aa naannoo garee waldaa Peenxeqosxee keessatti maal jettuun?] bakka bu'aa Pireespiraanii, waamaa mee amala nama kanaa ni ilaalla.

Macaafni maal gochuu akka qabnu nutty hima. Sababa sanaaf qoqqoodama garee isaanii kan hin hordofneef. Nuti want asana irraa bilisa. Ameen. Natti hin aarinaa, natti aartanii? Isinis sana hin hordofinaa. Waaree boruu gaafilee mimishaa isiniif qabadhee nan dhufaa, garuu ni . . . sun sirrii dha ilaala.

140 Yaadadhaa... miti, kana amma jedhe. Isin namoonni garee amantaa gara garaa irraa dhuftan, gareen amantaa keessan... obboleessoo,ani isin Kiristaanaa miti jechaa hin jiru. Garee waldaa keessan keessatti Kiristaanonni qulqulluun kumaatamatti lakkaa'aman hin jiran hin jenne. Ani kan jechuuf yaalaa jiru sababoota nuti qoqqoodama garee amantaa hin taaneefi, ' sana jechuufis as hin dhaabbanne. Miti, kabajamoo, dhugumatti miti. Wanta gochuu qabdan isinitti himuuf yaalaa jira. Waaqayyoo wangeela akka lallabuu yoo na waame, karaa Inni na ajajeen lallaba. Sun immoo macaafa keessatti kan ajajamee dha. kana wajjiin kan wal hin simanne yoo ta'e, sana booda. . . waaqayyoo sanaaf na gaafata. Garuu, sardiidni yommuu dhufuu yoo arge, yookaan alagaan yommu dhufu yoo arge, sirreessuu yoo dhabaadhe, kana booda waaqayyo na gaafata. Garuu yoo isin qajeelche, sana booda dhimma keessan. Ilaaltani?

141 1XIM2:122XIM3:1,2

Yaadadhaa, "Guyyoota gara dhumaatti,yeroon sodaachisaan akka dhufu hubadhaa, namoonni warra ofittoo, sassatoota, of-jajoo, afuufamoo, arrabsituuwwan, warra abboota isaaniiti fi haawwota isaaniitiif hin abboomamne,galata hin qabne, warra wanta qulqullaa'aadhaan morman ni ta'u." ilaalaa, warra wanta qulqullaa'aa morman: " Ooh, tuuta dadhabdootaa. Guyyoonni raajii darbuuf dhufanii jiru. Wanti akkasii hin jiru. " Inni raajii sobaa duriiti. " Amma, dubartoonni keenya faaayida hamma dhiiraa akka qaban ni beekna. " ani sana wajjiin xinnoos mormaa hin jiru, garuu maccfni qulqulluun waaqayyoo

waltajjii irra ishee fageessaa jedhee jira. Kunumti anaaf gahaa dha, ilaalaa, sun dhugaa dha. Tole, ilaaltanii? Akkasumas, " Amma, gareen waaqeffannaa keenya, akkuma waldaa keessatti namoonni gaggaariin jiranitti, nutis ni qabna." Jedhame, ani kana tasumaayyuu hin jenne, garuu macaafni qulqulluun gareedhaan qoqqoodamuu ni dhoowwa. Sun sirrii dha. kanaafuu , amma, miseensa gaggaarii waldaa keessan keessatti hin qabdan hin jenne. Baayee gaarii dha. namoota gaarii dha. namoota mimmishaa garii wajjiin waldaa kaatolikaa keessatti walargee jira. Kan arge hundinuu namoota baayee gaarii ta'anii dha.

142 Amma, karaan isa kana itti fidnu, hiriyyoottan, waaqayyo yoo jedhe, qo'annaa dachaa itti aanu kanatti—waaree boruu kan ilaalluu fi kan hin ilaalle kaan boru ganama isin beeksisa. Kaayyoon isa kana hojjachuuf yaalaa jirru, gara waltajjiitti fiduuf jecha. Amma, nama biraa garana qabattanii dhufuu yoo barbaaddan , baayisee ni jajjabeeffamtu. Garuu yaadadhaa, soquuf deemtanii akka as hin dhufne. . . ani kan himaa jiru hordoftoota waldaa kootiif, argitanii, isa kana waldaa kootiin alatti hin barsiisu; sababni isaas , yaada nantichaa isinitti himeeti, inni immoo tiksee waldaa isaati.ani immoo...

[mallattoo gurraacha teeppi irratti]

143 ..jalqaba seera uumamaa keessatti. Fuula isaa gaggaragalchee iddoo jiru isinitti mul'isa. Amaa , gara duubaatti macaafa seera uumamaatti deebinee haala daa'imni seeraan ala ta'e sun waldaa waaqayyoo dhaloota kudha afuuriif maaliif seenuu akka hin dandeenye ni barbaanna. Haala. . . cubbuu sana ofirraa baasuuf waggoota dhibba afur itti fudhata jechuu dha. waaqayyoon abaaramuun maatii haala kamiin gara ijoolleetti akka daddarbuu fi dhaloota gara dhalootaatti akka daddarbu macaafa seera uumamaa keessatti barbaadutti jirra.

144 Sana booda ni ilaaltu[ gara hundee duubaatti deebitanii] akkamitti waaqayyoo uumamuu biyya lafaatiin dura, yeroo durii atoomiin tokkos osoo hin dhodhoo'in dura, ifaan uumamaa osoo hin jiraatin dura,waaqayyoo wantoota biyya lafaa irratti uumaman tokkoon tokkoo isaanii ni beeka ture. Kan as jiru jiraa...? jechi dhuma kan hin qabne jedhu maal akka ta'e fi gadi cabsitanii maalummaa isaa ibsuu hin dandeessan. Akkuma kaameraa keessan " dhuma kan hin qabne" irratti bantanitt. "achi irraa eegalee". Sanuma , ilaalaa. Dhuma kan hin qabne dha. akkasumas , nuti sammuu dhuma qabuun kan sammuu isa dhuma hin qabnee qabu qabaachuu hin dandeenyu.ilaalaa, nuti sana gochuu hin dandeenyu. Isinis sana gochuu hin dandeessan ,argitanii? Garuu callistanii yoo hubattan, hafuura qulqulluu keessaan taatanii, maalummaan isaa isinii galuu ni danda'a;akkasumas gara sagalee waaqayyootti duubatti deebi'aa, sana booda ni ilaaltu, karaa duraa isa uumamuu biyya lafaatiin dura ture hunda ni hubattu...

MUL'ATA YOH5:6MUL'ATA YOH13:8

145 Amma, macaafni qulqulluun akka jedhutti Yesuus Kiristoos hoolaa waaqayyooti jedha[ amaa sirritti itti calaayaa dhaggeeffadhaa, kanaafuu gariin keessan boruu kan hin jiraanne yoo ta'e amma fixa.] macaafni qulqulluun akka jedhutti Yesuus Kiristoos hoolaa waaqayyoo isa uumamuu biyya lafaatiin dura qalame tureti. Kun sirrii dhaa? Yoom ture inni kan qalame? Uumamuu biyya lafaatiin dura. . . addunyaa. Argama aduutiin gamatti atoomota caccabanii faffaca'an irraa kan uumamee osoo ta'ee[ aduu irraa faffaca'aa kan gadi dhufu osoo ta'ee] gara duubaatti bara biiliyoona dhibba, tiriliyoona fi tiriliyoonota baayeen dura, ifaan aduuyyuu osoo hin uumamin dura, Kiristoos qalamee ture. Yoommuu sammuu guddaan waaqayyoo wanta irra bu'u, inni uumama dhume dha. Yommuu waaqayyo, " haata'u " jedhe, wanta darbuuf dhufuu dha. wanta tokko uummuuf waggoota kuma dhibba kan fudhatu yoo ta'e, battaluma inni haa raawwatamu jedhetti ni ta'a. yommuu uumamuu biyya lafaa wajjiin hoolichi qalamu, macaafni inni dura ture, hafuurri inni dura ture, barreeffamaan akkana jedhe, " maqaan keenya macaafa hoolicha qalamee irratti warra jireenya bara baraa argatan wajjiin uumamuu biyyaa lafaatii dura caafamee jira."

Kanaafuu namtichaan faaruu , "maqaan haarofti kabajaadhaan barraaye," jedhu barreesse, hiikkaa gaarii qaba, garuu sagalee waaqayyootiin kan deeggaramee miti. Ilaaltani? Maqaan sun barreeffamee ture yeroo addunyaan... uummamuu biyya lafaatiin dura. Yeroo hoolichi qalametti. Maqaan keenyas macaafa hoolicha qalamee isa jireenya bara baraa irratti katabamee jira.

ROOM8:28-30

146 Mee sagalee waaqayyoo tokko isinitti haa agarsiisuu. Daqiiqaa tokkoof na eeguu ni dandeessu? Kun gara sammuu kiyyaatti kan dhufe amma, nan barbaadaa mee, hin mirkaneeffanne, hamma kana isin tursiisuu kootiifis baayee dhiifama isin gaafadha; garuu hanga walakka halkanii akka turru isinitti himee ture, kanaafuu hagas maras badaa miti. Isa kana garuu isinitti himuu nan fedha, sagalee tokko qofa. Mee amma, ana wajjiin macaafa Roomaanotaa banaati ana wajjiin dubbisaa. Mee Roomaanota haa ilaallu, ani kan argu yoo ta'e, mee Roomaanota boqonnaa 8, 28ffaa irratti kan barraaye haa ilaallu. Kadhaa waaqayyoo wajjiini fi ana wajjiin akka dubbisnu isin gaafadha. Garana dhaggeeffadhaa waan waaqayyo jedhe,

Waaqayyo warra isa jaallatan karaa hundumaan gargaaree... gara gaariitti isaan ni geessa. Isaan immoo warra akka akeeka isaatiitti waamamani dha.

Warra duraan dursee beekkumsa isaatiin foo'ate... [ana wajjiin dubbisuu ni dandeessu?]

Waan inni... warra duraan dursee beekkumsa isaatiin foo'e, fakkaatti ilma isaa [tole] isa obboloota baayeedhaaf angafa ta'uuf jiru, akka ta'aniif yaadaan isaan qabe.

Warra yaadaan isaan qabe immoo waamee jira; warra waame immoo qajeelota isaan godhee jira; warra qajeelota isaan godhe immoo ulfinaan isaan kaa'eera.

147 Uumamuu biyya lafaati irraa jalqabee, yommuu waaqayyoo irraa gadi ilaalu... amma, waaqayyo huji isaa, " tole, amma waan kana hojjachuuf ta'a... oh, maal gochuu nurraa eeggamaa? " hin jedhu. Ilaalaa, wanti isa dhibu tokkos hin ...

Yaadadhaa, kabaja dhabuun, cubbuun, kan dhufuu danda'u kabajni yommuu baduu dha. seexanni waan tokkos uumuu hin danda'u. hundi keessanuu isinii galee? Kun kaayyoo waldaa kanaa ti. Seexannii waan tokkos uumuu hin danda'u. wanta waaqayyoo uume qofa jijjira. Amma, jijjiruu jechuun maal jechuu dhaa? Isin kan as jirtan hundi dargaggeessa fakkaattu, irra caalatti. Isa kana dhaggeeffa dhaa. Nuti warra maatii qabnuu dha. isin warri dhiiraa kan fuutanii fi isini warri dubartii kan heerumtan booda akka abbaa mana fi haadha manaa taatanii ni jiraattu, isaan warri dubartii, amaluma kanaan dura qaban tasuma... hanga abbaa manaa isaanii wajjiin jiranitti isaan hin jijjiraman. Sirrii dha. amma, kun wanta sirrii ta'ee fi seera qabeessa dha. kana gochuuf waaqayyoon kan eeyyamamee dha. dubartiin biroos akkuma haadha manaa keetii amala gaarii agarsiisuu ni dandeessi: isaan keessaa tokko, ati ilaalcha waaqayyoo keessatti ilaalcha gaarii ni argatta; gocha wal fakkaataa dubartii birootiif immoo ilaalcha waaqayyoo keessatti duuti si eega. Maal inni? Kabajni jijjiramee jira, ilaali, maqaa mishaan maqaa badaan jijjirame.

148 Amma, seexanni waa uumuu hin danda'u, garuu waan gaarii waaqayyo uume gara badaatti ni geeddara.

Sobni maalii? Dhugaa dabee dha. namni wayii akkana jedhe, " Ooh, qidaamee galgala ture, sa'aati 9tti, eeyye, Biil Biraanhaam Jeefarsan viille ture." Sirrii dha. " jalasitti saalonii Antoonitti, dhugaa ture." Soba. Maal ture? Ani Jeefarsanviille ture, kun dhugaa dha. wanta dhugaa ta'e tu gara sobaatti geeddarame. Ilaalaa, maal jechuu barbaade? Ilaalaa, sobni dhugaa ni jijjira. Bakka ani jirutti wanti wayi himame. Amma, akkana osoo jedheme, " waldaatti, wangeela lallabaajira." Kun dhugaa dha. kun waan gaarii dha, dhugaa waan himeef. " Tavernitti dhugaa jira." Soba. Geeddarame, ilaalaa, dhugaan sobaan jijjirame. Wanta ani jechuu barbaadee ilaalaa, sobni hundinuu dhugaa geeddaramee dha.

149 Du'a, maal inni? Jireenyi yommuu jijjiramuu dha. dhukkuba? Fayyaan yommuu faalla'u dha. nama cimaa fi nama fayyaa qabu ta'uutu isin irraa eeggama. Eeyyee, yoo dhukkubsattan, maaltu ta'e? fayyaan keessan faalla'ee jira. Fayyaa keessan dhukkubichatu faalleesse. Maal inni? Dargaggeessa turtan, dubartii bareedduu fi dubartii cimtuu turtan, namoota babbareedaa turtan; amma, dadhabaa fi jaarraa jirtan. Maal jechuu dhaa? Jireenyi ni jijjirame, ilaalaa, naannofnee asuma dhufna, maqaan waaqayyoo haa eebbifamuu!—waaqayyoo deebisee fiduudhaaf waadaa nuuf galee jira. Dhugaadhumatti . . . kan amannu yoo ta'e, akka jiraatu ni beekna. Akkuma jirutti waaqayyoo deebisee fiduudhaaf waadaa nuuf galee jira...

150 FAARUU5:1FAARUU58:3

Amma, namoota akkamii ta'uutu nurraa eeggama? Hubadhaa, akkaataa wantoonni kunnin raawwatamuu danda'aniin. Amma, Warra yaadaan isaan qabe immoo waamee

jira; warra waame immoo qajeelota isaan godhee jira; warra qajeelota isaan godhe immoo ulfinaan isaan kaa'eera. Yoom? uumamuu biyya lafaatiin dura, addunyaan osoo hin eegalam in dura. Osoo sagalee waaqayyoo kana sirritti xiinxallee, yeroo dheeraa nutty fudhachuu ni danda'a, garuu nuti wanta sana godhuu waan hin barbaanneef malee. Garuu ulfinna dhabiinsi kun hundi kan dhufe ulfinni gara ulfina dhabiinsaatti geeddarammee ti. Hojiin seexanaa sana. Amma, yommuu gara umrii itti gaafatamummaatti dhufan, wanta sirrii ta'ee fi kan hin taane adda baafachuu ni dandeessu, dogongora keessan irraas akka sirrooftan ni eeggama. Sababni isaas, hundi keessanuu cubbuu dhaan dhalattan, haala haqaan ala ta'een qaramtan, soba dubbachaati gara biyyaa lafaa kan dhufan. Sirrimaayyuu fedhii saalaatiif jecha kan dhalattan, kanaafuu, dirqamatti deebitanii dhalachuu qabdan, dhaloota isa haarawa ta'e argachuu fi gara jeennataa seenuuf. Haaalli amma itti dhalattan kun...

Warri Jehoova wiitnessi hamman dhugaa irraa akka fagaatan argitanii, deebi'ani dhalachuu jechuun qaamaan ka'uudha jedhanii amanuun hammam dhugaa irraa kan fagaate akka ta'e ilaaltanii? Argaa, yoomiiyyuu ta'uu hin danda'u. argitanii? Kun wanta adda ta'ee...

151 Isin iddoo yeroon safaramutti jirtan, inni safartuudhaan hin safaramnee fi jalqabaa fi dhuma hin qabne yoo jiraate isa jireenya barabaraati. Wanti kamiyyuu kan bara baraa kan ta'e jalqabas hin qabu yookaan dhumas hin qabu. Ilaaltanii? Kanaafuu isin qaama waaqayyoo yoo taatan hafuurrqulqulluun isin keessa jiru, jalqabas akkasumas dhumas hin qabu; isin immoo bara baraan ni jiraattu sababa hafuura qulqulluu isin keessa jiruutin. Ilaaltanii?

Akkuma jaalala isa dhugaatti: akkasumaan deemee akka jaalala fiiliyoo ni ta'a, irra darbees fedhii cimaa irra gaha, akkasumaan hir'achaa deemee deemee, hanga dhumaatti jijjiramaa deeme dhummarratti gara rakkoo hamaatti ni geeddarama. Maaliif, karaan inni tokko . . . yesuus koraadhuma isa walfakkaataan gadi dhufee isaan jala tura karaadhuma inni itti dhufeen fuudhe deebisee iddoo ol aanaatti kaa'e—du'aa gara jireenyaatti, dhukkuba irraa gara fayyummaatti, abaaramuu irraa gara eebbifamuutti jijjire. Ilaalaa? Inni iddoo ol aanaa irraa gara iddoo gadi aanaatti dhufe, isaan gadi aanaa turan ol kaasuuf. Inni akka koo ta'e anis ulfina isaatiin akka Isaa akka ta'uuf, gammachuudhaan iddoo isaa akka argadhuuf. Wanti jechuu barbaade isinii galee? Isaan kana.

Amma ilaalaa, yeroo dura biyyi lafaa kun atoomotaan uumamuun dura, yeroo waaqayyoo wanta ta'uuf jirru argu, achi irraa eegaleti isinille kan arge, anas na arge, wantoota xixinnoo hunda ni arge, lubbuqabeeyyi xixinnoo hunda ni arge, wantoota biyya lafaa kana irra jiran hundaa ni arge. Yeroo sana jalqabeeti kan arge. Dhugumatti argee jira

152 Amma, tasumaayyuu akkana hin jenne, " Ilma Koo gadi nan erga, akka du'us nan godha, akka tasaas namni wayii Isatti gadduu ni dandaha. Akkasumas wanta akkas nama gaddisiisu ni ta'a, akka tasaas namni wayii fayyuu ni danda'a ." hin jenne.

MAAL1:2,3 ROOM9:13

Eenyu akka fayyuu dursee ni beeka. Eeyyee, kabajamoo. Inni, akkana jedhe, " Isaaqaan nan jibba, garuu yaaqobiin nan jaaladha." Maalummaa isaanii mirkaneessuuf tasuma osoo hin yaalin dura ture sana kan jedhe: sababa maalummaa isaanii beekuuf ture kana kan jedhe. Ni beeka. Inni wanta hundaa ni beeka. Wanta isin hojjattan hunda inni ni beeka, dhalachuu keessaniin dura, yeroo biyyi lafaa uumamutti.

153 Amma, ilaalaa, akkuma beektanitti, akkuma beektanitti, ani shugguxii dha. shugguxii baayee nan jaaladha. Teeksaas keessatti dubartoonni tokko tokko, nan yaadadha, Teeksaas keessa ture, shugguxii arrifataa naaf bitan, 220 kan ariifatu. Ani yeroo baayee nan barbaada ture, maalummaa isaa baruuf nan barbaada ture. qawwee xinnoo baayee fagootti rukutuu dha. rasaasa digdamii lama fudhata. Rasaasa afurtamii saddeetis nyaachuu ni danda'a, ittis fayyadamuu ni dandeesa . . . Amma, oomishaan akkana jedhe, " Hin yaaliin, baayee hamaa dha." garuu rasaasa sana sakoondi tokko keessatti si'a miila kuma shan fageessuu ni dandeesa, hammasittiyyuu iddoo isaa keessa ni tura. Miilaa kuma shan sakoondi tokko keessatti jechuu, maayila tokko sakoondi tokko keessatti jechuu dha. jecha biraatiin, simbirroo fageenya yaardii dhibba lama irra teessu, simbirricha rukutte, laabaa simbirrichaa balali'u arguu ni dandeesa osoo rasaasni biraa si hin rukkutin dura. Ilaaltanii?

Garuu qaama diriiraa caafii ilkaanii irratti daakuu keessan irra kaa'aa, hamma isin gahus itti naqaa, hanga dhumaatti caafii ilkaanii irratti qabaa; dhuma gamoo kanaa bira teessanii gara mixichaatti dhukaasaa—inni taa'eetuma isin ilaala. Rakkoon maali? Rasaasni ni bibittinaa'e, saffisaan waan deemeef. Waraqaa gamaa gamana osoo keessanii, tasumaayuu daaraa foosilii waraqaa irratti hin argattan . duubumatti deebi'a. daaraas hin ta'u, daaraa volkaanoos hin ta'u; garuu fageenya sana caalaa ni deema. Deebi'ee gara asiidii isa duraa kooppariin irraa hojjatametti deebi'a. akka waggaa biiliyoon dhibbaatti isa guutetti gara duubaatti deebi'a. Amma, as rasaasni xinnoon ni jira, rasaasa abbaa afurtamii saddeetiiti, harka kootitti qabachaa jira; amma, sakoondi muraasa keessatti gara maalummaa isaa kan biiliyoona tokkoon duraatti deebi'a. akkasumas akka tasaa ta'ee, addunyaan waggaa biiliyoonaan booda kan jiraattu yoo ta'e, deebi'ee rasaasa ta'uu ni danda'a, akkuma jiruun deebi'ee uumamuu ni danda'a, itti aanees gara kooppariitti ni deebi'a.

154 Amma, waan waaqayyo hojjate ilaalaa, sana booda , Isa ni jaalattu; gara manaas yommuu deemtani, boru ganama yeroo xinnoo dabarsitanii yommuu raftan, kaan caalaa waaqayyoon ni jaalattu. Amma, waaqayyoo kontraaktarii dha. meeqa keessantu sana beeka? Inni ni ijaara. Tole, sirritti kalayaati dhaggeeffadhaa. Amma, waaqayyoo yeroo durii, akka jecha isaanitti ... yaada tartiiba barootaa keessaa fudhachuuf taatu. Waaqayyo baroota biiliyoona dura, yeroo biyya lafaa uumuuf jiru... tasuma eegale. Yaaadas sammuu dhuma Isaa keessaa burqisiise.

155 Amma, isin akkana jechuuti jirtu, "Inni hamma sana guuddaa yoo ta'e, Obboleessoo Biraanhaam, seexanni cubbuu akka hojjatu akkamitti eeyyamuufi danda'e?" Tole, seexanni uumamuun durayyuu , seexana akka ta'uu dursee ni beeka ture. Haa galatoomuu! Amma, amantaan natti dhagahame. Ooh Koo! Inni seexanni uumamuu isaatiin duraayyuu seexana akka ta'u ni beeka. Ammas ni gaafattu, " Inni sun hoo?" ammas, " seexana akka ta'uuf maaliif eeyyameef?" Gooftaa ta'uun isaa akka mirkanaa'uuf. Sababa sanaaf godhe. Abaarsi maaliif jiraachuu danda'e? Maaliif...

156 ROOM 9:20

Isa kamtu dura ture, fayyisaa moo cubbamaa? Kamtu dura ture? Fayyisaa dha. kamtu dura ture, fayyisaa moo nama dhukkubsataa dha? cubbamaa ta'uun maaliif eeyyamame ture? Sababa Qaamoleen Isaa fayyisaa ta'aniif. Cubbuun osoo hin jiraanne ture, fayyisaa ta'uun Isaa hin beekkamu ture. Haalleluuyyaa! Wantoota hunda kabaja isaa akka naanna'aniif hojjata. " Namni ottee hojjatu, ottichaan waa jedhuu danda'aa . . ." yookaan , " otteen nama isa hojjateen dubbachuu danda'aa, ' akkana na goote'?" eenyutu goommaa irra jira? Eenyutu biyyee fide? Harka eenyuutu keessa jira? Paawuloos akkana jedhe, "O nama gowwaa, Fara'oonota kaayyoo kanaaf hin eegne hin jennee? Sirriidhumatti. Uumamuu biyya lafaatiin dura ni beeka, eenyuu maal akka ta'u ni beeka. Akkasumas , cubbuun akka jiraatuu fi isaafis fayyisaan Isuma ta'uu ni beeka. Dhukkubnis akka jiraatu godhee, Isaafis fayyisaan Isuma ta'uu ni beeka ture. Jibbiinsi akka jiraatu godhee, garuu inni jaalala akka ta'u godhe!" Sirrii dha. inni waaqayyo sun immo, kan Inni itti ibsamuu dha; maalummaa isaa kan itti agarsiisuu waan tokko qabaachuu qaba.

Yeroon halkanii jiraachuu isaa akkamitti beektan, wantoonni gara garaa jiraachuu isaanii haala kamiin beektan . . .yeroon hundinuu guyyaa osoo ta'ee,haala kamiin yeroon halkanii jiraachuu isaa beekuu dandeessu? Yeroon halkanii jiraachuun isaa , yeroon guyyaas jiraachuu isaa akka mirkaneessinu nu gargaare. Sirridha. Ameen. Wanta Inni godhe argitanii?

157 Garuu, uumamuu biyya lafaatiin dura Inni, aduu moofaa kana fuudhee gara duree moofaa nuti irra jiraannu kanatti dabrsuun dura, lafa kanaa fi gubbaa isaa aduudhaan marsee, aduu irraan akka naanna'u godhee... aduun as jirti jedhe, gara keenya akka mul'attu godhee, waggoota biiliyoona dhibbaaf achitti akka fannifamtu godhe hambise. Maal ture Inni kan hojjate? Gaasota muraasa. Gara tokko garana ni naannesse. Wanta biraas ni uume. Achiitti maal hojjachaa ture? Potaashii tokko tokko. Gara tokkoonis gara galchee, maal ture achiitti kan hojjate? Sibiila kaalsiyeemii tokko tokko. Maal hojjachaa ture? Anaa fi isin uumaa ture. Maal hojjachaa ture? Akkuma kontraaktaraatti lama , shanaffaa kanneeni fi afur saddeettaffa kannen yommuu baasu, lakkaa'aa jira gara hundaanuu, gamoowwan hammamii akka ijaaruuf ta'u lakkaa'aa ture.

Nuti elemetoota kudha jaha lafa keessatti argaman irraa hojjatamne, hunda

keenyas achirraa hojjate, uumamuu biyya lafaatiin dura ture hundee keenya achitti kan kaaye . . . iddoo sanatti wal caaluu ni danda'a, waayee sanaa ani hin beeku. Warqee, Koopparii, Braasi fi bishaan isaan kana hunda maaliif uume? Inni Kontraaktarii dha. Inni ijaartuu dha, Inni wantoota hundaa duruma hundee qabsiisee jira, midhaasse tochee jira. Yommuu isaan kana uumuuf ta'u, dhodho'iinsa voolkaanoo isa guddaa yeroo tokkoon taasise. Dhodho'iinsa voolkaanoo irraa kan faffaca'an, waggoota miiliyoona dhibba erga tursiisee booda, Sibiila kaalsiyeemii irraa uume. Maal jechuu dha? garee qaama keessaniiti.

158 Sana booda, lubbuu qabeessi tokkolle osoo biyya lafaa kana irra hin jiraatin dura , qaamni keenya as kaa'ee ture. Haalleluuyyaa! Tasumaayyuu biyya lafaa irratti jiidhinsi hin jiraatin dura, nuti ni jirra ture. Yommuu Adam ol ka'ee gara dallaa Eedanitti deemu, ani achi ni jira ture. Ameen. Eeyyee kabajamoota, Ooh, Waaqayyoo haa ulfaatu! Yeroo ergamtoonni, dureen ganamaa, waliin faarfatan fi Ijoolleen waaqayyoo gammachuuf yommuu eyyan, qaamni koo lubbuu akka godhattu asuma taa'ee eeggachaa ture. Ani asuma ture. Inni asumatti na uume, qaamni kiyya asumaa uumame. Eeyyee, kabajamoo. Ta'uu osoo baatee , eessaa dhufa turee? Isinii galee? Akkamitti as dhufuu danda'a? waaqayyoo asuma kaa'e , asumatti uumes. Elementoota kudha jaha irraati qaamni keenya kan uumame: peetirooliyeemii, pootaasiyeemii, hoo'a uumamaa fi kk irraa uumamne. Ilaalaa, nuti asumaa uumamne.

159 Sana booda maaltu ta'e? sana booda waaqayyoo hafuura qulqulluun akkana jedheen(akka foormii fakiitti ni fudhanna), " Gara biyya lafaa deemaa, jaalala kiyyas biyya lafaatiif himaa—Ani abbaan keessan jaalala waan ta'eef, isin immoo kan narraa uumamtanii dha, kanaafuu gara biyya lafaatti deemaati jaalala kiyya barsiisaa." Akkasumas Hafuurri qulqulluun guddaan achitti ni argame. Fakiidhaan yeroo ammaatirraa eegalee. Karaa sanaan hin turre. Waaqayyoo fi hafuurri qulqulluun mataan isaanii kaayyoo tokko qabu, kaayyoo gosa tokko—dhala namaatiif, dhiifama naaf godhaa. Koola Isaa gara dacheetti darbe, walitti qabee hammachuus eegale. Walitti qabee hammachuun sun maali? Akkuma lukkuun caacutii ishee hammatutti, hoo'a Ishee itti kennuun, jaalala itti kenniti, : " kaak, kaak,kaak." Ooh.

160 "O lubbuu ni uume!" Inni sagalee guddaadhaan ni iyye. Naannawa Isaa ni ilaale. " biyya lafaa kana irratti midhaagina nan barbaada jedhee, ifa uume!" hafuurri qulqulluun gara keenya dhufaa jira. Yommuu dhufu, ani argaa ture, gaara gurguddaa gadi buuse, achumatti albuunni Kaalshiyeemii gadi cobee pootaasiyeemii wajjiin walitti makame. Sana booda gara maalitti jijjirame? " lubbuun ni uumame!" mukni xinnoon abaaboo faasikaa lafa jalaa ol ni mul'atte. " abbaa koo, as koottu, Isa sana ilaali."

SEERA UUM1:27SEERA UUM5:2

"Waan gaarii ni fakkaata, isaan ofitti hammachuu isaa itti fuufe." Abaaboowwanis baay'inaan ni yaase. Kuduraa fi muduras akkasuma ni uume. Lubbuu bineensotaa ni uume, sinbirroonnis awaara keessaa bahanii balali'uu eegalan. Yeroo muraasaan booda, dhiiraa fi dubartii bifa Isaatiin uume- dursee dhiira uume, dhiirti immoo isaan lamaanuu dhiira fi dubartii bakka bu'a ture. Sanyii saala lamaanuu kan of keessaa qabu osoo hin taane, Isa keessatti

161 hafuurri dubartii ni jira ture.

Dhiirti amala dubartii agarsiisuu yoo jiraate, inni sun dogongora ta'uu dhabuu ni danda'a sirraayyu qaba, wanti sirrii hin ta'inis ni jira. dubartiin takka immoo dabbasaa ishee gabaabsite uffata dheeraa uffatee osoo gadi baate, " waaqayyoo haa ulfaatu, isinitti himaa... " wanti faalla'e tokko ni jira. Dubartiin hafuura dubartii qofa of keessaa qabdi. Akkasumas dhiirtillee hafuura dhiira of keessaa qaba. Kana ni beekna. Garuu dubartiin akka dhiiraa ta'uuf yoo yaaltu sirri kan taate isinitti fakkaata?

162 Maaliif yoo jettan, yeroo tokko gadi taa'ee, tapha taphachiisuuf baasii yaabadhee gama sana dhaqaa ture, harkaa fi luka kootiin dubartitti hordofaa ture, itti dubbachaas ture, dubartii ta'uu ishees hin beekne ture. Mataa ishee irratti koophii fi ija ishee irratti wanta ija ishee uwwisu kaawatee jirti; ani immoo duuba isheetiin jira ture, isheen immoo waayee wanta raawatame tokko natti himaa turte. Akkana jette, " Beektaa, " dabaltees, " kaleessa galgala[ akkanumatti yommuu ilaalamtu, nama tamboo xuuxuu fakkaatti]," itti deebitee, " kaleessa galgala sitti himaa, gadheen sun want asana gubbaa bahe; ammas, ' ay' suuta jedhee gamasiin dhufe." " jireenya koo keessatti baay'isee kolfee hin beeku. " jette.



Anis kolfaa ture, wanta akkasii argitanii beektuu. Anis deebisee, " mucaa, inni sun tokko ture, mitii? " achuma taa'ee haala sanaan itti haasawaa ture. Odoo want asana mataa ishee irraa fuute, mataa ishee sosochoosuu baate: sana boodas dubartii ta'uu ishee mirkaneeffadhe. Jireenya koo keessatti salphinni akkasii na mudate hin beeku. " dubartii dhaa?" jedhees ni gaafadheen.

Isheenis, "maaliif , eeyyee!"

Ani immoo, "Dhiifama naaf godhi." Kan akkanaa kana argee hin beeku. Sun waan dhugaa ta'e ture.

163 Gaafa darbe mallattoo waanuma na dinqisiise kana fakkaatu kana argee ture. Kun mallattoo guddaa ni qaba, "dubatroota, uffata dhedheeraa uffachuuf qophaa'aa." Jedhe. "Sanaaf waaqayyo haa ulfaatu." Jedhee yaade. ilaaltanii? Garuu, adda baafachuu danda'ee ture, kafanuma amma jiru kana wajjiin kan wal fakkaatu ture, beektuu. Dhugumatti uffatta uffachuuf ta'u jedhee yaade. dhugumatti akkas yaadee ture. "Dubartoonni uffata uffachuuf qophaa'anii jiru." Jedhe. "Isaaniif jecha waaqayyoo haa ulfaatu." Jedhe. Wanta gaarii dha. dhugumatti sanaaf waaqayyoon ni galateeffadha. " garuu, ilaalaa, kafanuma isaan kanaan dura hojjatan wajjiin kan wal fakkaatuu dha. baayee kan nama dinqisiisuu dha, miiti, biyya kana keessatti? Tole.

164 SEERA UUM2:21,22

Aadam erga uumamee booda, kophummaan itti dhagahame, kanaafuu waaqayyoo cinaachaa isaa irraa fuudhee, Heewaniin uume—isheen qaama Aadami irraa argamte. Hafuura dubartii qaama Adam irraa fuudhee qaama dubartii keessa kaa'e, hafuura jaalalaa: dubartummaa, jaalala fi bareedina. Akkasumas hafuura dhiiraa Adam keessatti dhiise. Amma, wanti adda ta'e tokkos yoo jiraate, iddoo wayiititti faalla'ee jira jechuu dha. ammas , duris lamaanuu tokko turan.

165 Amma, mee diraamaa xinnoo ishee haa ilaalu cufuu keenyaan dura. Akkana jedha, Adam Heewaniin harka isaa irra godhatee deemuu eegale. Seenaa kana nan jaaladha. Gadi ni bahan, beektuu, Heewaan akkana jette, "O jaalala koo, nan qaba jechuu...?"

"Eeyyee, moggasee jira."

"Tole, maal jettee waamta?"

"Farda jedhamee waamama."

"Ooh, huu. Inni sun maalii?"

"Inni sun sa'a."

"Inni sun maal jedhama?"

"Eeyyee, uuh, huu."

"Inni sun maal jedhama, inni...isaan lamaan kan mataa isaanii walitti qabanii taa'an?"

"Isaan simbirroo jaalalaati"

"Oh naaf gale. naaf gale "haaluma sanaan itti fufuu. kan as jiru kun hoo maal inni?."

"Sanas samaa fi kanas jedhee waama."

"Ooh, naaf gale, uh, huu, baayee bareedu." Leenci ni bookkise "Inni kun maal jedhama?"

"Inni sun leenca."

" Inni kun maalii?"

"Qeerrensa."

Hundi isaani walfakkaatu..."Ooh, naaf gale." Akkuma adurree xixinnooti, beektaa, bakka bakkani iyyu.

166 Kanaafuu, yeroo muraasaan booda, naannoo bartee, akkana jette, "Jaalala koo, gama sana ilaali, aduun gadi deemaa jirti. Sa'aatiin gara waldaa dhaquu gahee jira." Beektuu, yeroo aduun dhiitu, wanti waaqeffachuu barbaaddan wayi ni jira. "Waaree sana gara waldaa hin dhaqne taanaan, garee mana keessanii deemtanii macaafa qulqulluu dubbisuu qabdan. Meeqa keessantu sana gochuu jaalata, isin mudatee hin beekuu?"

Ilaaltanii? Kana gochuun dirqama warra dhiiraati,dirqamattis raaqqachuu qabdan." Yeroo gara waldaa dhaquuti."

Amma, Isaan gonkumaa akkana hin jenne, "Tole, xinnoo na eegi. Amma, Joonsiin kan warra Assembiliiti, nuti immo kan warra..." miti, wanti akkasii hin jiru ture, oluma ka'anii . . . bakka waaqeffanna yookaan waldaa hin qaban ture, teessoo gaarii kan akkasii irra taa'an hin qaban ture. Oluma ka'anii deemanii muka guddaa Kaatedaraalii jalatti jilbiiffatu ture.

167 Akkasumas ifaan waaqayyoo sun hamoocuma sana keessaa ifaafii ture, ilaalaa. Sagalee gubbaa gadi dubbatamu dhaggeeffadhee akkana jechuu nan danda'a, "Ijoolleen koo biyya lafaa irratti gaafa waaqayyoo dhiiraaf ishee dubartii keenneef gammadanii?"

"Eeyyee, waaqa koo, har'a baayee gammanne jirra. Hin gammanne, jaalala koo?"

"Eeyyee, Eeyyee, jaalalle too, gammanne jirra. Waaqayyo dhugumatti si galateeffanna. Amma, ana hirribaaf gadi na ciibse." Ilaaltanii? Sana booda, harka guddaa isaa ni diriirse, isheenis harka isaa irratti gadi ciifte; itti aansees, leencaa fi qeerrensas gadi ni ciibse, wantoota hundaas gadi ni ciibse—kan nagaadhaan guutame.

Kanaafuu Waaqayyos gadi dhufee, qulqulloota baayees gadi ni erge, Gabreeliin, Jeennata Inni uume. Kanaafuu Isaan gadi dhufanii qajeelumatti gara siree dhaqan, ilaalaan, naannoos ni hubatan. Gabreel akkana jedhe, " Garana koottu, Abbaa koo, garana koottu, as ilaalii. Inni as jira. As, ijoolleen kee asitti rafanii jiru."

168 Namoota as keessa jirtan keessaa meeqa keessantu gara qarqara siree deemtanii (isini haawwonni tokko tokko, isinii fi abbaan manaa keessan walitti), gara mucaa xinnoo ilaaltanii, mucatti xinnoo ilaaltanii, kan wal qaabachiifan: " Inni kun si hin fakkaatuu(karaa kanaa fi karaa biraatiin)?" Kana gootanii beektuu? Maaliif, yeroo baayee gara Meedaa dhaqee waayee Yoosees itti hima. . .Isheenis, " Biiliin, akkuma kee adda guddaa baafataa jira." Naan jetti.

"Eeyyee, garuu Meedaa, akkuma kee ija guguddaas baafataa jira." Maalii? Inni gosa qaama. . . nu lachuu irra kan uumame waan ta'eef.

Amma, abbaan waayee kana, akkana jechuu ni danda'a, " beektuu. . ." Gabreel akkana jedhee ture, " Beektaa , sumaan murii buusi." Waaqayyo isa san fakkaata. Of keessan ilaalaa, waaqayyoo sana fakkaata. Inni isinuma fakkaata. Isin Isa irraa dhalattan . isa kana meeqa keessantu beeka?

169 Amma, ihubadhaa. Lubbu qabeeyyii gadi aanaan qabnu maali? Raacha. Lubbuu qabeeyyii inni guddaan eenyu? Dhala namaa. Sirrii dha. akkasumas foormiin olaanaan maali? Isa xiqqaa irraa gara guddaatti dhufuu itti fufa: raacha irraa gara isa kanatti gara isa sanatti, gara sinbirrootti fi gara. . . Ooh, kanaaf kan kan fakkaatan,gara foormii lubbuu isa guddaa, hanga foormii guddaa qaqqabuu qabutti dhufu, sana boodas fakii waaqayyootiin uumamee ture. Isin kana fakkaattu. Dubartiin immoo fakii waaqayyootiin hin uumamne ture, haata'u malee fakii dhiiraatiin uumamte. Ilaaltanii? Amma, haala sanaan uumaman. Akkasumas waaqayyoo gara Isaanii ni ilaalee, " Eeyyee, baayee ni bareedu ." jedhe.

170 Inni sun maal ture , obboleessoo? Du'uu hin qaban ture. Inni sun kaalsiyeemii harka tokkoo fi pootaasiyeemii isa duraati, akkasumas haala sanaan wanti hundinuu gadi deemuu eegale. Baayee bareedaa mitii? Garuu cubbuun dhufee wanta hundaa faallesse. Amma, yoo waaqayyo. . . waaqayyoo maaliif eeyyamee? Wanta dubbachaa turre kana Inni maaliif eeyyame? Inni fayyisaa ta'uun Isaa akka beekamuuf eeyyamee kan ture. Inni ni raawwate, dhukkubni akka jiraatu taasise, isaaf immoo fayyisaan isa akka ta'e mirkaneesse. Inni jireenya ta'uu Isaa mirkaneessuuf duuti akka jiraatu taasise. Ilaaltanii? Wantoota badaa kana akka jiraatan kan taasise, Inni gaarii ta'uu isaa mul'isuuf, Inni maal akka ta'e.

171 Waayee seenaa faaruu bilisa ba'uu dubbadhaa! Maaliif, obboleessoo, Yesuus yommuu dhufu, waldaan kun qarqara biyya lafaa kanuma irratti ni dhaabbatte, waayee seenaa faaruu bilisa ba'uu ni faarfatti - qulqulluuwwa mataa isaani gadi ni qabu, osoo waayee maalii dubbachaa akka jirru hin beekin. Maaliif, Isaan badanii waan hin beekneef. Bu'aa bayii akkamii keessa akka dabarre hin beekan. Badanii argamuu jechuun maal akka ta'e nuti ni beekna. Ooh, ulfina Isaa sagalee guddaadhaan haa galateeffanu! Inni isaaniif fayyisaa hin turre. Fayyuun isaaniif hin barbaachisu ture. Dhukkuba irraa isaan bilisa hin baafne. Miti. Haa ulfaatu!Inni isaaniif jireenya hin turre,

sirriidhumatti hin turre; Isaan daangaa darbanii cubbuun akka keenya hin dune. Nuti garuu , du'a irraa hafnee jirra. Nuti akkana. Koophiin mataa keenya irraa yoo bu'u maal jenna? " Isin qulqullaa'ota ebaluu- fi- ebaluu? " Ooh, miti, miti, miti,miti. Hundaafuu Inni haa ulfaatu. Sun kana. Isin akkana . " Sana booda , seenaa akkamitti akka irra dabarre ni himna, hundi keenyaas suuta suutaan ni hubanna."

172 Sana booda , achi keessatti, maaltu uumama? Waaqayyo tasuma lafaa ka'ee, " Tole, Potaashiyeemii fi Kaalshiyeemi kiyya hunda lafumaa ka'ee ni barbadeessa . hundi isaa hambaa ta'ee ni hafa?" Miti, miti, Inni karaa sanaan akka raawwatamuu qabu ni beeka. Amma, hafuurri qulqulluun eenyummaa kootiin na uumee, nyaata gara qaama kiyya keessa seenuun of guddisee eenyummaa koo kan har'aatti yoo geesse, ani. . . garuu foormii Isaatiin uumamee osoo jiruu. Fakiin inni tokkoon tokkoon waaqayyo uumamuu biyya lafaatiin dura ilaalee, darbuuf ni dhufa. Ilaaltanii? Karaa dubartiitiin uumame, akkuma Inni jedhetti; yeroo itti aanuuf kan dhufu immoo waaqayyo irraati. Yeroo san karaa dubartiitiin dhufe; amma immoo karaa dhiiraatiin dhufa. Ilaaltanii? Yeroo sana karaa fedhii saalaatiin dhufee ture, yeroo itti aanu immoo karaa sagalee waaqayyoo dubbatameetiin dhufa. Argitanii?

Iddoo sanattis, wanti na miidhuu danda'u hin jiru. Hin jiru , kabajamoo. Wanti nu miidhuu danda'u tokkos hin jiru. Paawulos akkana jedhe, " Wantoonni jiraachuu danda'an , kan fuuldura uumamuu danda'anis, dhukkubni fi duutis hin jiraatan,jaalala waaqayyoo Isa Kiristoosiin keessa jiru irraallee kan nu foo'uu danda'u hin jiraatu." Wanti adda nu foo'uu danda'uu tokkos hin jiraatu.

173 Akkuma seenaa xinnoon natti himametti. Mataan koo qullaa ta'uuf dabbasaa shanan wayitu narratti hafee ture. Ani immoo isaan muraasa ta'an sana filaa ture, haati manaa koo akkana jette, " Biilly, dabbasaan mataa kee irra siruma hin jiru."

Anis, "Garuu dabbasaan tokkollee narraa hin buqqaane."

Isheen, "Eessa jiran ree?"

Anis deebisee, "mataa koo irratti biqiluu isaaniitiin dura eessa turan? Ilaalaa, mataa koo irratti biqiluu isaatiin dura iddoo wayii jira ture. " barri wayi ni jira ture, waggoota dhibbaan dura, dabbasaan kun tasuma yeroo sana hin turre; daaraa keessatti argamu ture. Sirrii dhaa? Sana booda, gara naannoo waggoota shantamaatti, mataa koo irratti yaa'uu eegalan. Eessaa dhufan? Daaraa keessaa. Ammas gara dhufanitti ni deebi'u. sirrii mitii? Hin jiran ture, achii immoo ni jiraatan, ammas hin jiraatan . maal jechuu dha? Eenyummaa Isaanii eenyutu uume? Waaqayyo! " Inni akkasi." Inni fakii kaasee akkana jedhe, "Karaa kana kan isa barbaadu."

1QOR 15:55

174 "O, ammas immoo moo'ichi kee meerree yaa du'a? arfiin kees meerree yaa du'a? yaa awwaala, moo'achuun kee meerree? " guyyaa tokko asumatti na awwaalu ni dandeessan, ani hin beeku;garuu, obboleessoo, ani hin du'u, kana isinitti hima. Hin du'u kabajamoo. " O, du'a moo'annee ni kaana, Halleluuyyaa, ni kaana. Ganama guyyaa du'aa ka'uu sanatti, yommuu hidhaan du'aa caccaban , nuti ni kaana, ni kaana . Haalleluuyyaa!" du'aa ka'uu irraa wanti na dhoogguu danda'u tokkos hin jiru. Seexanni gahaan du'aa ka'uu na dhooggu gaannabii keessatti hin jiru. Du'aa ka'uu kan na dhoogguu danda'u tokkos hin jiraatu. Waada waaqayyo naaf gale nan qaba, hafuura qulqulluu nan qaba. Ittisaa nan qaba, jireenya bara baraa waaqayyoo as kan na wajjiin jiru. Qaamni du'aan kun garasii dhufe, waaqayyoo immoo awwaala keessaa na baase.

175 Akkasumas Inni awwaala keessaa na baase, yeroo umriin koo ol guddatutti fi yeroo ani. . . yeroo hundaa bilbila waldaa yommuu dhagahu, wanti wayii natti dubbata, natti dhagahama. Qulqullaa'oon daggala keessaa natti dubbatu, " Jireenya kee keessatti dhugaatis hin dhugin tamboos hin xuuxin, hojii siif ta'uu siif arginee jirraa. Qaama kee hin xureessin dubartoota wajjiin hin sagaagalin. Ati ... yeroo umriin kee ol guddatu waan hojjatuu siif qopheessinee jira. "

"Ati Eenyu? Ati Eenyu?"

"Waayee sanaa gadi fageenyaan durana ni beekta." Yeroo muraasaan booda, Inni as ni dhufa, bakka cuuphaa sana keessatti gadi na qabe. Eenyummaa Isaa sitti mul'isa. Eenyummaa Isaa ifa ni baasa. Gaafii kee ni deebisa. Inni bakka hundaatti dhaabbate ni arge, harka namoota hunda irratti.

176 Maal gootu...filannoo tokko malee eenyummaa kiyya osoo na uumee jiraatee hoo? Gara duubaatti deebi'ee, "Amma, Charle Biraanhaam, Ati Meerii Ellaa Harvee, lafa jalaa na baasaa." Hin jedhu, kabajamoota. Filannoo akkasii hin qabu. Kana waaqayyotu godha. Akkasumas Inni eenyummaa kootiin yoo na uume, filannoo tokko malee, hafuurr qulqulluun na fayyisuuf gara kiyyoo yommuu dhufu yeroo meeqaaf, "Eeyyee, waaqayyoo, Kan na uume Si'ii, Sin jaaladha, akka fayyisaa kootittis sin fudhadha," jedha. Akkamitti daaraa keessaa na baaftee? Isin kan gochuu hin dandeessan , obboleewwan koo, hin dandeessan.

YOH6:37

177 Waaqayyoo isaan kaalsiyeemii fi pootaasiyeemi yookaan immoo wantoota biroo barbadeessuuf yookaan kaayyoo tokko malee hin uumne. " Abbaan koo kan naaf kennuu hundinuu gara koo ni dhufu[ uumamuu biyya lafaatiin dura] , gara koo ni dhufu!" Waaw! Sagalee guddaadhaan iyyi iyyi naan jedha, dhugumatti nan iyya. " Abbaan koo kan naaf keennu gara koo ni dhufu, kan naaf ajajamee keessaas kan barbadaa'u hin jiru, garuu, yeroo du'aa ka'us nan fudhadha." Yommuu na waamu dhageeffadhee, gara Isaa dhufe. Daaraa biyyee keessatti akkamitti na tursiisuu danda'uu? Biyya lafaa kana irratti namoonii meshaadhaan iyyuu fuula koo tuquuf eeyyamameef, akkamitti daaraa biyyee keessatti na tursiisuu danda'uu. Gaafa tokko du'aa nan ka'a, akka Isaatittis naan dhaabbadha, cubbuu koo dhiiga Isaatiin nan haqadha, Hafuura Isaatiin nan dhaladha! Haallelluuyyaa! Isinis gareewwan amantaa keessan qabadhaa, ani immoo Yesuusiin nan qabadha. Ameen!

178 Namtichaan Inshuraansi gurguru natti dhufee, Wiilbar siindar, hiriya gaari kooti. Akkana naan jedhe, "Biilii, poolisii Inshuraan si sitti gurguruu barbaada naan jedhe."

Anis, "Ani nan qaba" (Haati manaa koo gara kiyya ilaalaa, "soba maalii mucaaf himta naan jettee?")

Innis , "Inshuraansii ni qabdaa?" naan jedhe.

Anis, "EEeyyee, kabajamaa."

Innis, "Kaampaanii kam irraa bitte? Maal inni?"

Anis deebisee, "Inshuraansii eebbifamaa, Yesuus kan kooti! O , ulfina qulqulluu akkamitii!fayyiinsa kan dhaalchisu, waaqaan kan bitame, hafuura qulqulluun kan dhalate, dhiiga Isaatiin kan dhiqame."

Inni immoo, "Sun baayee gaarii dha, Biilii, garuu bakka awwaalaati si hin eegu."

"Garuu" , anis, "Inni na baasa." Haallelluuyyaa! Gara sana seenuun nah in yaachisu; bahuu dha malee, jedheen.

YOH6:37,44

179 Kanaafuu, inshuraansi akkana jedhee natti himu argadhee jira, " Abbaan koo kan naaf kenne hundinuu kan kooti." wanti abbaan koo inni dhalche hojjatu nah in galchu, kan haadha kootiis akkasuma, wanti fedhes ta'u, " Abbaan koo kan naaf kenne hundinuu gara koo ni dhufu, akkasumas abbaa koo irraa kan dhagayee fi kan bare malee dhufuu hin danda'u." Haallelluuyyaa! Inni isaan beekuun maaliif barbaachise? " uumamuu biyya lafaatiin dura isaan nan beeka. Yeroo hoolicha qale sanatti, hoolichas kan qale Isa wajjiin." Ameen. " waldaa dursee hundeessee jira."

1QOR12:13

Maaltu duraan dursee murtaa'e? waldaa dha. gara waldaatti akkamitti dhufuun danda'amaa? " Warri brmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerraa." Uumamuu biyya lafaatiin dura Nuti akka jiraannuu Inni dursee ni beeka. Isaan Inni dursee beeku immoo, Inni waamee jira,Isaan Inni waame immoo, Inni qulqulleesse jira, Isaan Inni qulqulleesse immoo, Innumaan ulfeesse jira.

180 Macafolee waaqayyoo Innummaan caafe keessatti, achitti akka na argu dubbatee jira. Seexanooni kamiyyuu waaqayyoo iddoo kamiinuu irraa ittisuu hin danda'an garuu iddoo dura jedhame sana irraa ittisuu ni danda'u: sababni isaas waaqayyoo dursee waan dubbateef, kun immoo furmaatas ni kenna. Uumamamuu biyya lafaatiin dura osoo Waggoota miiliyoona dhibbaaf, dureewwan ganamaa osoo waliin faarfatanii fi Ijoolleen waaqayyoo gammachuuf sagalee guddaan iyyani—biyya lafaa osoo hin uumaminiin dura, Ilaalaa, biyyi lafaa osoo. . . isaan qulqullaa'oonii fi wanti hundi gammadee, waayee

Isaa osoo iyyanii, biyyi lafaa osoo hin uumaminiin dura- haala kamiin seexanni daaraa lafaa keessatti na hambisuu danda'aa? Gochuu hin danda'u. dhugaa dha.

181 Mee haa ilaalu, kun yeroo diimookraasi asitti argannee dha. sa'aati kudha tokko ta'uuf daqiiqaan digdamni ni hafa, daqiiquma digdamaaf malee hanga ammaa sa'aatiin kudhanuma keessa jira. Sirrii dhaa, obboleessoo wuud? Sirrii dha. daqiiqaan kudhanii hanga dhumutti sa'aatiin kudhanuma. Hundi keessan gammaddaniittuu?

Oh, miira imaluutu natti dhagahama,  
 Miira imaluutu natti dhagahama;  
 Manni koo inni jeennataa ifaa fi haqa,  
 Kanaafuu miira imaluutu natti dhagahama.  
 Oh, miira imaluutu natti dhagahama,  
 Miira imaluutu natti dhagahama;  
 Manni koo inni jeennataa ifaa fi haqa,  
 Kanaafuu miira imaluutu natti dhagahama.

182 Faaruuwwaan durrii kan akkasii jaalattuu? Faaruu yeroo durrii kan faarfanni ni jira ture, waayee, "faanchoo fi dhiifansaa Isaa na argate, achittis dureen ganamaa ni baate." Jedhuu. Sun maalii, obboleetti Gaartee? Mee haa ilaalu, maal inni , obboleesso Neenilee? Ilaalaa, wanta wayii, " faanchoo fi dhiifansi Isaa na argate, ifaa fi dureen ganamaa narratti ifan ." Uh, Huuh, Eeyyee, "Fannoo Isaa keessatti." Kanaratti faaruu nuuf bani , obboleetti. Kan, " fannoo Isaa ladda." Jedhuratti. Garana koottaa. Oh, isa kana baayee nan jaaladha. Meeqa keessantu faaruuwwan durrii kan nama kakaasan jaalataa? Haaluma feetanii utaaluun yookaan bugi- bugi gadi bu'uun faarfachuu ni dandeessu. Isa kana naaf kennaa, faanchoo fi dhiifansi Isaa na argate kan jedhu haa faarfannuu. Eeyye, sirrii dha, amma faarfadhaa.

Yesuus, fannoo Isaa ladda na kaaye,  
 Burqaa jaalatamaan sun,  
 Lagni fayyuu sun ,hundaafuu bilisa,  
 Kan tabba kaalvarii keessaa yaa'u.  
 Fannoo Isaa keessatti, fannoo Isaa keessatti,  
 Ulfinni koo yoomifuu haa jiraatu;  
 Hanga lubbuun olbutamte koo ,  
 Laga gamatti boqattutti.

[Obboleessoon, Biraanhaam sagalee xinnoo faarfachuu eegale, " fannoo Isaa ladda."] oh, hammam midhaagaa!itti yaadaa! Fayyisaan jiraachuu osoo baate, maal ta'a turee? Sagalee waaqayyoo kan osoo qabaachuu baannee hoo? Waaqayyoo osoo isin waamuu baatee hoo? Uumamuu biyya lafaatiin dura osoo dursee isin beekuu baatee fi isin akka namoota kaawwanii addunyaa keessa osoo jiraattanii hoo? Isa ni jaalattu turee? Ooh , waaqa koo! Tajaajila bor ganamaa hin irraaffatinaa sa'aati sagaliif walakkaatti.

Fannoo Isaa keessatti, fannoo Isaa keessatti,  
 Ulfinni koo yoomifuu haa jiraatu;  
 Hanga lubbuun olbutamte koo ,  
 Laga gamatti boqattutti.

183 Amma, faaruu , "Iddoon bakka burqaa sanaatti." Jedhu nuuf banaa. Faaruu gaariin durrii kun," iddoon bakka burqaa sanatti jira." Meeqa keessantu sana beeka? " Iddoo , iddoo, eeyyee, iddoon ni jira, bakka burqaa sanatti." Amma yommuu faarfattan, karaa seera qabeessa ta'een, hunda keessaniin walgahaa, obboleessa sana wajjiin harka walqabadhaa. Beektuu, hundaafuu iddoon ni jira, warra Meetoodistootaafi iddoon ni jira, warra cuuphaatiifis iddoon ni jira, warra peenxeqosxeellee iddoon ni jira, faaruu durrii kana meeqa keessantu beekaa? Ooh, gaarii dha. gaariin keessan namoota duriiti, faaruun kun as keentukii keessatti yeroo durrii kan faarfamee dha.

Iddoo,iddoo, (mee harka wal haa qabannuu), Eeyyee, Iddoon keenya jira,  
 Bakka burqaa sanatti iddoon siif qabame jira;  
 Gola, gola, eeyyee golli siif qabame jira,  
 Bakka burqaa sanatti iddoon siif qabame jira.  
 Oh, iddoo, iddoo, iddoo gahaan ni jira,  
 Bakka burqaa sanatti iddoon siif qabame ni jira;  
 Oh, iddoo, iddoo, eeyyee, iddoon ni jira,  
 Bakka burqaa sanatti iddoon siif qabame ni jira.

184 Amma, wanta dinqisiisaa xinnoo wayii isiniif qaba. Wabiiwwan dhiyeenya kana lallabamanii fi macaafonni fi wantoonni hundinuu torbee dhufu, walgahii irratti karra gamaa waldichaatti gurgurtaaf ni dhiyaatu. Teepponnii fi wantoonni hundinuu, barreeffama gaariidhaan dhiyaatanii jiru. dareewwan duubaa keessatti xarapheessa irratti , barreeffamoonni, lallaboonni fi barreeffamoonni haarawa ta'an macaafota keessatti dabalamanii, isaan haarofti sirreeffamanis, hundi isaanii sagantaa tajaajilaa galgala Roobii dhufuutti karra waldichaa gamasitti gurguraaf ni qophaa'u. waaqayyoo wajjiinis yeroo gaarii ni qabaanna jennee yaadna. Amma, mee, ni waaqeffannaa. Amma, dhukkuboota keessan fi madaawwan keessan waamaa, as akka dhufaniif xalayaa barreessaafi, nuti immoo. . . Waaqayyoo humna olaanaan nu dhaggeeffata. Battaluma kanattis akka raawwatu ni abdana.

185 Amma, hunda isaani rakkoo xinnoo akka qaban kan beeketti dhaqee jira. Wanta kamiyyuu adeemsaan ala yoo ta'e, yaadadhaa, yeroo darbe isinitti himee jira, sirreessuu akka qabnuu fi akka sirreessines jechuu dha. hafuurri addaa kan kanaan dura as hin jirree beekuu keessan nan beeka. Ilaaltanii? Sirriidha. Kanaafuu, akka deemu sirumaa hin eeyyaminaafi. Gooftaa Yeesus Kiristoosiin fuulduraatti isin gaafadha, hin eeyyaminaafi. Qabadhaatuma asuma turaa. Ilaalaa, wanta hundaa sirreessaati qabaa, wajjiinis turaa. Isin warra maati tokkooti. Obboleessa keessan yookaan immo obboleetti keessanii mi wanta hamaa kan hojjate, hafuura seexanaa sanatu isaanitti gale malee. Ilaalaa, Inni dhaqee . . . obboleessa yookaan obboleettiidhaan dhiifama haa gaafatu gidduu isaanii kan seene seexana ta'uu isaa beekuun. Akkasumas yaada badaa of keessaa yoo qabaattan, hatattamaan of keessaa baasaa, sababni isaas, wanti badaan akka isinitti dhagahamuu waan godhuuf. Eeyyee , ni godha, kanaafuu irraa fagaadhaa. Yaadadhaa:

Iddoon ni jira, iddoon, iddoo gahaan,  
 Warra Meetoodistootaafis iddoon ni jira,  
 Warra cuuphitootaafis, warra Pireesbiyaretootaafis iddoon jira,  
 hundaafuu iddoon ni jira;  
 Iddoo, iddoo, eeyyee, iddoon ni jira,  
 Bakka burqaa sanatti iddoon siif ni jira.

186 Meeqa keessantu faaruu isa yeroo durii yommuu gargar gallu faarfannu, kan, " Maqaa Yesuusii of harkatti qabadhu, yeroo gaddaa fi cinqii; gammachuu fi badhaadhina siif kenna, bakka deemtan maratti Isa qabadhaati deemaa?" jedhu beeka. Obboleessoo Jeefarsan fi obboleetti Jeefriis fi ijoolleen gama sana jirtan, osoo nu wajjiin turtani baayee hawwina ture. Sana boda, " Maqaa Yesuusiitiin jilbiiffachuun, luka Isaa irratti kufuun ( Ooh, Koo!) mootii mootota jeennata keessaa ulfeessuu qabna, yommuu adeemsi keenya goolabamutti. Maqaa Yesuusii qabadhaa, akka ittisaa keessanitti Isa qabadhaa; akkasumas guyyaa hamaan yommuu dhiyaatu,maqaa qulqulluu sana harganaa. " Oh, sana baayee jaaladha, Maqaa guddaa Yesuusiin. Mee amma, faarfachuuf sirnaan haa dhaabbanu. Gaarii dha.

Maqaa Yesuusiin of biratti qabadhaa,  
 Isa daa'ima gaddaa fi cinqii ta'e;  
 Gammachuu fi tolaa isiniif kenna,  
 Qabadhaa, bakka deemtan hundaatti.  
 Maqaa jaalatamaa, O hammam mi'aawaa!

Abdii biyya lafaa fi gammachuu jeennataa;  
 Maqaa jaalatamaa, (O, maqaa jaalatamaa)  
 O hammam mi'aawaa!  
 Abdi biyya lafaati fi gammachuu Jeennataa.

187 Kun xinnoo wanta adda ta'ee dha. mee amma mataa keenya naamusaa gadi qabnee, harka keenya isa tokko olkaafnee akkana akkana haa jennuu:

Maqaa Yesuusiin mataa keenya gadi qabnee,  
 Luka Isaa irratti kufnee,  
 Mootii moototaa Jeennata keessaa Si ulfeessina,  
 Adeemsi keenya yommuu goolabamu.  
 Maqaa jaalatamaa(maqaa jaalatamaa),  
 O hammam mi'aawaa!( O hammam mi'aawaa!)  
 Abdi biyaa lafaati fi gammachuu jeennataa.  
 Maqaa jaalatamaa(maqaa jaalatamaa),  
 O hammam mi'aawaa!( O hammam mi'aawaa!)  
 Abdi biyaa lafaati fi gammachuu jeennataa.  
 Mataa keenya akkuma gadi qabneen akkana jenna ...

[Obboleessoon Biraanhaam sagalee xiqqoon hummm jedhe, "Maqaa Yesuusii of biratti qabadhaa."]



[www.messagehub.info](http://www.messagehub.info)

Kan Lallabame  
**William Marrion Branham**  
*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*